مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# مفاهيم الجمال
## رؤية إسلامية
أسامة القفاش

# HUBANNOO BAREEDINAA AKKA ILAALCHA ISLAAMAATTI


**Qopheessaan:**
Usaamaa Al-Qaffaash


**Hiikaan:**
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri


Finfinnee - Iṭiyoọpḥiyaa 2021

# مفاهيم الجمال رؤية إسلامية

## أسامة القفاش

# Hubannoo Bareedinaa Akka Ilaalcha Islaamaatti


## Qopheessaan:

## Usaamaa Al-Qaffaash

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri



*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2021 G. C**

**DF-E-TrBs-21/84**

## Baafata

**Mata Duree** **Fuula**

**Seensa: Ilaalcha Islaamummaan Aartiiwwan irratti Qabu**…………………………………………………….........3

**Aartiiwwan Dhageettii**…………………………………..........31

**Aartiiwwan Argaa (kan ijaan Ilaalaman)**……………….......46

**Aartiiwwan Argaa Dhageettii**……………………………......71

**Aartiiwwan Afaanii (Qooqaa)**……………………………......93

Bismillaah Arrahmaan Arrahiim

Maqaa Rabbii Tola Oolaa fi Mararfataa ta'eetiin (eegala)

**Seensa: Ilaalcha Islaamummaan Aartiiwwan irratti Qabu**

Aartiin Islaamaa maali? Yeroo ilaalcha amantiin Islaamaa aartiiwwaniif qabu irraa dubbannu, gaaffiin kun ka'uun isaa waan hin oolle. Wanti baay'ee na rifachiise, gaaffii guddaa kana namoonni hedduun akka gaaffii bu'uuraatti fudhachuu dhabuu isaaniiti.

Namni hunduu aartii miidhamaa gara warra Dhihaa irraa cunqurfamni guddaan irra gayee fi irra gayaa jiru kana baraaruuf, ykn immoo aartiin kun sirritti bareedaa fi miidhagaadha jechuun ibsuu irratti yeroo fixu. Namoonni gariin aartii kanaaf amala ykn mallattoo adda isa godhu isaaf daangessuuf tattaafatu. Garuu isiin dhugumatti dimshaashawaa fi kan waliigalaati. Kan adda isii godhu yoo jiraate jechoota cimdii ergaa daangeffamaa hin qabne kan yeroo fi bakkee hundatti akeektu, kan waan hundaa ibsituudha.

Akka yaada kiyyaatti rakkoon jiru, gonkumaa gaaffii cimaa kana kaasuu dhabuu fi akka waan gaaffii dhokataa inumayyuu hin argaminii wayiitti fudhachuudha. Kuni immoo akka waan aartiin Islaamaa hundeen isaa citee, wantoota naannoo isaa jiran kamiiyyuu waliin hariiroo hin qabneetti fudhachuudha. Diraamaa Islaamaa kan Televiziyoonaan dhiyaaturraa wanti ani yaadadhu: namni Muslimaa nama gaarii, nagaya-qabeessa, nama obsa qabuu fi amanamaa tahee yoo agarsiifamu, faallaa kanaa immoo namoonni Muslima hin tahin namoota

gadheewwan, kanneen dhugaatii macheessaa, qumaaraa fi dubartoota qofa jala deeman tahee agarsiifamuu isaati.

Kuni ilaalcha sirrii miti. Namoota gaggaarii gama tokko qofa qabsiifnee (gama keenya), namoota gadhee tahan immoo gama kaan (gama nama nu hin ta'inii) kaayuun sun ilaalcha dadhabaadha. Haala kanaan diinummaan jidduu qaamolee kanneen lamaanii jiru yoomiyyuu dhuma hin argatu. Kuni tapha kubbaa, garee isa tokko duwwaa baasuuf jecha isa cabsuu, xinneessuu fi guutumatti isa dhabamsiisuuf taphatamuudha. Rakkinni sammuu doofaa nama isaan ala jiru hunda xiqqeessuuf (miidhuuf) yaaluudha. Kunis jechaan isa waraanuun gochaanis akka inni kufu yaaluudha.

## Aartiin Islaamaa Maali?

Mee gaaffii kana addaan qoqqoonnee haa ilaallu. Hubannoo sirrii hin ta'inirraa fagaannee yoo ilaallu, aartiin maqaa yoo tahu Islaamummaan immoo ibsa maqaa taha. Akka galmeen jechoota Al-Feeyruuzii ibsutti, Fanni (aartii) jechuun haala waan wayii, ykn fakkeenya waan wayii jechuudha. Heddumminni isaa Funuun ykn afnaan taha. Kana jechuun aartiin (fanniin) qoodama ykn bareedina waan hundaa jechuudha. Nama garee garetti addaan qoqqoode akka jechuu fa'a.

Hiikni waliigalaa kan namni hundi aadeffate kuni, hiika jechoota irratti waliigalamee keessaa isa tokkorraa kan fudhatameedha. Jechi sunis jecha bareechifachuu jedhuudha. Kanarraa fudhatamee jechi Fanni (aartii) jedhu qoodiinsa

bareeda wantoota ykn hojiiwwan babbareeda tahan ittiin ibsinu, hojiiwwan bifa bareedaa, miidhagaa fi hawwataa tahan ittiin ibsinuudha. Gituma kanaan jechi afaan Ingiliizi fi Faransaayiin (arti) jedhus hiikuma kana fakkaatu ibsa. Jechi (Artisan) jedhus jechuma (art) jedhurraa kan madde yoo tahu hiikni isaas nama waa hojjatu ykn ogeessa gosa hojii wayii jechuudha.

Kanaafuu, hundeen jecha (Art) jedhuu maqaa waliigalaa wantootni gosa hojii tahan, wantootni babbareedaa fi miidhagaa ta'an hundi ittiin ibsamaniidha. Doktor Lamyaa'a Al_Faaruuqiinis yaaduma kana deeggarti. Akka ilaalcha isiitti hundeen dhimma aartii muuziyemii dhimma warra Dhihaati; aadaan (qaroomni) Islaamaa aartiiwwan bareedinaa fi aartiiwwan gosa hojii addaan hin baasu (ijuma tokkoon ilaala) jetti.

Hundee jechoota Artisan, Artist jedhuu yoo uf duuba deebinee ilaalle, jechi Artisan jedhu jecha Artist jedhu dursee kan argameedha. Hiikni bu'uuraa kan jecha Art jedhuu gosa artii namni hunduu hojjatu uf keessatti hammata. Kana jechuun aartii jireenyaan wal-qabataa tahe kan namuu keessatti hirmaatu, kan eennumayyuu uf irraa adda hin baafne hammata jechuudha.

Kanaafuu nama aartii hojjatu jechuun, nama hojii hojjatu san dhala namaa hundaaf dhiyeessu, kan ilma namaa kana fayyadu, kan hojii isaaniif bu'a-qabeessa tahe hojjatuuf jechuudha. Namni kun nama aartii addaa wayii kan iddoo

namarraa kophaa tahe ykn Muuziyeemiif haa dhiyaatuuf hojjate caalee argama.

Daaw'iif (muuziyemiif) waa olkaayuun hundeen isaa waan san hawaasa bal'aa irraa adda baasuudha. Kophaa baasuun kuni akka waan mana yaalaatti dhukkubsataa tokko isa biraa irraa adda fooyuuti; akka namni fayya-qabeessi tokko namoota dhukkubsattoota, qaama hir'uu fi namoota rakkinoota addaa qaban jibbuu fi carraa ufii isaanirratti laallatuutti (tafaa'ula ilaallatuutti) fakkeeffama. Kanaafuu kophaa baasuun kun bu'uuraawwan qarooma beekkumsa warra Dhihaa keessaa isa ijoodha.

Gosa gosatti qoqqooduu fi addaan fooyuu. Addaan baasuun kun gosa lama qaba: tokko qaama jibbamaa tokko isa jaalatamaa irraa addaan fooyuudha. Addaan baasiinsi akkanaa kun mana yaalaa fi mana sirreessaa (mana hidhaatti) mul'ata. Akkasumas ummatoota addunyaa kana garii akka ummatoota qaroomanii, isa kaan immoo akka ummatoota wallaaloo doofaatti qoqqooduu fa'a.

Qoonni inni lammataa immoo wanta bareeda gaarii tahe tokko, waan fokkotaa jibbamaa tahe irraa adda baasuudha. Qoonni kun falaasama muuziyemii fi iddoolee magariisa (green area) gamooleetiin kan wal-qabateedha. Muuziyeemiin mana hidhaa bareedinaati. Wanti inni godhameef, qaama fokkisaa biraa kan bareedina saniif gatii hin kennine irraa adda isa baasuufi. Muuziyeemiin aratiiwwan kamiituu, waan addaa kan geengoowwan wantoota sadarkaan gadi bu'e kan aartii saniif

gatii (iddoo) hin kenninee fi kan isa hin qayyabanneeti jedhamee fudhatama.

Ilaalchi waa addaan qooduu fi kophatti baasuu kun jecha aartii bareeda jedhamuun ibsama. Aartiin kunis kan gamoowwan bareechu, kan muuziyeemii keessatti kunuunfamuu fi itti fayyadama irraa kan tikfamuudha. Kunis ilaalchuma Girikoonni durii dhala namaa kana gara wallaalaa fi gooftaatti itti addaan qoqqoodde san calaqqisiisa. Kana jechuun ani namaa oli, namoonni biroo duubatti hafoodha jechuu agarsiisa. ilaalchi aartii akkanatti hubachuu kun, gadaa haaroomsaa (renaissance era) keessa ifa tahaa dhufuun, yaada artistiin namoota biraa irraa kan adda tahe jedhu waliin hidhata qaba. Ilaalchi kunis ilaalcha Kilaasiikota Giriikotaa irraa ergifatameedha. Gadaa san keessa artistiin waa uumuu fi fakkii (ibsa) waan wayii kaayuu keessatti gaheen isaa baay'ee guddaa fi hayyoota falaasamaa fi xiinxalaa irraa wanti adda isa godhu hin jiru jedhamee fudhatamaa ture.

Beekkumsa fudhachuu diduu fi beekkumsa Islaamessuu irraa yoo kan haasofnu tahe, waa hunda dura ilaalcha kana hubachuun, osoo sirritti qorannee addaan baafnee hin hubatin irratti ijaaruu (irratti hundaa'uu) dhiisuu qabna. Yoo hubannoo fi qorannoon ala sochoone akka nama mana bu'uura (hundee) malee ijaaruuf ykn akka nama uf eeggannoon ala waa gubbaa koruuf deemuuti.  Kuni immoo akka walaleessaan kun jedheen walitti nu fakkeessa:

Ijaarsi manaa yoomuma guutama laata

Yoo waan ati ijaartu inni biraa kan diigu tahe

Warroonni Dhihaa qaroomasaanii kan bu'uuressan ilaalcha wal-faallessan garuu kan wal-fudhachuu dandahan hunda addaan baasuu (addaan kutuu) irratti. Ilaalcha waa walitti madaqsuu kana dhabamsiisuun kun, akkuma Ni'oom Chomiskii kitaabasaa '*waggaa 501 lolli ittuma fufa'* jedhu keessatti ibsetti bu'uura ilaalcha koloneeffattummaati.

Akkuma gubbatti dubbanne, gadaa dammaqinaa (haaroomsaa) keessa, hayyoonni mul'ata Girikii durii kan hundee ilaalchaa fi beekkumsasaanii tahe qorachuun waan haarayaa miti. Haala kanaan hubannoo bareedinaa jaarraan sun qabu deebifachuu danda'u waan ta'eefi. Kun immoo haaroomsaa fi qaroomni durii walitti hidhata qabaachuu fi ilaalchi Girikootaa fi Roomaanota durii itti fufaa ta'uu mirkaneessuun danda'amaa dhufe.

Kanaafuu gara hundee durii (bu'uuraatti) deebi'uun hundee haaroomsaati. Nutis kitaaba kana keessatti kanuma qorachuu, ifatti baasuu fi wantoota dhokatan hunda irraa haguuggii saaquudha. Kunis beekkumsi deebi'uu malee akkuma jirutti waa garagalchuu miti jechuudha.

Uf duuba deebi'uu kana keessatti jalqaba sammuu keessa kan yaa'u, gahee jireenyaa kan aartiin jalqaba gadaa Islaamummaa keessatti taphataa tureedha. Kana jechuun, artistiin durumaa nama ogeessa hojii hawaasummaa wayii raawwatu, kan hojii san bifa guutuu fi bareeda taheen galmaan gayuudha jechuudha. Ogummaan tumtuu sibiilaa, ogummaan ijaarsaa,

fakkii bocuu, mukarraa waa tolchuu, kun hunduu gosa hojiiti. Isaan kun hunduu artistoota (ogeeyyota) jireenyaaf jecha hojii kana hojjataniidha malee kan ogummaa san namarraa ol fageessuuf ykn daawwannaaf olkaayuu qofaaf hojjatanii miti.

Akka hiika afaaniitti, namni Choomeskii jedhamu kitaabasaa 'Afaanii fi sammuu' jedhu keessatti akka ibsetti 'aartii jechuun kalaqa guyyaa guyyaanii kan jireenyaan hidhata qabuudha' jedha. Kalaqa nama hundaafuu banaa tahe, inumaayyuu kan nama hundarrattuu dirqama ta'eedha. Nama hundaaf banaa ta'uu fi dirqama ta'uu kana keessa garaagarummaa fi addaan citiinsi argama.

Carraan nama maraaf banaa ta'uun, namuu gosa hojii isaa san keessatti Aartistii (ogeessa aartii) akka tahuuf isa gargaara. Akka yaada Choomeskiitti, hiikaan addaa afaan aartiif kenne keessaa tokko isa kana. Nama maraaf (hundaaf) banaa ta'uu jechuun, dandeettii keessaa kan kennama addaa namni tokko qabu jechuudha. Kalaquun, kalaqa san miidhagsuun, san booda gara ogeessa cimaa kalaqa saniitti jijjiiramuun carraa nama hundaafuu banaa ta'eedha. Dirqamummaan immoo kan dhufu, ilaalcha hojii bareechuu jedhu, hojii qulqulluu hojjachutti nama kakaasuu fi itti nama yaamuu irraa madde. Hadiisa keessatti Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhan "Tokkoon keessan hojii hojjate san akka bareechu (qulqullummaan akka hojjatu) Rabbi jaalata". Bareedumni ibsoota Rabbiin guddaa homtuu Isatti hin fakkaanne ittiin ibsamu keessaa isa tokko. Abbaan Umaamaa-Rabbi isarraa haa jaalatu-, Ergamaan

Rabbii ﷺ akkana jedhan jedhe: “Rabbi Bareedaadha, waan bareeda jaalata”. Qur’aana keessatti Rabbi akkana jedhe:

وَأَحْسِن كَمَآ أَحْسَنَ ٱللَّهُ إِلَيْكَ ۖ ﴿٧٧﴾ القصص: 77

*[Akkuma Rabbi tola sitti ooletti, atis tola namatti ooli] (Al-Qasas:77)*

Kana bu’uura godhachuun, aartistii jechuun, nama waa hojjatu, nama hojii isaa kamiyyuu bareechee dalagee bakkaan gayuudha. Faallaa kanaa kan ta’e immoo ilaalcha Aartistiin nama addaa, kan waa kalaqu, kan namoota biraa irraa adda ta’e jedhuudha. Ilaalchi kun ilaalcha ilma namaa kana Rabbiin godhuuti. Kunis yaada Rabbi qaama nama hundaa keessa waan jiruuf, namni sunuu Rabbi jedhutti amanu.

Wal-dhabiinsa Aartistii waa hojjatuu fi Aartistii waa kalaqu jidduu jiru kan burqaan isaa aartii jireenyaan wal-qabataa nama hundaaf banaa ta’ee fi aartii daaw’iif olkaayamaa namarraa fageeffamaa ta’ee keessatti; iddoon garaagarummaan jiru ilaalcha koloneeffannaa nama addaan fooyu kan namoota garii dhabamsiisee, gabroonfatee, eenyummaa isaa irraa fudhachuu irratti hojjatuu fi ilaalcha bal’aa nama hunda ufitti hammatu, kan garaagarummaan jidduu namaa jiru akka jireenyi hin dhabamneef jecha akka guddatuu fi dagaagu deeggaruudha. Ilaalchi kunniin lameenuu, gosa/bifa aartii dursa hojjatamuu qabuutiif fakkeenyummaa mataasaanii qabu.

Namoonni hedduun aartiin uumama ibsa jedhu. Dubbiin kana hunda salphaa miti. Namni aartiin uumama ibsa jedhe, ilaalcha

namni waraqaa adii qulqulluu ture, booda waan naannoo isaatti isa marsee jiru dinqisiifachaa dhufeeti. Kunis ilaalcha koloneeffannaa kan sammuun namaa tun waraqaa adiidha, akka feenetti waan barbaanne irratti bocuu ni dandeenna jedhuuti. Aartistiin uumama ibsu, nama seenaa dabre hin qabne, kan eenyummaas, muxannoo xaxaas ta'ee, seenaa dabres hin qabne. Gabaabumatti inni nama lubbuu fi nafsees hin qabneedha.

Kanaafuu, ilaalcha warra Dhihaa kan hundeen isaa Girik ta'e biratti, Aartistiin kan Rabbiin ibsuudha. Inni waan gabbaramu (waaqa) bifa ilma namaatiin bocee, amaloota ykn bifoota ilma namaa itti dabalee, Rabbiin fakkeessuuf yaala. Kanaafuu wanti Aartistiin kun hojjatu waan Rabbi hojjate fakkeessee hojjachuudha.

*Joon Roobert*i jecha oomishuu/ hojjachuu (to produce) jedhu duuka bu'uun hundee isaa yeroo ibsu, inni jecha laatiinii *producer* jedhu irraa dhufe jedha. Hiikkaan isaa dhokata/dhabama irraa waan mul'ate. Kana jechuun waan argamuun isaa malu qabatamaan argamsiisa jechuudha. Gahee hayyoonni falaasama Kiristaanotaa kanneen amantii Kiristaanaa fi ilaalcha Aristootil kan eenyummaa Girikii deebisuu jedhu wal-simsiisuuf taphatanis Rooberti ibsee jira. Ilaalcha gadaa dammaqinaa kan nama waa kalaqu jedhu kan gocha waa kalaquu Rabbirraa gara gocha dhala namaatti jijjiires dubbatee jira.

Kana keessaa wanti ijoon nu ilaalu, hiikni/ergaan jecha 'hojjachuu' jedhuu guddataa dhufuun sadarkaa Aartistii

jechuun nama waa uumu, kan addunyaa kana bifa adda ta'een hubachuu danda'u, hubachuu qofaa miti, bocuus kan danda'u jechuu gayuu isaati. Kanaafuu akka yaada kiyyaatti, aartiin akka ilaalcha warra Dhihaatti kan uumama ibsu osoo hin taane, inumaayyuu bu'uurri isaa waaqa (uumaa) ibsuudha, kunis yaalii uumama kana deebisanii kalaquuf yaaluu irraa hubatama. Kunis ilmi namaa kun mootii hawaa kan homtuu isa mormuu hin dandeenne waan ta'eef, waan fedhe nama fedhetti bakka fedhetti dalaguu mirga qaba yaada jedhu qabu.

Bocni/soodduuwwan Girikootaa fi Roomaanotaa ilma namaa kan ibsanii miti. Kan isaan ibsan haala/waan ilmi namaa fakkaachuu ykn ta'uu qaba jedhanii yaadaniidha. Innis fakkeenyummaa akka ta'uu fi kan wanti hundi isarratti madaalamu ta'uudha. Garuu dhugaan jiru, akka *Liin Baayer* jettutti, ilmi namaa kun adda adda, bifaa fi amalaanis, inumaayyuu keessi isaas osoo baqaqfamee namni hundinuu gara gara.

Ilaalchi biraa immoo fakkeenyummaan isaa kan duraa ilma namaati, hundeen boca aartii isaa nama, kaayyoon isaa nama, wiirtuun isaas nama kan jedhuudha. Kanaafuu moodeelli inni irraa ka'uu fi kan inni itti deebi'u dhala namaa, kan mootii uumama hundaa ta'ee fi kan Rabbi dachii Isaa keessatti bakka bu'aa taasiseedha. Kanaafuu ilaalchi kun ilma namaa hunda gammachiisuu, isa qananiisuu fi hojii itti fayyadamuu fi ittiin jiraatu keessatti kabaja guddaa isaaf kennuuf tattaafata.

Nyaanni foon waddii kan iddoo gurgurtaatti dhiyaatu, yeroo kuduraan adda addaa moggaa isaa naqamee, timaatimni,

corqaan, qullubbiin adii fi kkf itti ida'amee namaa dhiyeeffamu, gocha ogummaa (aartii) ija namaa hawwatuudha. Bifa saniin dhiyaachuun nyaata sanii, afuura isaa urgaayaa godhee, mi'aa isaas dachaa dabalee, akka namni gorora yaasu nama taasisuun, a'oon namaa wal-rigee, alanshuuf qophii akka tahu taasisa. Garuu nyaannummaan kun (foon waddiin kun) osoo si'eessitoota kanniin maddii hin naqin dhiyaachuu danda'a. Garuu akka nyaata isa jalqabaa san miira keenna kakaasee, qaamolee garii qirqirsee baay'ee nu hawwatuu dhabuu danda'a.

Fakkeenyi kun akka fakkeenya nama bareedina namummaa isaa irraa addaan bayee hin ilaalamu jedhuu fi akka fakeenya bineensa nyaanni isaaf fedhii garaa guuttachuu qofa waan ta'eef afuurri foonii fi argamuun isaa qofti isa gororsuu fi hawwachuuf gahaa ta'eeti. Ogummaan (aartiin) akkanaa kan wantoota jireenya keessatti argaman hunda keessa jiru kun, kan hojiiwwan ilmi namaa raawwatu hunda keessatti argamu kun ilaalcha beekkumsa Islaamawaa jedhu kan adda godhu isa kana.

Kana bu'uura godhachuun amma gara kutaa dhumaa kan gaafii guddicha seensa kitaaba kanaa irratti kaasnetti deemuu dandeenya. Gaaffiin kunis gosti ogummaa (aartii) Islaamummaan karaa godhe isa akkamiiti? Amalli (bifti) isa adda taasisu kan akka inni kutaa uf danda'aa ta'ee akka argamu isa godhu maali? Gaaffiin amalli (bifti) aartii Islaamaa keessa jiru maal fakkaata jedhu kun gaaffilee hedduu kanneen seenaa ogummaa kanaa fi sadarkaa isaatiin wal-qabatan

heddutti nu geessa. Akkasumas amala aartii Islaamaa kana isa biraa irraa adda isa godhuu fi amaloota inni irratti bu'uureffame fa'as kaasuu danda'a.

Islaamessuun sila amala seenaa dabreen wal-qabate kan turtii yeroo murtaa'e wayii qofaati moo? Yoo akkas taha ta'e yeroon murtaa'e sun yeroo kami? Yeroon sun yeroo qaroomni Islaamaa dandeettii waa kalaquutiin guddatee muummee gayee ture sani moo? Yeroo amantiin Islaamaa babal'atee biyyoota heddu qaqqabe moo? Yeroo taateewwan kanaan booda jiruudha?

Moo Islaamessuun waan iddoon walitti hidhata qabu tahee sababa saniin iddoo wayii qofaan kan wal-qabateedha? Gaaffiin iddoon wal-qabachuu kun akkuma gaafii turtii/yeroon wal-qabatuuti. Moo Islaamessuun amala gocha wayiitiin wal-qabate tahee, gochi wayii kan isaan walitti hidhamu jiraatee, gochi biraa immoo kan isaan walitti hin hidhamne, kan ittis hin dabalamnetu jira jechuudha?

Moo Islaamessuun kun amala raawwataa irraa madduudha. Kana jechuun amala gocha sanii fi mallattoolee addaa inni qabu osoo hin ilaalle, namni gocha wayii raawwate yoo Muslima tahe, gochi sunis gocha Islaamaati jedhamaa? Gaaffileen kunniin hundinuu gaaffilee dur durii irraa ka'aa turaniidha. Tattaaffiiwwan dirree kanarratti taassifamanis hedduudha. Deebiiwwan gaaffilee kanaaf deebifamanis hundinuu sirrii fi kan fudhatamas qabaniidha.

Deebiiwwan gaaffilee kanniiniif dhiyaatan gara gara ta'uun isaanii iftoomina dhabuu hin agarsiisu; Kan inni agarsiisu dirreen ogummaa aartii kun amallan inni calaqqisiisu hedduu fi kuufama guddaa qabaachuu isaati. Kun immoo ogummama tokko gama iddootiin, gama yerootiin, gama gocha raawwatamee fi qaama gocha san raawwateetiin yeroma tokkotti ibsuu danda'uu keenna agarsiisa.

Fakkeenya yeroo (gadaa wayii) yoo fudhanne, hedduun namoota aartii Islaamaa irraa haasayanii, bara qaroominni Islaamaa muummee kalaqaa itti dhaqqabe irraa haasayuun fakkeenya sanii biyyoota hedduu maqaa dhayanii jiru. Bahaan biyya *Samarqad* irraa kaasee hanga Dhihaan *Qurxubaa* gayutti, Kaabaan *Ishbiiliyaa* kaasee hanga Kibbaan *Tumbuktuu* gayee, *Kaayiroo* keessa bayee, *As-fahaan, kuraasaan, Yaaniyaalooqaa, Istaanbulii* fi kanneen biroo gayutti irraa dubbatanii jiru.

Kana jechuun, mormitoonni turtii yeroo akka daangessaatti filatan, iddoo fi baay'ina keessatti bifa lammataa (amala biraa) kan addummaa amala ijaarsa isaanii raggaasisu keessatti arganiiti.

Namni ykn gareen iddoo irratti gar-malee xiyyeeffatanii *Andalusiin, Masriin, Morokoo, Turkii, Iiraan,* akkasumas *Samarqadii* fi kanneen biraa irraa haasayan, wanti ija isaanii hawwatee sammuu isaanii hate, addaaddummaa fi bareedina addaa iddoowwan sunniin hundi qaban ilaaluun, ilaalchi isaanii guutumatti amaloota addaa bakkeewwanii fi yeroon qaban irraa sammuu isaanii hatee waan argameef.

Aartii barreeffama Arabiffaa keessatti gochi kan ifatti mul'atu tahuun beekamaadha. Barreeffamni kunis gama afaanii fi bareeduma qubeelee Arabiffaatiin gama bociinsaa fi hojiitinis jaarraalee jalqaba dhufiinsa Islaamummaa irraa eegalee utubaaleen isaa kan lafa seene waan taheef, Oomishamaa fi gochis hunderraayyuu amantii Islaamaa waliin hidhata guddaa qaba. Kanarraa kan hubannu gochi iddoo (bakkee) bira kutuu isaa agarsiisa.  Oomisha *Ibnu Maqlaa* Bagdaaditti, akkasumas oomisha *Abdullaahii Haashim* Istaanbulitti, *Haakim Muhammad Ibraahiim* Masrirraa, *Hilaal Al-Abbaasiin Iraaqirraa*; kun hunduu bifa oomishaa fi gocharraa kan burqeedha. Qoonni 'Raawwataa gochaa" jedhu immoo bifa haaraya haga dabre seera-qabeessummaa hin arganne, waan argatus natti hin fakkaatu.

Jechi Aartistiin Muslimaa tokko aartii Islaamaa hojjata jedhu jecha hanquudha. Sababni isaas akka waan Islaamummaan amantii waraqaa eenyummaa namaa irratti gosa hojii wayii qofa barreessee agarsiisa, saniin booda amaloonni oomishummaa fi gochaa abbaa waraqaa eenyummaa san irraa akka waan fudhatamuutti ilaala waan taheefi. Amantiin Islaamaa aqiidaa jireenyaa fi ilaalcha beekkumsaa guutamaa fi amantii waan hunda uf keessatti hammatu kan kutaalee jireenya ilma namaa isa keessatti jiraatanii hunda takka takkaan keessa seeneedha. Kanaafuu amantiin nama waa hojjatu ykn ogeessa wayii amantii biraa tahuu danda'a. Garuu qaroomni bareedumaa kan namni sun hojjate sun aartii fi hojii amantii Islaamaa ta'uunsaa waan gaafii namatti ta'uu miti.

Bifuma kanaan, ammas ‘raawwataan gochaa’ akka bu’uura qoodiinsaatti akka hin fudhanne kan nu godhu: ilaalcha beekkumsa Islaamawaa keessatti aartiin waan jireenyi argamsiise waan taheef, dhala namaa kamiifuu banaadha. Kanaafuu namni kamiyyuu carraa Aartistii tahuu ni qaba. Inumaayyuu hojjataan kamiyyuu hojii isaa bareechee hojjachuun dirqama waan taheef, namni kamiyyuu aartii qopheessuuf carraa gahaa qabaachuusaa agarsiisa.

Haala kanaan bifti (amalli) addaa kan Aartistii jechuun nama addaati; ilma namaa kamiinuu wal-hin fakkaatu ilaalchi jedhu sun ni hafa. Kun immoo qoonni ‘raawwataa gochaa’ jedhu si’aa’ina isaa akka dhabdu taasisa. Sababni isaas raawwataan gocha aartii kan akka nama addaatti ilaalamu sun, gara nama hedduu fi baay’eetti jijjiiramuun qaama waa hojjatu hundaafuu carraa dirree hojii isaanii keessatti kalaqa cimsuu fi hojii raawwatan bareechuu dirqama waan irratti taasiseefi.

Amallan addaa iddoon, yeroon, gochii fi raawwataan gochaa qaban eega ibsinee bira kunneen booda, bu’uurri amalli Islaamessuu irratti hundaa’u ilaalcha beekkumsaa kan kallattiiwwan jireenyaa hunda uf keessatti hammatu, kan qaamolee/namoota biraa hunda ufitti fudhatuu fi inumaayyuu seera jireenyaa wal-guutiinsa qabu jalatti akka jiraatan kan nama dirqu ta’uu isaa hubanna.

Akka ilaalcha keennaatti amalli Islaamessuun qabu amala ijaaramaa kan amallan iddoo fi yeroo bira kutaa ta’eedha. Akkuma ummata Islaamaa jechuun nama dhugumaan Rabbitti amanee fi hin amanin, kan Muslima tahee fi kanneen

Kiristaanota ykn Yahuudota kitaaba Rabbii kennamanii fi namoota seera ittiin bulmaata ummataa hunda uf keessatti hammatu, amalli Islaamessuu kunis namoota amala ijaarsaa isiin uf keessatti hammattutti amanee hojiiwwan isaa hunda keessatti irra deebi'ee oomishu hunda uf keessatti qabata. Kunis qaamni oomishu sun mallattoo waan san oomishe tahuu akka agarsiisuu fi fakkeenyummaa oomishni sun ittiin beekkamu akka inni tahu isa godha.

Akka ilaalcha keenyaatti amallan addaa Islaamessuu adda godhan: -

1) **Jireenya**- Hojiin aartii Islaamaa kutaa jireenyaa keessaa isa tokko. Akkuma olitti dubbanne, amantiin Islaamaa hojii hojjannu kamiiyyuu sirritti bareechutti nama ajaja. Akkuma *Aliin Izzat* kitaaba isaa '*Islaamummaa jidduu Bahaa fi Dhihaatti'* jedhu keessatti ibsetti '*Ilmi namaa namummaa fi iccitii isaa hojii aartii keessatti argate'* jedhe. Kana jechuun gama biraatiin, hojiin aartii jireenyaa nuti shaakallu kan naamusa keenya salphaa irraa gara wal-xaxaatti, naamusa baratamaa irraa gara nama barateetti kan ol fuudhuudha. Hojii ogummaa/aartii kanatu nama nu godhee akka nuti hojii keennatti bohaarru nu taasisa. Kanaafuu akkuma hojiin aartii jireenya keenya keessatti dabalaa deemuun kutaa jireenya keenyaa irraa ta'aa dhufutti, sadarkaan namummaa hojii sanii dabalaa deemuun hojiin sun hojii Islaamaa ta'aa dhufa. Kunis hojii bareedinaa dhaaba manaa halluun bareechuu fi hojii miidhaginaa kubbaayyaa dhugaatii bishaanii fa'a halluu/fakkii adda addaatiin miidhagsuu, ykn kobbee ittiin barreessan

bareechuu, ykn saanii waa itti nyaatan miidhagsuu, ykn ifaa ibsatan miidhagsuu keessatti addaan hin jiru. Kana jechuun keenya hojiin aartii kun gosa hojii dhaabbataa ta'ee qofa raawwachuu qaba jechuu osoo hin taane, hojiin aartii kutaa jireenyarraa adda hin baane tahuu qaba malee, waan namarraa adda baafamee itti fayyadama dhala namaa irraa fageeffame tahuu hin qabu jechuu keenya.

2) **Akkaataa Qindoominaa**- Hayyuun biyya *Faransaay* kan beekaa saayinsii, hawaasummaa fi Falaasamaa tahe, *Edjaarmoraan* akka jedhutti, walakkeessi jaarraa Diigdammaffaa tuqaa jidduu addaan bayiinsa saayinsiiwwaniiti jedha. Yeroo kanatti saayinsiiwwan kan bu'uureffaman muummeewwanii fi qulqullaayuu irratti; akkasumas murteessitootaa fi taateewwan ji'oogiraafii mormuu, loojikii makaanikii jireenya ilma namaa iratti hojitti jijjiiruuf kan tattaafatu ture. Akka ilaalcha isaatti ilmi namaa tooftaa/daandii haaraya kan xaxaa tahe, kan waa addaan baasee deebisee walitti hidhu, kan diigee deebisee ijaaru isa barbaachisa jedha. Irra deebi'anii bocuun hayyuun kun itti yaamu kun, Islaamummaa keessatti amala sadarkaa guddaa qabuudha. Amantiin Islaamaa gara waa xiinxaluu, gadi fageenyaan yaaduu, waa addaan qoqqoodanii hubachuun saniin booda bifa haarayaan walitti deebisuutti nama yaama. Kunis utubaalee bu'uuraa lamaan kana irratti hundaa'uuni. Isaanis: utubaa waa xiinxaluu fi hojjachuuti. *Muhammad Fu'aad Abdulbaaqiin*, kitaaba isaa '*Al-Mu'ujam Al-Mufahris'* jedhu keessatti, jechi hojii jedhuu fi maxxantoonni isaa Qur'aana kabajamaa keessatti yeroo Dhibba tokkoo fi Saddeet

(108) dubbatame jedha. Gochi/hojiin gocha Rabbii tahus, jechuun kan namni ajaja Rabbiitiin hojjate tahus, gochi namni hojjatu sun gocha bareeda ykn fokkisaa tahus, yeroo hundaa gochi/hojiin adeemsa waa ijaaruuti.

Qur'aana keessatti jechi 'Xiinxala' jedhu immoo yeroo Kudha Saddeet (18) dubbatame. Innis adeemsa waa addaan diiganii hubachuu fi gadi fageenyaan yaaduuti. Walumaa galatti, adeemsa bociinsaa jechuun waa addaan diiganii walitti deebisuu, addaan baasanii irra deebi'anii ijaaruun kun amala bu'uura isa addaa kan Islaamummaan qabdu keessaa isa ijoodha.

Yeroo hundaa adeemsa guddaa kana keessatti dimshaashni, ida'ama salphaa kutaalee isaa irraa walitti qabame caala. Kutaan irra dedeebi'u ykn mootiivaan hojii kana keessatti gahee guddaa taphata. Kunis mootiivaa argaa kan akka miidhagsa *Araabsiik* ykn mootiivaa dhageettii kan akka muuziqaa fi walaloo ykn mootiivaa diraamaa kan akka seenaalee fi oduulee durii fa'a keessatti.

3) **Gabbara Rabbii**- amantiin akkuma kanaan dura dubbanne, mul'ata jireenyaa walii galaa hunda qixxisa. Amantii Islaamaa keessatti hojii bareechuu fi sammuu ufii hojjachiisuun (ittiin xiinxaluun) dirqama jireenyaa fi amantiiti. Islaamummaan bifa ibaadaatiin (kadhannaatiin ykn gabbartiitiin) kan isiin ifa taatu hubannoo waan hojjatan saniin Rabbitti dhiyaachuu fi hojii saniin Rabbitti harka kennachuuti, kunis jaalala Isaa kajeeluu fi tola-ooliinsa (Rahmata) Isaa ittiin barbaadachuufi.

Hojiin aartii jireenyaa kun, amantii Islaamaa keessatti gosoota ibaadaa (Rabbiin gabbaruu) keessaa isa tokko. Kanaafuu aartiiwwan maqaa Islaamummaatiin ibsaman kan akka: Qur'aana qara'uu, tajwiida isaa eeguu fi barreeffamni Arabiffaa gosoota ibaadaa keessaa isa tokko; akkasumas hojii guddinaa fi olta'iinsa Rabii waan hunda ummee agarsiisuudha.

Islaamummaa keessatti aartiin Rabbiin guddisuudha, bareedumaan Rabbi faarsuudha. Aartiin waan bareeda irraa gara Rabbii guddaatti nama ceessisa; Kaayyoon isaas jireenya keessatti bareeduma bocuu fi hawaa kalaqa Rabbii waan hunda uumee tahe kana xiinxaluun gara Rabbiitti dhiyaachuudha.

Amallan sadiin asii olitti tarreessine kunniin jalqabumarraayuu ilaalcha bu'uuraa fi utubaa aqiidaa Islaamaa jajjaba taherraa kan burqaniidha. Ilaalchii fi utubaan sunis Toowhiida (Rabbiin tokkochoomsuu) dha. Toowhiida jechuun ibaadaa (Rabbiin gabbaruu) dha. Kana jechuun Rabbii uumaa tahe galateeffachuu, dalagaa gaggaariin hojjachuun Isatti dhiyaachuu fi tola (rahmata) Isaa barbaaduudha. Waa irra deebi'anii xiinxalanii, diiganii deebisuu jechuun ilmi namaa hojii fi ilaalcha isaa irraa itti gaafatamaa ta'uusaa, dachii kanarratti bakka bu'ummaa kan fudhatee amaanaa (waadaa) guddoo dachiin, samii fi gaarren hin dandeennu jedhanii sodaatan nama ufitti fudhate tahuusaa kan agarsiisuudha. Walumaa galatti irra deebisanii bocuun kun jireenya jechuudha; Jireenya jechuun waan isii keessa jiru hunda jaalachuu, waan bu'aa qabu, waan bareeda tahe, hariiroo

walitti dhufeenyaa fi namummaa isii keessa jiru hunda jaalachuu jechuudha.

Gabaabumatti, amalli Islaamummaan qabu mallattoolee sadihiin beekkama, isaanis: jireenya, irra deebisanii bocuun kaayuu fi ibaadaadha. Amallan kunniin sadeenuu yaada/hubannoo tokkorratti ijaaraman; innis toowhiida (Rabbiin tokkochoomsuu) dha. Toowhiida kanarraa safuulee saditu madda; isaanis: itti gaafatamummaa, tola (waliif mararfannaa) fi jaalala. Kun hundinuu mallattoolee Islaamummaa aartii keessatti ifatti mul'atuuf ijaarsa waliigalaati. Akkuma addummaan Islaamummaan qabu kunii fi mallattooleen isaa ifa bayaa deemaniin, safuuleen sadan kunniinis gara gochaa fi irraa fayyadamaatti jijjiiramaa deemu.

Kanaan booda, akka ilaalcha keenna kan beekkumsaatti, amallan ykn mallattolee aartii addaan baafnee, aartii Islaamaas isa biraa irraa amallan adda godhan armaan olitti ibsinee waan jirruuf, maalummaan aartii Islaamaa maal akka tahe ifa nuu bayee jira.

## Qoodiinsa Haaraya

Yaaddan gubbatti dhiyaatan irraa ka'uun, qoodiinsa warri Dhihaa aartii ittiin qoode saniin wal-adda kan tahe, qoodiinsa haaraya kaayuun barbaachisaa ta'ee nutti mul'ata. Qoodiinsi haarofni kunis mallattoolee/amallan aartii warra Dhihaa kan gubbatti tarreessine kan 'artistiin nama waa kalaqu, ilaalcha aartii namarraa kophaa baafamee, aartii fi gosoota hojii jireenyaaf namoonni hojjatan addaan fooyuu, ogummaawwan

kalaqaa kan guyyaa keessa jireenyaaf namoonni hojjatan tuffachuu fa'a irraa kan adda tahe ta'uu qaba.
Aartiiwwan warra Dhihaa jahanuu ilaalcha kanarratti kan fuulleffatee fi artistiin nama adda tahe yaada jedhu kan handhuura godhateedha. Kanaafuu yaada namni dhuunfaa hojii isaa kan guyyaa guyyaanii keessatti waa kalaqa jedhu hin fudhatan. Ilaalcha hojiin tokko hundeef jiraata jedhu hiddaan lafa qabsiisuu irratti xiyyeeffatu. Kunis hojiin sun ulaagaalee irraa barbaadamu guutee ykn hojiiwan biraatiif fakkeenyummaa tahuu danda'eetii miti. Akkasumas hojiin kun jireenyaan wal-qabataa, akkaataan caaseffamasaa fi haalli inni gabbara Rabbii waliin hidhata itti qabaatu hirreega keessa hin galfamu.

Kanaafuu bifa haarayaan irra deebinee aartiiwwan kana qoqqooduun dirqama tahee jira. Qoodiinsi kunis bifa bareedina harka dhala namaa hundaan hojjatameen addunyaa arguu dandeennuun tahuu qaba. Qur'aana qara'uu (dubbisuu) fi tajwiida (seer-luga) isaa eeggachun aartiidha. Mana bareechuu, boca adda addaa (design) kaasuun aartiidha, ijaarsa gamoolee fi manniinii aartiidha. Oduun durii, seenessuu fi tooftaaleen ergaa afaaniin walii daddabarsuu dhaloota durii irraa dhaalaman hundi aartiidha.

Haala kanaan aartiiwwan kana akkaataa isaan miira keennarratti taatee argamsiisuu danda'aniin qoodutu nutti mul'ate. Kana kan bu'uura godhanneen immoo Qur'aana keessatti keeyyata akkana jettu tana irratti bu'uurreeti:

وَلَا تَقۡفُ مَا لَيۡسَ لَكَ بِهِۦ عِلۡمٌۚ إِنَّ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡبَصَرَ وَٱلۡفُؤَادَ كُلُّ أُوْلَٰٓئِكَ كَانَ عَنۡهُ مَسۡـُٔولٗا ﴿٣٦﴾

**الاسراء: 36.**

*[Waan beekkumsa isaa hin qabne keessa hin seenin. Gurri, ijji fi onneen guyyaa san (guyyaa qiyaamaa) irraa gaafatamuuf jiru] (Al-Israa'a:36).*

Kana bu'uura godhachuun aartiiwwan gara aartii dhageettii, aartii argaa fi aartii argaaf dhageettii walitti qabatu jechuun addaan qoqqooduu ni dandeenna.

Aartiin dhageettii cufuma waan dhageettii namaa irratti waa argamsiisee, gurris dhageeffatee uf keessatti hammata. Fakkeenyi isaa: Muusiqaa, sirba, Qur'aana dubbisuu fa'a. Qur'aana dubbisuun (qara'uun) aartii mataa isaa danda'eedha. Kunis jecha Ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu)* ragaa godhanneeti: {*Wanti hunduu waan isa miidhagsu qaba; miidhaginni Qur'aanaa saglee bareeda*} jedhan.

Aartiin argaa immoo cufuma waan ija keenna hawwatee, ijji irratti xiyyeeffattee, yeroo dheeraaf ilaaltee, onneenis jaalatte uf keessatti qabata. Kunis aartii ijaarsa gamoolee, aartii suuraa kaasuu, boca adda addaa bocuu fi aartii iddoo magariisa fa'a bifa addaatiin qopheessuu uf keessatti qabata.

Aartiin argaa fi dhageettii kan ijaa fi gurra walbira hawwatu immoo waan gurri dhagayee ijjis ilaaltu kan sababa saniin onneen jaalattu qabata. Isiin tun aartii waa heddurraa walitti qabatameedha, Muuziqaan, sirbi, Qur'aanni fi Hadiisni

Ergamaa Rabbii kana jalatti ramadamuu danda'u. Aartiiwwan gosa kanaas iddoo lamatti addaan qoonne. Inni duraa aartii odeessuu (waa himuu). Inni kuni seenessuu fi geerarsa, namoota hawaasa birratti bebbeekkamoo qabata. Aartiin inni lammaataa immoo aartii sosochiiti. Innis akka bu'uuraatti akkaataa ragada Suufiyyootaa uf keessaa qaba.

Kana booda akkuma asiin olitti jenne afaan (qooqni) utubaalee amantii keessaa isa jajjaba tahuu fi Muslimootaaf hundeelee Islaamaa keessaa isa bu'uura ta'uusaa agarre. Sababa kanaaf gara aartii afaanii yoo dabnu kan dubbifamu kan ijaanis ilaalamee ija hawwatu ykn kan dhageeffatamee dhageettii irrattis taatee argamsiisu agarre. Aartiin kunis aartii gochaan adda taateedha. Kana jechuun gochatu amala/mallattoo addaa aartiin kun qabuudha. Isa kanas iddoo lamatti qoonne. Inni duraa: aartiiwwan jechootaa, inni kunis walaloo (gosoota isaa hunda waliin) fi hiikkaa afaan tokkorraa gara isa biraatti. Inni lammataa immoo aartii kobbeeti. Inni kuni barreeffama Arabiffaa ilaala. Kunis tooftaalee fi akkaataa isa itti barsiisan hunda uf keessatti hammata.

## Adeemsa

Qoodiinsa kana irratti hundaa'uun, ergaalee sasalphaa muraasa, kanneen namoonni bocoota harkuma ufiitiin bocan deebi'anii akka hin gabbarre sodaaf jecha fakkii kaasuu ykn boca adda addaa bocuun haraama ykn halaala ilaalcha jedhu san bira kutuu irratti fuulleffanna. Akkasumas ilaalcha sirbi ykn muuziqaan Rabbiin faarsuu (zikrii Rabbii) irraa nama

jeeqa (nama daga) yaada jedhus bira kunna. Ilaalchonni sasalphaan akkanaa kunniin, waa addaan baasanii xiinxaluu fi gadi fageenyaan hubachuu olitti dubbanne kan bu'uura Islaamummaati jenne san faallessa. Kun immoo boolla silaa irra tarkaanfannee kutuu barbaannu keessatti akka kufnu nu godhuun, ilaalchuma silaa sirrii miti jijjiiramuu qaba jennu san keessatti akka uf agarru nu taasisa.
Kanaafuu daangaa waa haraama (dhoorgamaa) ykn halaala (hayyamamaa) godhuu biratti hin dhaabannu. Dhugaa jiru hunda boodaan beekkumsa dhokatee jiru ifatti baasuudha. Kanas kan goonuufis akkuma armaan olitti dubbanne hundeewwan wal-qunnamtii beekkumsaa tokkochoomsuudhaafi.

Sahaabaan Abu Sa'iid jedhamu, Ergamaan Rabbii (nagayaa fi tolli Rabbii irratti haa jiraatuu) akkana jedhan jedhe: "*Rabbi Bareedaa waan ta'eef waan bareeda jaalata, tola gabricha isaatiif oole irratti arguu barbaada*".

Namni *Kureeyb bin Abrahaa* jedhamu 'Abu Rihaanaa akkana jedhu dhagaye' jedhe: Ergamaa Rabbii *(*nagayaa fi tolli Rabbii irratti haa jiraatuu) kan akkana jedhan dhagaye: "*Booniinsa keessaa homtuu jannata nama hin seensisu*". Yeroo kana namni wayii yaa Ergamaa Rabbii ani bareechifachuu **(deemsa, uffannaa fi kophee tolfachuu)** barbaada jennaan, ergamaan Rabbiitis (nagayaa fi tolli Rabbii irratti haa jiraatuu) akkana jedhaniin: "*Suni booniinsaa miti, Rabbi bareeda waan bareeda jaalata. Booniinsa jechuun dhugaa fudhachuu diduu fi nama tuffachuudha*" jedhaniin.

Hadiisni lamaan asiin olitti dhiyaatan kun waliin ta'uun kutaa beekkumsaa cimaa dabarsu. Hadiisa lamaan kan walitti fidu 'Rabbiin uumaa waan hundaa tahe bareeda tahuu fi waan bareeda jaalachuu Isaati'. Jechi 'Rabbi bareeda, waan bareeda jaalata' jedhu kun riqicha hadiisota lamaan walitti hidhuudha. Ibsi hadiisni jalqabaa ittiin ibsame, ibsa jaalalaati. Innis ibsa waan wayitti waa ajajuu ykn waan san namatti bareechuuti. Ibsi hadiisa lammataa keessatti itti fayyadamame immoo ibsa waa irraa nama dhoorguuti 'booniinsi jannata nama hin seensisu'. Kunis ibsa waan san (booniinsa) jibbisiisuu, irraa nama dhoorguu fi seeruuti. Sababni isaa booniinsi gocha fokkisaa fi jibbamaa waan ta'eefi. Bareedumni mallattoo/ibsa Rabbii tahee kan ittiin ibsamu jaalalaa fi tola Rabbi namatti oole san ifa baasuu ykn agarsiisuudha. Kan bareeduma kana dhabamsiisu immoo booniinsa. Innis dhugaa irraa dugda galuu fi ilma namaa tuffachuudha.

Hadiisota kabajamoo lamaan kana keessa mul'anni beekkumsa Islaamessuun bareedumaaf qabu keessatti walitti qabamee jira. innis gocha Rabbiin gabbaruu (ibaadaa) kan gara Rabbiitti ittiin dhiyaatan ta'ee argame. Rabbi bareedaa waan bareeda jaalatuudha. Ammas faallaa kanaa boonuun fi uf dinqisiifachuu jechuun jibbamaa tahuu nu barsiisa. Rabbiin guddaan Qur'aana keessatti akkana jedhe: **ولا تصعر خدك للناس** [Booniinsaaf jecha fuula kee namarraa hin naannessin] kun immoo ifaan ifatti boonuu fi uf dinqisiifachuu irraa kan dhoorguudha. Akkuma kanaan olitti mul'ata beekkumsa Islaamessuu kan bareeduma keessatti dhokatee jiru ifatti ibsine, hadiisonni lamaan kunis mul'atuma san deeggaru.

Qorannoo Ustaazni kabajamaa *Ismaa'il Raajii Al-Faaruuqiin* mata duree '*Toowhidaa fi aartii'* jedhuun gaggeesse keessatti, hubannoo toowhiidaa akka bu'uura ka'umsaatti fudhachuun waa'ee aartii irratti qorannoo dhugaa ifa baasuu fi seenawaa tahe qopheessee jira. Qaroomina adda addaa kaasee mul'anni tokkoo tokkoo qaroomina sanniin duubaan jirus maal akka tahe ibsee jira. Akkasumas jireenyaa fi aartii jidduu hariiroon wal-falmiidhaa akka jirus raggaasisee jira. ammas gahee aartiin akka si'eessituu bareedumaatti ibaadaa irratti qabu, maalummaa aartiin akka hojii fi qaroomina kuusuuf qabuu fi bu'aa qaroomina wal-xaxaas irraa dubbatee jira.

Hojiin aartii hojii dhala namaati ykn hojii namummaati. Bineensa biraatii fi ilma namaa kan addaan godhu ilmi namaa hojii aartii tokko hojjatee dhimma itti bayuu danda'uu fi yaaduu danda'uu isaati. Aartiin waan sammuu namaa keessa yaa'e, saniin booda hojii itti gaafatamummaa qabuudha. Kana booda xiinxala, hojii fi itti gaafatamummaa wal-qabsiisuun dirqama taha.

Dhimmi (iccitiin as jiru) dhimma mukkiin arguu osoo hin taane dhimma bosona arguuti. Kana jechuun dursa maalummaa waan walitti qindeessinuu san addaan baafachuu, akkamitti akka waan san beeksisuun danda'amus gama mallattoolee waloo ta'aniitiin ibsuudha. Fakkeenyaaf dhimma bu'uura toowhiidaa fi dhimma Qur'aana kabajamaa qindeessa kanaaf akka fakkeenya jalqabaatti fudhachuun namni waa hojjatu sun akka qajeelluma isaa jala masakamuu fi akka ifaa isaa (ifaa toowhiidaa fi Qur'aanaa) irraa qabsiifatuuf isa

gargaara waan ta’eefi. Ammas dhimmi biraa, dhimma garaagarummaa ilaalcha warri Dhihaa fi Muslimoonni aartii irratti qabaniidha. Muslimoota biratti aartiin ogummaa jireenya guyyaa guyyaa irraa adda hin baane waan taheef, aartiin akkuma ogummaalee biraa kamiituu gosa hojii biraa irraa adda hin bayu. Akkasumas ogummaan kun kan ijuma qofaan ilaalamu osoo hin taane, xiinxala ykn gadi qabanii ilaaluus uf keessatti qabata.

Ijaan qofa ilaaluun bareeduma waan ilaalluu sanii fi boca isaa kan nutti agarsiisu yoo tahu, gadi qabanii xiinxaluun immoo bareeduma boca san duubaan jiru beekuuf nu gargaara. Dhimmi gosoota hojii birootii fi aartii gargar fooyuu, dhimma sirrii hin tahin, kan biyyoota Awurooppaa keessatti jaarraa dammaqiinsaa (Renesance) keessa mul’achuu eegaleedha. Hunda dura waan Islaamummaa ta’erraa osoo hin dubbanne, jalqaba ilaalcah Islaamummaa qorachuun dirqama.

Bareeduma wayii gubbaa fi keessa isaa arguu qabna; hundeewwan waan babbareedoos beekuu, waa xiinxaluu fi wal-jaalala ilaalcha bareedumaa irraa burqe qabaachutti nama kakaasuu fi dhala namaa hunda waliinuu bareeduma kanatti gammaduu. Dhimma kana ilaalchisee jechi gaariin jedhame, jecha hayyuu *Daawuud Al-Anxaakii* namni jedhamu akkaataa waan bareedaa ilaalchisee jedheedha. Innis “*Waan bareeda jechuun kan yeroo ijji isa arge arrabni Rabbiin faarsuudha*” jedhe. Jechi kun aartiin jireenya tahuu isaatii fi ibaadaadhaan kan hidhata guddaa qabu tahuu isaa kan agarsiisuudha. Waan bareeda wayii yeroo agarru, Rabbii uumaa waan hundaa tahe

faarsuun akkana jenna: ‘yaa Allaah’. Kunis bareedumni sun hedduu nu dinqisiisuu kan agarsiisuudha. Bareedumni akkanaa kan ibaadatti nama yaamu kun (kan yaa Allaah nama jechisiisu kun) bareeduma dhugaati.

Aartiin jireenyaaf kan dhimma itti bayamu tahuusaa jala sararree raggaasisuu qabna. Kunis gama ilaalcha kutaa qindaayaa deddeebi’aa ta’e kan qindeeffamuunsaa kun kutaalee baay’ee guddaa ta’an kan ida’ama waliigala kutaalee sasalphaa caalutti nama geessuutiini. Kutaan akka iddo-bu’ee addaatti walaleessaan biyya Iraaq kan *Al-Haydarii* jedhamu lafa kaaye kutaa ykn jecha Beeyt (mana) jedhuudha. Jechi kun beeyt Ashi’ir (mana walaloo), mana citaa/dunkaana, akka maqaa magaalaattis *Beeyt addeeyn, Beeyt Al-Maqdis, Beeyt Mariin* fi kkf heddu. Jecha kanarraa ka’uun, gahee manni jireenya Muslimaa keessatti qabu irratti yaada dhimma dhuunfaa fi walii-galaa kaasee jira. Yaaduma kana irratti, *Hasan Atturaabiinis* hariiroo cimaa jidduu amantii fi aartii jiru irraa yeroo dubbatu, amantii fi aartiinis waa’ee jireenyaa irraa dubbatu waan ta’eef, isaan lameenuu akeekkii jireenyaa wajjiin hojjatu.

Gaafiin asitti ka’u, artiin Islaamaa kun dhimmoota bocoota adda addaa fa’a gabbaruu irraa akkamitti fagaachuu danda’a? Aartiin Islaamaa gahee jireenya hawaasummaa bal’aa kan namoota dhunnfaa jala hin yaane taphata. Fakeenyi kanaa barreeffama Arabiffaati. Barreeffamni ykn haalli qubeessa afaan Arabiffaa kun, barreeffamnummaan isaatuu bocoota bareedinaa kan baay’ee fooyya’aa dhufan agarsiisa.

Ogeessi/artistiin Islaamaa tokko Shari'aa Rabbii jala deema waan ta'eef, waan bareeda hojjate san akka ufii hin kalaqinii fi akka hin uumin ni hubata. Kan inni godhe yoo jiraate, meeshaalee dheedhitti dhimma bayuun seera Rabbii kan walii galaatiif oolchuu isaati. Hojiin sun dandeettii kalaqa Rabbii agarsiisa. aartiin saayinsiidha; saayinsiin artiidha waan ta'eef, sona jireenyaa aartiin qabu beekuun dirqama. Aartiin Islaamummaa dhimmoota bu'uura hawaasaatiif deebii kenna. Akkasumas yaada gabbaramaan Rabbbiin qofa jedhu gama Mu'uminoota Shari'aa Islaamaa irratti akka gadi dhaabatan godhuutiin fiixa baasuuf kan kaayyeffateedha.

Ilaalchi, ergamaan aartistiidha; kan ergaa san fudhatu hawaasa/daaw'attoota isaati; ergamaan daaw'ataa caala; akka ergamaan (artistiin) kun daangaa isaaf murtaaye keessaa hin baane, akka inni daaw'attoota naamusa hin balleessine qaamni isa gaafatuu fi too'atu jiraachuu qaba yaanni jedhu, yaada namarratti ol ta'uuti. Ilaalchi akkasii kun akka waan hawaasni bal'aan (daaw'attoonni) yaada gadhee fi fofokkisaa naamusa hawaasaa jeequ malee waan gaarii hin fudhanne fakkeessa. Kun ilaalcha addaati.

## Aartiiwwan Dhageettii

Qoqqoodiinsa aartii irratti, aartii dhageettii wanti jenneef, gurratu miira namaa kan sagalee argame wayii fuudhee gara onneetti ergee, onneen immoo sagaleen sun sagalee bareeda ykn fokkataadha jedhee akka addaan qoqqoodu kan godhu waan ta'eefi. Nuti sagaleen sun miira irratti waa uumuu isii akka bu'uura qoodiinsaatti yoo fudhannu, namoonni biraa kan

akka Do*ktor Luwiiz Lamyaa Al-Faaruuqiin* immoo waan sagaleen miirarratti uumu san osoo hin taane, sagalee akka jiddu-deemaa taatee wayii miirarratti uumuutti fudhatuun aartiiwwan sagalee jedhuun yaamu.

Garaagarummaan jiru, sadarkaa dimshaashummaa irratti. Nu biratti, aartiiwwan dhageettii qooda baay'ee bal'aa fi dimshaashawaa waa heddu uf keessatti hammatu kan aartiiwwan argaa fi aartiiwwan argaa dhageettii uf keessatti qabatuudha. Garuu gama biraatiin, aartiiwwan sagalee ykn balaqqa'iinsaa, ykn aartiiwwan sagalee ifaa jechuu hin dandeennu. Sababni isaas sagaleen aartiiwwan dhageettii keessatti jijjiirama/taatee wayii fidu sun aartiiwwan argaa keessatti gita isaa waan hin qabneefi. Kanaafuu moggaasa keessatti aartiiwwan sagalee ykn dhageettii jechuu keessatti wal-dhabbiin hin jiru.

Aartiiwwan dhageettii ulamaa'ota (hayyoota) Muslimootaa kanneen dabranii fi kanneen hammayyaa birattis dameewwan saditti addaan qoqqoodamti. Isaanis: -

- Damee sagalee qulqulluun wal-qabatu – innis kan biyyoonni Dhihaa Muuziqaa jedhanii yaaman kana. Inni ilaalcha beekkumsaa kan ummata hundaa ykn kan qarooma hundaatuu bifa sadarkaalee sagalee fi harkisa (sagalee dheeressuu) hammi isaa wal-caalaa ta'een kan ibsamuudha.
- Dameen lammataa immoo gama raawwii fi miiressuutiin harkisa sagalee fi diddiriirsa isaatti sagalee namaa dabaluun waan amma namni irratti wallii galee sirba jedhee yaamu kana akka uumu taasisuudha.

- Dameen sadaffaan damee Muslimoota qofaan wal-qabatuudha. Innis Qur’aana kabajamaa bifa bareeda taheen qara’uu (dubbisuudha). Kana jechuun dirqama amantii bifa sagalee bareeda taheen bayachuu jechuudha. Hadiisa kabajamaa keessatti, ergamaan Rabbii “Qur’aana sagaleewwan teessaniin bareechaa” jedhan. Hadiisa biraa keessattis, “Wanti hunduu waan isa bareechu qaba, kan Qur’aana bareechu sagalee bareeda” jedhan.

Namichi wayii Ergamaa Rabbiitiin *(nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatu)* akkana jedheen: Ani saglee bareeda sirritti jaladha, Jannata keessa sagaleen bareenni ni jiraa jedhee gaafannaan, eyyeen Rabbii lubbuun tiyya harka Isaa jirtutti kakadhee Rabbi muka jannata keessa jirtu wayiitiin, gabroottan tiyya kanneen Ana qofa gabbaruun zeekkaraa fi faaruu dhageeffachurraa isaan jeeqe sagalee kee isaan naa dhageessisi jedhaan, battalumatti Mukni kun Rabbiin faarsuu fi ulfeessuu keessatti sagalee uumamni kun takkaa hin dhagayin dhageessifti”.

Hadiisni asiin olii kun kan inni ibsu sagaleen bareenni tola Rabbi ganda addunyaa fi boodaattis gabroota Isaatti oolu irraa ta’uu isaati. Inumaayyuu namni **asiratti caldhiinsaan** jeeqame, ganda aakhiraatti faarfannaa fi kabaja Rabbii keessatti sagalee akka isaa takkaa hin dhagayin dhagayuuf deema.

Muslimoota biratti ilaalchi aartiiwwan dhageettii, ilaalcha gochaan hiikkamee jechaan qofa dhiyaatuudha. Sirbaa fi Muuziqaan akka gocha qaroomaa tokkotti ilaalcha ummata

tokkoo kan ibsu ta’uun itti fufuun isaa waan ragaa ykn ibsa barbaadu tokkoo miti. Kan ulamaa’onni (hayyoonni) irratti walii hin galin, ilaalcha dhimmicha gadi bu’iinsaan tokko tokkoon ilaaluuti. Innis dhageeffannaan sirbaa/muuziqaa kun tapha bu’aa hin qabnee fi Rabbiin yaadachuu (faarsuu) irraa nama jeequtti nama geessuu danda’a waan ta’eef, babala baditti nama geessuu dandeettu tana dursuma cufuu wayya yaada jedhuudha.

Qur’aana kabajamaa keessatti keeyyatoonni hedduun, sadarkaa sagaleen bareenni qabuu fi ilma namaa fi Jinnii irratti jijjiirama fiduu kan danda’u tahuu ibsu. Suuraa Al-Jinnii keessatti Rabbi akkana jedhe:

قُلۡ أُوحِيَ إِلَيَّ أَنَّهُ ٱسۡتَمَعَ نَفَرٞ مِّنَ ٱلۡجِنِّ فَقَالُوٓاْ إِنَّا سَمِعۡنَا قُرۡءَانًا عَجَبٗا ١ يَهۡدِيٓ إِلَى ٱلرُّشۡدِ فَـَٔامَنَّا بِهِۦۖ وَلَن
نُّشۡرِكَ بِرَبِّنَآ أَحَدٗا ٢ سورة الجن 2-1

*[Jedhi (yaa Muhammad) wahyiin gareen Jinniidhaa Qur’aana dhageeffatanii; nuti Qur’aana nama dinqisiisu dhageenne jedhan natti dhufee jira. (Qur’aanni sunis) gara qajeellumaatti yaama waan ta’eef itti amannee jirra. Homa kamiyyuu Rabbii keennatti hin yagutoomsinu (idaanu)] ) Suuratu Al-Jinni: 1-2).* Qur’aana dhageeffachuun waan qajeellumatti nama geessu. Qur’aanni matammaan isaa Qur’aana yeroo qaraanu suuta osoo hin jarjarre bareechinee qubee hunda iddoo isiitii baafnee akka dubbifnu nu ajaja. Rabbi akkana jedhe:

يَٰٓأَيُّهَا ٱلۡمُزَّمِّلُ ١ قُمِ ٱلَّيۡلَ إِلَّا قَلِيلٗا ٢ نِّصۡفَهُۥٓ أَوِ ٱنقُصۡ مِنۡهُ قَلِيلًا ٣ سورة المزمل 3-1

*[Yaa kan uffataan uf maru (uf haguugu). Halkan ka’ii dhaabadhu yeroo xinnoo malee. Walakkaa isaa dhaabadhu*

*ykn homa xinnoo (walakkaa) irraa hir'isi. Yookiin itti dabali, Qur'aana osoo hin jarjarsine suuta bareechii qara'i] (Al-Muzzammil" 1-4).*

Qur'aanni kabajamaan aartiiwwan dhageettii keessatti fakkeenya isa ijoodha. Aartiiwwan biraa hunda keessattis Qur'aanni akka fakkeenyaatti fudhatama.

Namni *Assahruurdii* jedhamu, dhageettii dhugaati jechuun Qur'aana dhageeffachuudha jedha. Kunis hiika jecha Rabbii ol'aane kanaati:

وَإِذَا سَمِعُوا۟ مَآ أُنزِلَ إِلَى ٱلرَّسُولِ تَرَىٰٓ أَعْيُنَهُمْ تَفِيضُ مِنَ ٱلدَّمْعِ مِمَّا عَرَفُوا۟ مِنَ ﴿٨٣﴾

سورة المائدة 83

*[Yeroo waan Ergamaa Rabbii irratti buufame dhagayan Ijji isaanii imimmaan kan dhangalaastu argita. Sunis dhugaa waan beekaniifi]. Suuraa maa'idaa 83*

Dhageeffannaan dhugaa kan nama Rabbitti amane keessaa namni lamas irrattis wal-hin dhabne, dhageeffannaa Qur'aanaa kan nama isa dhageeffate gara karaa kheeyriitti qajeelchu kana.

Umar ibnu *Al-Khaxxaab (Rabbi isarraa haa jaalatu)* yeroo keeyyata Qur'aanaa garii bira gayu, imimmaan isa danqee qara'uu fa'a dadhabee lafa dhayee, guyyaa tokko ykn guyyaa lamaaf manatti hafee haga dhukkubsatuu hin oolu jedhanii manatti dhaqanii isa gaafatan takkaa gaya. Qur'aana dhageeffachuun Rabbii arjaa taherraa rahmata (mararfannaa) namaaf argamsiisa. Akkuma kanaan dura jenne, bareeduma jechuun waan arrabni keenna dinqisiifatee Rabbiin faarse wayiiti. Yoo kuni bareeduma biraa keessatti tahe, bareeduma

sagalee Qur'aana bareechuu keessatti dinqisiifannaan arrabaa akkam ta'inna ree?

Kanaafuu Qur'aanni aartiiwwan dhageettiitiif fakkeenya isa jalqabaati. Artistiin yoo aartii sagalee ykn aartii dhageettii bareeda tahe, kan onnee namaa harkisu, kan gara Rabbiin gabbaruutti nama yaamu qopheessuu yoo fedhe isatti dhimma baya. Leellistoonni ciccimoon durii fi ammaa hedduun Qur'aana kan haffazanii (*qomatti qabatanii*) fi sirritti haala dubbisa qubeelee isaa (Tajwiida) kan eeganiidha. San keessaa akka fakkeenyaatti muraasa eeruuf: *Ummu Kulsuum, Qeysaaraa, Abul Alaa Muhammad, Darwiish Zakariyyaa Ahmed, Makkaawii* fi kkf. Qur'aana sirritti dubbisuu danda'uun muuziqaa warra Arabaa kan ilaalcha ummata sanii gama sagaleetiin ibsatuutiif iccitii muuziqaa kennaaf. Haalli ilaalcha ufii sagaleen ibsachuu kunis bu'uurumarraayyuu sagaleewwan saayinsii Qur'aanaa keessatti kan ifa galaa ta'eedha.

Muuziqaan Arabaa akkuma muuziqaa ummatoota kamiituu amallan/haallan ijoo ummata isaa adda godhan ibsachuuf kan dhimma itti bayamuudha. Ummatoota biraa keessaa Muslimoonni akka addaatti fakkeenyi isaanii kan jalqabaa kan aartiiwwan sagalee akka azaanaa, faarfannaa yeroo Hajjii fi kanneen biroos kan irraa burqan Qur'aana irraayyi. Araboonni muuziqaa akka saayinsiitti fudhatu. Tariitii hojiinis wal-qabsiisu. Nama Maskuwiih jedhamu biratti saayinsiin muuziqaa kun barnoottan afran hayyoonni falaasamaa baratuu qaban keessaa isa tokko.

Aartiiwwan dhageeffannaa Araboota biratti kan adda isa godhu yeroo hunda jireenya guyyaa guyyaatiin wajjiin hidhata qabaachuu isaati. Muuziqaan, sirbi, faarfannaan loonii, walaloon, azaanni, Qur'aana sagalee bareedaan seera isaa guutanii dubbisuun fi gosoonni aartiiwwan sagalee kamiituu haala jireenya guyyaa guyyaa kan Muslimaatiin kan wal-qabateedha. Gosoota aartiiwwan sagalee kanniin *Dr. Ismaa'iil Al-Faaruuqiin* 'Handasatu Assoowti' jedhee yaama.

Ergamaan Rabbii nama *Anjashaa* jedhamuun yeroo inni Gaallan haawwonni manaa Ergamaa Rabbii yaabbatanii deemaniif sagalee bareeda gurra namaa hawwatuun geeraruuf akkana jedhaniin: *[Dubartoota gara laafeyyii ta'an kanaaf garaa laafi (tola itti ooli isaan hin daddarbin).*

Aartiiwwan dhageettii Islaamaa kunniin akkuma gosoota aartiiwwan biroo amalootaa fi ulaagaalee aartiiwwan Islaamaa isa jechisiisan hunda kan guutu tahuu qaba. Aartiin dhageeffannaadhaa kan jireenyaan wal-qabate kan gahee jireenya guyyaa guyyaadhaan Muslimoonni keessa jiraatan calaqqisiisu kun aartii barbaachisaadha.

Namni *Ibnu Al-Qeeysarwaanii* jedhamu akkana jedhe: "*Balballi aartii dhageeffannaa kun waan haga asiiti jedhee daangeffamuu miti. Isa keessaa kan Muslimoota fayyadu hundi waan halaala*". *Ibnu Hajar Al-Heeysimiin* akkana jedhe: "Dhageeffannaan kun qooda sadi qaba. Dhageettii ummata bal'aa hubannoo amantii gahaa hin qabnee, inni kun haraama. Dhageettii namoota jaalala addunyaa irraa uf qusatanii, kuni carraaqqii argamsiisa waan taheef hayyamamaadha. Inni

sadaffaa dhageeffannaa namoota beekkumsa amantii gahaa qabaniiti, kuni qalbii/onnee namaa jiraaachisa waan taheef waan jaalatamaa (fudhatamaadha). Kanarraa wanti baratamu, dhageeffannaa kana sadarkaa taqwaa (sodaa Rabbiitiin) fi Rabbiin beekuutiin walitti hidhuu isaati. Bifa kanaan adeemsi isaa kun kan ibsu daandii *'wanti gaariin ykn wanti bareenni akka arrabni tasbiiha (Rabbiin faarsuuf) nama kakaasa'* ilaalcaha jedhu san deeggaruusaa agarsiisa.

Haalli aartiin kun jireenyaan wal-qabachuu isaa agarsiisu karaalee hedduuni. Isaan keessaa: weedduudhan hojjattoonni humnaa weeddifatan, faarfannaa hojjattoonni biiroolee faarsan, sirboota sagantaalee gara garaa irratti qopheeffamanii fi kkf. Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu)* sagantaalee (gammachuuwwan argaman) weedduu fi faarfannaadhaan jajjabeessuu irratti nama kakaasanii jiru. Kana qofaa miti. Ayyaanonnii fi sagantaaleen amantiidhaa weedduu fi faarfannaalee mataa isaanii qabu. Haala kanaan aartiiwwan dhageeffannaa kun jireenya ummata Islaamaa keessatti gahee guddaa taphataa turte, fuuldurattis ittuma fufti.

Karaan inni biraa immoo haala caaseffama ykn bociinsa aartii sagalee kanaati. Amalli kunis kan ifatti mul'atu haala walaleessuu Arabootaa fi warra Bahaa wal-maddii yoo qabnuudha. Muuziqaan warra Bahaa kun kutaa salphaa waan tokko qofarraa walitti qabame osoo hin taane, kutaalee xaxamorraa kan bocameedha. Haalli warra Bahaa kuni kutaalee wal-xaxoo kanaan kan wal-simatuu fi ilaalcha

sagaleessi isaanii hawaaf qabu kan bu’uurumarraayuu ilaalcha warra Dhihaa faallessu san waliin wal-simataadha.

Hayyoota falaasamaa keessaa Abu Hayyaan Attoowhiidiin fa’a akka jedhutti ‘sirbi sadarkaa/kabaja guddaa qaba, muuziqaan wantoota gaggaarii lubbuun namaa qabdu nama keessatti kakaasa, Rabbiin jaalachuu fi isa waliin maqoo taa’uu (kophaa bayutti) nama geessa. Dirree muuziqaa fi sagalee irratti qu’annooleen Araboonni gaggeessan hedduudha. Qu’annooleen kun hunduu Araboonni aartii kana sirritti gadi bu’anii kan qoratanii fi bifa saayinsaawaa taheen namoota biraas kan barsiisaniif irraa fayyadamuuf akka tahe agarsiisa.

Cuunfaan dubbii keenyaa, aartiiwwan dhageettii Muslimoota biratti akkuma gosoota aartiiwwan biroo amaloota jireenyaan wal-qabatuu, caaseffamni isaa wal-makaa fi xaxaa ta’uu fi amala gara gabbara Rabbiitti nama yaamuu qaba. Waan Rabbi karaa godheen taphachuun beektota hunda birattuu dhoorgaa hin qabu. Muuziqaan ykn sirbi beektota garii biratti haraama (dhoorgamaa) kan jedhameef, balbala badii isa duubaan dhufuu dandeettu cufuufi malee, jalqabumarraayyuu hundeen wantoota hundaatuu hayyamamaadha.

Kanarraa ka’uudhaan, geengoon hojii aartii sagalee kun haga eessaa akka tahe beekuu qabna. Muuziqaan sagantaalee irratti taphatamu san waliin akkamitti akaa wal-simatuu qabus beekuu qabna. Gaheen muuziqaan amantii, muuziqaan folokolorii fi muuziqama aadaa sagantaalee irratti qaban maal akka tahee fi akkamitti raawwannaan isaas raawwattoota waliin akka itti wal-simachuu qabuu fi dhiibbaan inni

daaw'attoota irrattis qabu maal akka tahe beekuu qabna. Amantiin Islaamaa duudhaalee bareeduma Arabootaa akka qaroomaatti gara ummatoota biraattis geesse waan taheef, dhiibbaan ykn jijjiiramni muuziqaaleen kunniin ummatoota Araba hin tahin irraanis gayan maal fa'a akka tahanis beekuu qabna.

Hubannoon muuziqaa fi aartiiwwan dhageeffatamanii akka nama muraasa qofa osoo hin taane namoonni hunduu muuziqaa hubachuu qabaniif jecha akkuma jijjiiramoota irrattis fuulleffatu, wantoota dhaabbatoo tahan kanneen hin jijjiiramne irrattis fuulleffachuu qaba.

Hojiin dameelee hunda Islaamessuu akka hojii waa kalaquutti waggoota kurnan hedduuf afaanota Muslimoota qabsaayoo fi gaggaarii tahanii irratti dubbatamaa turte. Haa tahu garuu, hayyoota kanneen keessaa muraasa qofatu damee aartii sagalee kanarratti fuulleffate. Sababni namoonni gariin muuziqaan haraama (dhoorgamaa) jedhaniif, badiiwwan isa boodaan dhufuu danda'aniif balbala banuu diduufi. Garuu kana godhuun balbala dameelee hunda (beekkumsoota faaydaa qaban) Islaamessuu nu harkatti cufa. Inumayayuu beekkumsa faallaa kanaa tahe hordofutti nama geessuun balbala biraa namatti banuu danda'a.

Jalqaba dhufiinsa amantii Islaamaa keessa murtii (hukmii) sirbi qabu irraa yoo dubbanne, beektonni akkuma iddoon isaan jiraatan garagaraa, ijjannoowwan isaaniis wal-adda tahuu argina. Fakkeenyaaf, warroonni biyya Iraaq baay'ee waa jajjabeessu waan tahaniif sirbi dhoorgamaadha jedhu. Garuu

warri *Hijaaz* hawaasa qaroomaa fi magaalaa waan tahaniif ni hayyamu.

Kanarraa wanti arginu, murtii beekaan (aalimni) tokko kennu keessatti iddoon, yeroo fi ilaalchi beekkumsaa walitti hidhata qabaachuu fi murtii san keessatti kan calaqqisan ta'uu isaati. Araboonni warroonni biyya *Iraaq* waa jajjabeessuu guddatan yeroo jedhan magaalota haaraya Muslimoonni Kuufaa fi iddoolee biroo keessatti hundeessan itti fedhan. Warri *Hijaaz* immoo warra eega ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii irratti haa jiraatuu)* ergamaniin booda qaroominaan guddateedha.

Gadaa Islaamummaan duraa (Jaahiliyyaa) keessaatti sirbi sirritti hin guddanne ture. hammi xinnoon jirus weellisa dambalima sagalee tokkoon sosochii muraasa qofa waliin taphatamuudha. Muuziqaan kan guddate gadaa *Abbaasiyootaa* fi *Faaximiyyootaa* keessa. Gadaaleen lamaan kunniin sirbootaa fi aartiiwwan dhageeffataman ilaalchisee, gadaalee qaroominna fiixxee itti dhaqqabeedha. Gadaa *Faaximiyyootaatiin* booda kufaatii qarooma Islaamaatiin wal-qabatee Muuziqaanis dadhabaa dhufe.

Aartiiwwan dhageeffataman kana qoqqoodamiinsa isaa bifa piraamidiitiin yoo keenne, fiixxee ykn gubbaa piraamidii irratti kan dhufu Qur'aana seera isaa guutanii qara'utu dhufa. Sababni isaas Qur'aanni ulaagaa fi fakkeenya dursaa amaloota bu'uuraa aartiiwwan dhageeffannaa Islaamummaa hunda kan tokko godhe waan taheefi. Kuni immoo akka moodeelli (bifti) raawwii dubbisa Qur'aanaa kun raawwillee biroo kanneen

biyyoota Islaamaa hunda keessatti tamsa’anii jiran irratti akka calaqqisu taasise. Kana qofaa miti, biyyoota ollaa biyyoota Islaamaa jiranii fi kanneen fagoo jiran hundarratti calaqqisee argame. Qoonni kun dhuka beekkumsaa cimaa kan tahe; aqiidaa Rabbiin tokkochoomsuu uf keessatti hammata. Kunis dubbii Rabbii (Qur’aana) gama sagaleetiin ummataaf dubbisuuni.

Qur’aana dhageeffachuun dhugaa Rabbirraa tola ooliinsa (mararfannaa) namaa argamsiisuu fi onnee namaa qajeellumaan kan namaaf guutuudha jedhe Assahruurdin. Sababa beektonnii murtee sirbaa irratti wal-dhabaniifis yeroo ibsu, yaada *Sheek Abu Xaalib AL-Makkii* kana dhiyeeffata: dhageeffannaan kun hayyamamaa, dhoorgamaa fi waan (hayyamamaa fi dhoorgamaa ta’uunsaa) walitti namatti fakkaatu qaba. Namni bifa fedhii lubbuu (*shahwaa*) isaa bayatuutiin dhageeffate haraama irratti taha, namni hojjattuu ykn haadha manaa isaa irraa bifa wanti kuni hayyamamaadha jedhuun dhageeffate taphni hin fayyanne isa keessatti waan argamuuf waan namatti wal-fakkaatu keessa seenee jira, namni sammuu isaatiin hiikkaa waan sanii bifa gara Rabbiitti nama dhiyeessuun dhageeffateef halaala taha jedha. Salphamatti akka ilaalcha *sheek Abu Xaalibitti*; dhageeffannaan kun gocha namaa kan waa makataa ta’ee fi fakkeenyi isaa akkuma fakkeenya gochoota ilma namaa kamiitiiyyu. Gochoonni namoonni dalagan kunniin yoo gocha ibaadaa tahe halaala taha, yoo gocha fedhii lubbuu ufii quubsuu (shahwaa) tahe haraama taha jechuudha.

Ijoon dubbii, Qur'aanni afaan Arabiffaatiin waan bu'eef fi jireenya nama Muslimaa keessatti handhuura dhugaa waan taheef, aartiiwwan Islaamaa kanneen dhageeffataman hunda keessatti fakkeenya (moodeela) bu'uuraa isa jalqabaati. *Imaam Al-Gazaaliin* akka ibsanitti dhageeffannaan kun murtima gocha ilma namaa fudhata jedhu. Sababni isaas gochi ilmi namaa raawwatu tokko dhoorkamaa ykn hayyamamaa jechuudhaaf dursa sababa gochi sun raawwatameeftu murtii kana fudhachiisa waan taheefi.

Qur'aanni seera ittiin bulmaataati; qaroomalleedha. Keeyyatoota Qur'aanaa heddu keessatti Qur'aanaan akka dubbannuu fi akka seera isaa hunda goonnee qajeelchinee qaraanu (dubbifnu) ajajamnee jirra. Nama Muslimaatiif Qur'aanni akka warri Dhihaa jedhan san waan kitaaba irratti barraaye wayii qofa osoo hin taane, sagalee keeyyatoota dubbataniiti.

Namni *Abu Qaasim Al-Janiid* jedhamu immoo dhageeffannaa kana nama isa dhageeffatu irratti hundoofnee qoqqoonna jedha. Yoo namni dhageeffatu nama beekkumsa diinii hin qabne tahe haraama irratti taha. Yoo namoota jaalala addunyaa jala fiiguu irraa uf qusataniif tahe, waan carraaqqii ibaadaatti nama kaasuuf hayyamamaa taha, namoota beekkumsa qabaniif immoo filatamaa taha jedha.

*Al-Haysamiin* akka jedhutti namni sirbaan (weellisaan) tokko ragaan isaa irraa hin fuudhamu, dibbee rukutuun hayyamamaadha; garuu meeshaalee muuziqaa biraa rukutuun haraama jedha. *Al-Shoowkaaniin* immoo taphni (sirbi) daangaa

hin qabnee fi rukuttaan meeshaalee muuziqaa dhoorgamaadha, garuu dubartoonni nama biyyarraa turee dhufe tokko simachuuf dibbee rukutuun ni hayyamaamaaf jedha.

*Ibnu Al-Qeeysaruuniin* akkuma ulamaa'ota biroo dhimma/gaaffii kana jala sararree hayyamamaa ykn dhoorgamaadha jechuu hin dandeennu jedha. Dibbee dhayuun sunnaadha jedhee Hadiisota dibbee rukutaa jedhan fa'a dubbata. Garuu hadiisota sirba irraa dhoorgan hin dubbanne. *Ibnu Teeymiyyaan* dhageeffannaan kun geengoo jireenyaa waa heddu uf keessatti hammate waan taheef, ka halaalaattu jira; ka haraamaas jira; kan filatamaa ta'es jira; akkasumas kan hayyamamaa fi dhoorgamaa ta'uun isaa namatti wal-fakkaatee nama dhibus ni jira jedhu.

Murtiiwwan (hukmiin) gubbatti tarreeffame kun hunduu kan ibsu, aartiiwwan dhageeffannaa kunniin akkuma aartiiwwan Islaamaa kamiyyuu haala jireenya guyyaa guyyaanii waliin hidhata waan qabuuf kan hunda uf keessatti hammateedha. Kanaafuu gariin isaa kan halaala tahetu keessa jira. Kan kanaan alatti jiru immoo wantoota namatti wal-fakkaatan keessa ooluun yeroo garii haraama (dhoorgamaa) tahee argama.

*Muhammad Al-Gazaaliin* sirbi dhoorgamaa miti jedha. Kana irrattis kan akka ragaatti dhiyeeffate, haasaya *Ibnu Hazmii* kanneen yaadota sirboonni dhoorgaadha jedhan ittiin mormee Hadiisonni sirbi dhoorgamaadha jedhan sahiiha (hadiisota sirrii/qulqulluu) miti yaada jedhu fudhateeti. *Muhammad Al-*

*Gazaaliin* sirboota kana bakka torbatti addaan qooda; torbanuu dhimmoota gaggaariif waan oolaniif dhoorgaa miti. Isaanis:

- Iddoolee kabajamoo ta'an daaw'achuuf fedhii/kajeellaa iddoo sanii nama keessatti kan uumu;
- Kan dirree waraanaa keessatti namoota faarsee hamilee isaanii jajjabeessee lolatti kakaasu;
- Kan haala dirreen waraanaa tokko itti raawwate ykn itti jiru ibsu;
- Yerooan gammachuu fi gaggaarii ta'an faarfachuun ibsuu;
- Jaalala kabajaa qabu;
- Guddina Rabbii ol ta'ee faarsuu fi
- Nama du'e gaarummaa isaa irraa dubbachuun isa faarsuu,

Aartii dhageeffannaa ilaalchisee cuunfaan dubbii, keeyyanni Qur'aanaa ykn Hadiisaa kan sirbi dhoorgaa jedhu ykn kan meeshaaleen taphaa rukutuun dhoorgaa jedhu hin jiru. Hadiisa '*sahiiha'* keessatti Ergamaan Rabbii fi sahaabonni gurguddoon sagalee dubartoota weellisanii fi dibbeewan rukutamtu dhagayanii garuu irraa hin seerre. Hundeen waan hundaatuu, haga wanti isa dhoowwu dhufutti hayyamamaadha. Wanti amantii, sammuu, qabeenya ykn dhageettii (maqaa) namaa miidhu ykn xureessu hunduu haraama (dhoorgamaadha); waan waa miidhu yoo tahe malee haraamni hin jiru. Namni dhageeffachuun isa miidhaa beeke ykn shakke, waan san dhageeffachuun haraama irratti taha.

## Aartiiwwan Argaa (kan ijaan Ilaalaman)

Aartiiwwan argaa kunniin Islaamummaa keessatti gaafilee adda addaa kan maalummaa kan eenyummaa ykn kan faaydaa karaa godhamteefiin wal-qabatu kaasuu keessatti rakkoolee guddaa uumuun beekama. Aartiiwwan argaa kunniin maal fa'a? Maaliif aartii Islaamaa ta'e? Murtiin (hukmiin) isii hoo maali?

Hunda dura, amantiin Islaamaa jidduu aartii fi gosoota hojii biroo addaan fooyee hin ilaalu. Islaamummaa keessatti bareedinni boca gubbaa isa mul'atu kana bira kutee bareeduma boca duubaan jiru dhaqqaba. Mallattoon aartiin Islaamummaa ittiin beekamu xiinxalaa fi gochaan waan ta'eef, hojii qaroomaa (hojii beekkumsa barbaadu) kan waa heddurraa walitti qabame, kan jireenya keessatti nama waliin wal-fudhatu, kan yeroo hundaa gara Rabbiin gabbaruu, Isa tokkochoomsuu fi Isa beekutti nama yaamuudha. Aartiin kun gocha ykn hojii ilma namaati, akkasumas kan nama bohaarsuudha.

Aartiiwwan kana yeroo qoqqoonnu akkaataa inni miira namaa itti hawwaturraa kaaneeti. Akkasumas jecha Rabbiin guddaan Qur'aana keessatti jedhe isa itti aanu kanas bu'uura godhanneeti:

ۚإِنَّ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡبَصَرَ وَٱلۡفُؤَادَ كُلُّ أُوْلَٰٓئِكَ كَانَ عَنۡهُ مَسۡـُٔولٗا ٣٦ سورة الإسراء 36

[Gurri/dhageettiin, ijji/argaanii fi onneen keessan hunduu irraa gaafatamu] (Al-Israa'u 36).

Kanarraa ka'uun dhageettii, argaa fi onnee ykn sammuu jidduu hidhanni cimaan jiraachuu agarra. Kana jechuun jidduu

nafsee fi ruuhii ilma namaa jidduu hariirota jira. Kaayyoon nuti aartiiwwan kana akkaataa isaan miira namaa irratti jijjiirama fiduu danda’aniin qoqqoonneef, hariiroo qaamolee miiraa jidduu jiran kana hubachuu fi al-gitiinsa (*hanqina ga’umsaa?*) qaamolee kanaa duubaan bareeduma dhokatee jiru kan aartii Islaamaa jennee yaamne san qu’annee irra gayuufi.

Aartiin argaadhaa kun dursa ija keenya irra eega qubateen booda kan inni jijjiirama fidu. Bareedumni ijarra qubate sun ilma namaa kana akka inni waa xiinxalu godhu. Xiinxalli kunis gamasaatiin uumama naannoo jiru kana hubachuu fi Rabbii uumama san uume beekutti nama geessa.

Aartii argaa kana yoo fudhanne, aartiiwwan biyyoota Baha fagoos kanumaan wal-fakkaatu. Fakkeenyaaf: ilaalcha qophii ykn sagantaa shaayii Jaappaanotaa yoo xiinxalla isaa fudhanne, garaagarummaan inni aartii argaa Islaamaa irraa qabu, xiinxalli warra Baha fagoo kun xinnxalumaaf jecha xiinxalu. Bareedumni aartii Islaamaa keessa jiru immoo kaayyoon isaa Rabbii guddaa aartii san akkasitti bareechise sanitti gayuufi. Kanarraa kan ka’e wanti bareenni hunduu nu hawwatee akka nuti Rabbiin faarsinu nu godha. Qur’aanni kabajamaan hojii hojjannu kamiyyuu akka bareechinee hojjannu nu ajaja:

وَلَا تَنسَ نَصِيبَكَ مِنَ ٱلدُّنْيَا ۖ وَأَحْسِن كَمَآ أَحْسَنَ ٱللَّهُ إِلَيْكَ ۖ ﴿٧٧﴾ سورة القصص 77

*[Qooda kee kan jireenya addunyaatis hin irraanfatin. Akkuma Rabbi tola sitti oole atis tola ooli* ) suuratu Al-qasas 77

Waa tolchuu fi bareechuun tola Rabbi nutti oole ifa baasuu fi jaalala Isaa barbaaduudha.

Kanaafuu wanti ijaan ilaalamu kan hojjatamee ykn bocamee akka Rabbiin faarsinu nu taasise kamiyyuu aartii bareeduma argaa jedhama. Naannoon magariisni nama hawwatu kan akka isa keessa deemnee qilleensa isaatiin bashannannu nu harkisu, teessoon mukarraa bifa baay'ee bareedaa fi nama hawwataa ta'een hojjatame kan akka namni *Subhaan Allaah* jedhu nama taasisu aartiidha. Bocni ykn fakkiin bareenni gabaterratti bocame aartiidha. Gamoo fi ijaarsi manaa bareenni aartiidha. Wantoonni naannoo keenyatti arginu kan akka nuti gadi qabiinsaan waan san xiinxallinu nu godhanii fi kan gatii isaan jireenya keessatti qaban akka sammuu keenya keessa yaafnu nu taasisan, kan akkamitti namni waan kana hojjate meeshaa dheedhii irraa miidhagina kana fakkaatu baasuu danda'e kan nu jechisiisan, kan bareedumni waan sanii guddina Rabbii ol'aanaa ta'ee beekutti nu geesse hunduu aartii jedhama.

Aartiiwwan argaa Islaamummaa kana ilaalchisee yaaddan jiran hedduudha. Garuu wantoota (amaloota) baay'ee gosoota aartii kanaa keessatti waloon argaman kan gabatee dhaaba manaa irratti argamu, kan bocaa fi ijaarsa gamoolee fa'a irratti argamuu fi kkf fa'a irratti waliigalamee jira. Amaloota irratti walii galame kana keessaa: ATTAJRIID (Aartii qabatama jiru hin fakkeessine, kan amaloota wantootaa fi dhuka isaa malee wanta bocamu ykn kaafamu sanitti hin dhimmamne), fakkeessurraa fagaachuu, seera ogummaa cimaa ta'e jala deemuu, fakkeenyummaa (kana jechuun yeroo hundaa

fakkeenyummaa dursaa ta’e kan artistiin Muslimaa tokko jala deemuu qabu kan Qur’aanaa fi Hadiisa keessatti yeroo hunda argutu jira). Ammas amalli biraa waan hiika hin qabne irraa dheessuu ykn homa tokko irra deddeebi’uu fi kkf fa’a. Amaloonni tarreessine kun hunduu hundeewwan sadeen seensarratti dubbanne (jireenyaan kan wal-qabate, bocamiinsaa fi gabbara Rabbiitti nama yaamuu) kanaan wal-qabsiisuuf tokko tokkoon addaan baasnee ibsuu nurraa barbaada.

1- **ATTAJRIID[1]-** Qu’attoonni hunduu aartii argaa Islaamaatiif amala addaati jedhanii irratti walii galu. Kana jechuun namni hunduu *TAJRIIDNI* amala Islaamumaa ibsuu irratti walii galanii jiru, garuu sababa isaa irratti walii hin galle. Namoonni gariin waan lubbu-qabeeyyii tahe fakkeessanii kaasuun dhoorgamaa waan taheefi jechuun wanti irraa qulqullaayutti nama geesse waan dhoorgamaa fakkaatu kanarraa fagaachuufi jedhu. Hiikni kun aartii keessatti gara kaayyoo salphaa wal-xaxaa hin ta’iinitti dhiyaata. Kanaafuu suuraa fakkeessanii kaasuun dhoorgaa waan taheef, gara suuraa ergaa fi dhuka boca sanii qofa ibsu kaasuutti haa fuulleffannu jedhu.

Ilaalchi kun ilaalcha salphaa waan hunda uf keessatti hin qabanneedha. Ilaalchi kun mallattoo Islaamummaa dhabamsiisuudha. Sababni kana jenneef, ilaalchi kun ilaalcha rakkinoota kallattii wantoonni qaban qofa irratti fuulleffatuudha malee, walitti dhufeenya hariiroo hawaasaaa,

[1] - Attajriid- jechuun fakkii waan wayii akkuma jirutti bocuu dhiisanii, ergaa dhokataa fakkiin sun uf keessaa qabu irratti fuulleffachuun, isa calaqqisiisuu irratti xiyyeeffachuudha.

wal-xaxiinsa aadaa fi hundeewwan qaroominaa ilaalcha keessa kan hin galchineedha.

Namoonni gariin*Tajriidni* (fakkitti dhimmamuu dhiisanii ergaa fakkii sanii qofa bocuun) tooftaa Aartistiin Rabbitti amane tokko uffata waa uumuu irraa qullaa ta'uun Rabbii ol'aanaa waan Isaan hin malle hundarraa qulqullaayetti gayuuf taasisuudha jedhu. Ilaalchi kun mul'ata Suufiyyootaa qabaatus, amala gara gabbara Rabbiitti nama yaamuu uf keessatti hammatus, artistiin waa kalaqu artistii Muslimaati ilaalcha jedhu irratti kan bu'uureedha. Ilaalchi akkasii immoo akkuma kanaan dura dubbanne, ilaalcha warra Dhihaa kan bu'uurri isaa Girikoota ta'eedha. Ilaalchi artistii kana ija addaatiin akka inni nama waa kalaquutti fudhachuun immoo, yaada amaloota aartii Islaamummaa keessaa raawwiin isaa hunduu kan jireenya guyyaa guyyaatiin wal-qabateedha jedhu san faallessa. Kanuma waliinuu, tattaaffiin *Tajriidaa* kan boca caalaa ergaa boca san duubaan jiru irratti fuulleffachuu fi bareedina hojii Rabbii xiinxalutti kan nama yaamuudha yaadni jedhu, yaada bareedaa fi fudhatama qabu tahee garuu amaloota *tajriidaa* kanneen aartiiwwan Islaamaa keessatti arginu ibsuuf gahaa miti.

Gareen sadaffaan biraa immoo kaayyoon Tajriidaa waa fakkeessanii kaasuu irraa fagaachuuf kan taasifameedha jedhu. Ibsa biraatiin, fakkeessanii kaasuun (hanqina waan taheef) isa irraa fagaachutu gama tajriida bareeda taheetti geesse jedhu. Hiikni kun qabatama jiruuf homaa wanti inni dhiyeesse hin jiru. Fakkeessanii bocuun hin filatamu yaanni jedhu maaliif

babal’ataa dhufe? Akkuma kanaan dura dubbanne suuraa fakkeessanii bocuun haraama yaada jedhurraa maddee?

Akka ilaalcha kiyyaatti, yaanni xinnoo gosa ilaalcha nuti hordofnuutti ni dhiyaata jedhee yaadu; ilaalcha aartii Islaamaa keessatti *tajriidni* boca caalaa ergaa boca duubaan jiru hubachuun akka itti fufuu fi uumaa Rabbii fakkeessanii bocuu irraa fagaachuuf godhame kan jedhuudha. Kun immoo aartiiwwan warra Saamiyyoota tahanii keessatti dhufiinsa Islaamummaatiin durattis kan turee fi dhufiinsa Islaamummaatiin duratti Odoola Arabaa keessatti aartiiwwan bocaman irratti fakkiiwwan adda addaa irratti bocuun kan wal-qabateedha.

Asitti jecha kana sadarkaa lamaan addaan baafnee xinnoo haa hubannu. Sadarkaan inni duraa gama seenaa fi hambaatiin aartiiwwan dhufiinsa Islaamummaatiin duratti odoola Arabaa keessa jiranii fi kanneen Saamiyyoota Muslimoota hin tahin biratti hundee *tajriidaa* kan qoratu yoo tahu, sadarkaan lammataa immoo kan beekkumsaan wal-qabate tahee *tajriida* kana hubannoo toowhiidaa kan ifaan isaa kutaalee addunyaa kamiyyuu dura kutaa Saamiyyootaa ibse kan gadi qabee xiinxaluudha. Qu’ataan seenaa tokko aartiin Fara’oonotaa uumama akkeessuu kan jalqabe bara bulchiinsa Iknaatoon keessa akka tahe ni beeka. Qu’attoonni hedduun kuni kan taheef aartii Gibxii durii irratti lammiiwwan biyya biroo dhiibbaa godhuu isaa agarsiisa jedhu.

Ilaalchi bu’uuraa aartii kana keessa jiru, aartistiin hin beekamne tokko sadarkaa jajjabinaa fi guddina fiixee gayuuf

tattaaffii godhuu isaati. Kunis boca guddaa tahe tokko bocuun, ergaa gubbaa boca sanii cinatti dhiisee ergaa dhokataa inni dabarsuu dandahurratti fuulleffachuun gara ilaalcha olta'iinsaa fi jireenya dhuma hin qabne jiraachuutti gahuuf yaaluusaati. Ilaalchi kun immoo ilaalcha Fara'oonotaa kanneen du'a faarsanii fi jireenya addunyaan booda jiru leellisaniiti. Ilaalchi kun gama Yahuudotaattis ce'uun suuraa kaasuun haraama jechuu eegalan. Kunis Rabbiin akkeessuun dhoorgamaadha jedhu. Akkasumas Masriyyoota (Gibxoota) akkeessuu irraa dhoorguufis dhimma itti bayu.

Fakkeenyaaf gara biyya *Yamanii* yoo deemne, dhufiinsa Islaamummaatiin duratti ogummaa ijaarsa manneen isaanii keessa tajriidni ifatti mul'ata. Bifuma wal-fakkaatuun kutaalee akka Asiir, Abhaa, Hijaazii fi odoola Arabaa keessattis kanuma agarra. *Tajriidni* kutaalee kanneen keessatti arginu kunis haala uumama biyya Gammoojjii kan akka namni waa xiinxaluuf carraa namaaf kennu waliin wal-simata.

Yaada keenya kan *tajriidni* mallattoolee aartiiwwan Saamiyyootaa keessaa isa tokko jedhu wanti deeggaru, ummatoota Saamiyyootaa heddu biratti madaalliin fakkii kaasuudhaa yeroo hundaa geengoo fakkeessuu keessaa kan bayee fi gara waan bocan ykn kaasan san ibsuu keessatti bira dabarsuu fi qabatama (dhugaa) jiruu fi waan hin jirre (kan sammuun namaa hin fudhanne) walitti laaquutti dabutu irraa mul'ata. Kuni tarkaanfii gara abjaayuu fi eega sanii immoo xiinxaluutti geessuudha.

Haaluma wal-fakkaatuun, aartiiwwan fakkii bocuu jalqabaa kan bara Umawiyyootaa keessattis fakkiiwwan dhaaba manaa kan Masjida irratti ykn Masaraa Umar kan biyya *Joordaanitti* argamu keessatti, ykn fiixxee ijaarsa Masjida Aqsaa (Qubbaa) irratti kan argamu, ykn Dhiha *Suuriyaatti* Masara *Al-Kheeyr* irratti kan argamu hunduu wanti inni ibsu akkaataa bociinsa *Biizantaayinootaatiin* injifatamuu agarsiisa. Garuu jaarraalee itti aanan keessatti moodeeliin aartiiwan Islaamaa fakkii qofa osoo hin taane ergaa fakkii sanii irratti fuulleffachuu agarsiisa. Kana jechuun, gadaan *Umawiyyoootaa* qaroomina naannoo isaanii jiru waliin hariiroo qabaachuun moodeelota bociinsaa ollarraa ergifachuu agarsiisa. Garuu babal'ina qarooma Islaamaatiin booda, warraaqsi gara seenaalee bu'uura ufiitti deebi'uu fi dhiibbaa qaroomina ollaatiif bitamuun xinnaataa waan dhufeef, aartiin bociinsaa fakkima qofa akka jirutti kaasuu irraa gara ergaa isaa dhokataa qofa irratti fuulleffachuutti ol guddataa dhufe.

2- **Seera Ogummaa Cimaa Tahe Jala Deemuu-** amalli kun amala qindoominaa fi aartii argaa Islaamummaa keessatti wantoota gama aadaatiin bira dabarfaman cimsa. Amalli kun moodeela isaa kan fudhatu seerota afaanii ciccimoo kanneen Arabootaa fi Muslimoonni afaan Arabiffaa baay'ee xaxaa fi dogonogorootarraa isa tiksuuf uuman irraayi. Akkuma mana rukutuu fi wal-fakkaachuun walaloo aartii argaa keessatti ifatti mul'atetti, seerri jajjabni kunis aartii argaa keessatti calaqqisee argame.

Fakkenyi seerummaa kanaa; hiika afaan Arabiffaa maashaalee (muscles) dhiyoo fi fagoo jiraniif moggaase irraa mul'ata. Hiikni kunis ilaalcha walakkaan maashaa namaa wal-fakkaataadha jedhu kan eegee fi sararri walakkeessi maashaa namaa addaan qoodu kun sarara *insaanaa* (sarara namaa) jedhamee yaamama jedha. Kanarraa ka'uun qaamoleen maashaa garii sarara walakkeessa kanatti dhiyeessan maashaalee namaa yeroo jedhaman, kanneen sarara walakkeessa kanarraa fageessan immoo maashaalee yakkamoo jedhamu. Maqaaleen maashaalee hafaniis kallattii fi boca isaanii bu'uura godhachuun kan moggaafamaniidha. Kanarraa wanti hubannu bocaa fi akkaataan qindoomina kutaalee qaama namaa kun afaan irratti dhiibbaa geessuu isaati, afaanis seeraa fi dhugummaa isaatiin boca qaamolee kana hubachuun akkaataa ogummaa qindoomina qaamolee kanaan kan hubame tahuu isaa agarra.

Gara caalu seerri kun cimee ifatti kan mul'atu, aartiiwwan barreeffamaa, bocootaa fi meeshaalee faayaa gara garaa miidhagsuu fi kkf keessatti. Meeshaalee fi bocoonni kunniin bocoota geengoo, rog-jahee fi bocoota gosa adda addaa kan iddoo fi dhaabbata qaama isaa waliin deemu qaba.

3- **Fakkeenyummaa-** aartiiwwan Islaamummaa hundaafuu fakkeenyi inni jalqabaa Qur'aanaa fi Sunnaa Nabiyyiiti. Qur'aanni fi Sunnaan yeroo hundaa bareedumaa fi waan hojjatan hunda tolchuu fi miidhagsutti nama yaamu. Hojii aartii Islaamummaa keessa yeroo hundaa

fakkeenyummaa Qur’aanaa faana bu’uuf jecha kalaqa ijoo Rabbiin gabbarutti nama yaamutu jira.

Keeyyatoonni Qur’aana kabajamaa suuraa aarrtii irratti fakkeenyota heddu dubbatee jira. Fakkeenyi sunis, fakkeenya aartistiin Muslimaa waa bocu ykn hojjatu tokko gosoota hojii isaa kan akka ifaa adda addaa hojjachuu ykn ijaarsa Masjidaa fa’a keessatti akka moodeelaatti fudhatamuudha. Fakkeenyummaa kanas Minaara Masjidaa kan ogeessi Masjida ijaaru sun akka waan samii dhaqqabee Rabbii Isa uumeen wal-gayuuf hawwee fakkeessee ijaaru irraa arguu dandeenna. Bifuma wal-fakkaatuun mana jireenya Islaamaa yoo fudhanne, moodeela ijaarsa isaa Masjidarraa fudhachuun bal’inni isaa kan hagichaa fi goloota isaa, akkasumas balballi seensa isaa kan Masjidaatiin wal-fakkeessa. Kunis ijaarsi Masjidaa sun Rabbiin gabbaruu fi Isaan wal-qunnamuuf kan ijaarame waan taheef akka fakkeenyummaatti itti dhimma bayama.

4- **Waan Hiika (Ergaa) Hin Qabne Irraa Fagaachuu**- Ogeessi Muslimaa tokko yeroo meeshaa dheedhii ogummaa ufii ittiin hojjatu sanitti fayyadamu, meeshaalee sanniin irraa bareeduma inni qabu kan Rabbi achi keessa kaaye ifatti baasutti amana. Kanaafuu inni yeroo hundaa bareeduma uumamaa fi wantoota isa marsanii jiran keessatti dhokatee jiru ifatti baasuuf tattaafata.

Waan hiika hin qabne jechuun, amantii Islaamaa keessatti aartiin ergaa malee cal-jedhee uumame hin jiru jechuudha. Hawaan kun guutuun isaa uumaa Rabbii kan Isa galateeffatuu fi Isa faarsuun kan guutameedha. Miidhaginni Rabbiin

faarfachuu fi galateeffachuu uumaa sanii immoo bareeduma isa keessa jiru akka arginu nu godha. Kunis arraba keenya akka Rabbiin faarfannaa fi galateeffannaan sosochoofnu nu taasisa. Wanti ergaa hin qabne kan fakkeenya waan tokkoo bocuuf fuulleffateedha. Aartii Girikootaa fi boca gara garaa irraa kan mul'atu kun waan argama hin qabne. Sababni kana jenneefis, hawaan kun guutumattuu fakkeenya bareedumaati. Uumaan kunniin bifootaa fi gosoota ykn amaloota adda addaa qabaachuun immoo uumaan waan kana hunda uume (Rabbi) tokkicha tahuu agarsiisa.

Hojiin boca dhagaa irraa Girikoonni hojjatan sunniin tattaaffii uumaa waa uume ibsuuf taasifamee fi moodeela ulaagaa namni ariifataan lubbuu ufii miidhe wayii kuni fakeenyummaa fi moodeela bareeda jedhee ibsuun bocuuf tattaaffachuudha. Artistiin/ogeessi Muslimaa garuu uumamni kun guutuun ergaaf malee cal-jedhee kan hin uumamin tahuu isaa waan beekuuf, bocni ykn akkaataan uumamaa kun gara gara tahuu isaa irraa bareeduma isa keessatti dhokatee jiru ifatti baasuuf tattaafata. Ogeessa Muslimaa biratti waan hiika hin qabnerraa fagaachuun wal-qixxummaa irraa gara wal-qixxeessuutti deemuudha. Kunis ilmi namaa kun mataa hawaa kanaati, uumama kana keessatti Rabbi isa dachirratti bakka bu'aa taasisee hawaa kanarraa itti gaafatamaa isa godhee, haala inni ajaja Rabbii jala deemee daangaa Isaa bira kutuu baateen, Rabbi uumama hunda isaaf laaffisee jira.

Kanarraa ka'uun ogeessa Muslimaa tokko biratti fakkeenyummaa inni jalqabaa ilma namaa, jireenya isaa fi

uumama naannoo isaa jiran kanneen Rabbii ufii faarfatanii fi galateeffataniidha. Aartiin Islaamaa kun Rabbii hawaa kana guutuu dhabama irraa uume, kan hawaa kanas cal-jedhee bu’aa tokko malee osoo hin taane ergaa gahaaf uume kana karaa ittiin Isa faarfatanii fi Isa ittiin guddisanii kabaja Isaan malu ittiin galchaniifi.

5- **Irra Deddeebi’iinsa-** Addummaan irra deddeebi’iinsa bareechuu kun amala addaa qindeeffamaa kan kutaalee qindeeffamaa salphaa gara kutaalee gurguddaa gatii bareedumaa guddaa qabaniitti jijjiiruudha. Amalli addaa kun moodeelli isaa kan duraa gocha Rabbiin faarsuu fi galateeffachuu keessatti ifatti argina. Moodeela kana keessatti ibsoonni akka Alhamdu lillaah (Galanni kan Rabbiiti) jedhuu fi Subhaan Allaah (Rabbi waan isaan hin mallerraa qulqullaaye) jedhu irra deddeebi’iinsaan dubbatamuun keessoo nama hundaa keessattuu muuziqaa iimaanaa uuma. Aartistiin Mu’uminaa wanni Rabbi uume hunduu Rabbiin faarfachuu fi galateeffachuu isaanii waan beekuuf, gochi deddeebi’iinsaa kan kutaa salphaa tokko gara kutaa xaxaatti jijjiiru, gocha Rabbiin gabbaruuti, gocha qindeeffamaadha, gocha jireenyaan wal-qabate kan bu’uurri kaayyoosaa haala uumama salphaa (kutaa bareechuu) ykn seera salphaa (kutaa bareecha ogummaa) bira kutuun duudhaa namummaa xaxaa (bareedumatti gayuuf jecha walitti qindeessu), gara sadarkaa guddaatti qaqqabsiisuun, saniin booda Rabbii uumaa waan hundaa tahe beekuu ta’etti gayuuti. Rabbiin beekuun immoo hojiiwwan Islaamummaa hunda keessaa hojii mataadha.

Amaloota aartii argaa Islaamummaa bifa gabaabaan eega ibsineen booda, hunda isiituu gara amaloota aartii Islaamummaa agarsiisuu kan akka: jireenyaan wal-qabataa, qindaa'aa fi gara Rabbiitti nama yaamuu uf keessaa qaba eega jennee garasitti irkifneen booda, namaafis faaydaa qaba, Rabbiin galateeffachuu fi faarfachuu uf keessatti hammata jennee jirra. Kana booda wanti hafe, gaafilee murtii aartii argaa ilaalchisee ka'aniif deebii kennuudha. Gaafiin kunis, artiin kun hayyamamamaa (halaala) moo dhoorgamaa (haraama) kan jedhuudha. Gaafiin kun gaaffii sammuu namoota hedduu keessa yaa'uudha. Keessattuu beektota dhimma aartiitti dhimmaman.

Rakkoon jiru, namni hunduu aartii argaa kana irraa qolachuuf/ittisuuf tattaafata. amantiin Islaamaa suuraa kaasuu/bocuu haraama hin goone jedhee irraa qolata. Kun immoo akka waan himata baname wayii ufirraa qolachuu ykn waan dhugaa fi dharti isaa namatti wal-fakkaate wayii namaaf ibsuu fakkaata.

Dhimmichi baay'ee salphaadha. Halaallis, haraamnis ifa galaadha. Amantiin Islaamaa irraa qolachutti hin hajamu, amantii qaroomaadha jedhanii isaaf falmuus hin barbaadu. Waan hunda keessattuu hundeen waan sanii hayyamamaadha haga dhoorkamaadha wanti jedhu ifatti dhufutti. Namni dhoorkamaadha jedhe, jechi isaa sun sirrii tahuu ragaa fidachuun isarraa eeggama.

Adeemsi aartiin argaa kun hayyamamaadha jedhanii nama amansiisuuf taasifamu, kan fakkii kaasuun ykn bocuun wanti

dhoorgameef namatu yoo karti tun banamte namni akka durii sanitti bocoota adda addaa gabbarutti deebi’a sodaa jedhuuf dhoorgame yaanni jedhu ilaalcha dadhabaa sammuu namaatiin qoosu, sammuu namaa tana dadhabduu homaa murteessuu hin dandeenye godhanii fudhachuudha.

Amantii Islaamaa keessatti kan dhoorgame fakkeessuudha. Kana jechuun Rabbii waa uumetti fakkaachuuf ykn Isa akkeessuuf yaaluu fi Rabbiin malee Rabbiin biraa ni jira jedhanii yaaduudha. Ilaalchi kun akkuma dur ibsaa turretti, ilaalcha aartii Girikootaa keessatti dhuka godhatee jiruudha. Sunis ogeessi waa bocu tokko Rabbiin akkeessuuf yaala. Seenaan Nabiyyii immoo Hadiisotaa fi ijjannoolee waan nuti jenne kanatti qajeelchaniin kan guutameedha.

Aartiiwwan argaa ilaalchisee hundeewwan beekkumsa qarooma gurguddoo sadeenii yoo wal-maddii qabnee ilaalle; aartii bociinsa Girikootaatiif sararri ykn wal-qabsiiftuun jidduu tuqaalee hundee beekkumsaati. Aartii bociinsa Chaaynotaatiif hundeen beekkumsaa uumama yoo tahu, aartii Islaamaa fi Arabaatiif hundeen beekkumsaa ruuhii/lubbuudha.

Giriikoota biratti sararri wal-qabsiiftuun sun hundee beekkumsa isaaniiti. Wal-qabsiiftuun kun haga ilmi namaa kun dandeettii addaa qabutti gar-malee amanee, uf onnatee, dhumarra onnee isaa keessatti ani gabbaramaadha ykn ani Rabbi haga jedhu takkatti isa geessa. Chaaynoota biratti hundeen beekkumsaa uumama jenne sun immoo amala wal-gitiinsaa fi wal-simachuu agarsiisa. Kunis akka namni waan naannoo isaa jiru xiinxaluuf gargaara. Kun immoo uf gadi-

qabuu (boonuu dhabutti) nama kakaasa, afuura waloo (gamtaan hojjachuu) cimsa. Yeroo hundaa gamtaan hojjachuun dhuunfaan socho'uu akka caalu agarsiisa.

Ruuhiin/Lubbuun garuu waan addaati. Aartii Islaamaa fi Arabaatiif hundeen beekkumsaa ruuhiidha jenne sun amala addaa qaba. Bu'uura kana keessatti ilmi namaa uumamaa fi loojikii biras kutee, waan nama jalaa dhokatee jirutti gayuuf jecha qabatama lafarra jiru biras dabree dhugaa hundeef jiraattuu taatetti gayuuf tattaafata. ilmi namaa yeroo ija qaama isaa irra jirtu qofaan ilaalu, mataa isaa malee waan biraa hin argu. Garuu lubbuun yeroo waa ilaaltu, waan ijji argituun alatti argiti. Itti gaafatamummaan dhuunfaan addunyaaf qabu yeroo kana raggaati. Yeroo kana ilmi namaa jaalalli itti dhagayama. Jaalalli sunis akka inni bareeduma argee dhandhamuuf humna isaa taati. Kunis Rabbii uumaa waan hundaa ta'e beekutti isa geessa.

Rakkinni jiru, biyyoota Islaamaa keessatti hundeewan beekkumsa artiidhaa kan yeroo ammaa hundee warra Dhihaa kan ilaalcha beekkumsa Islaamaa waliin wal-faallessu ta'uu isaati. Aartiiwwan bareedumaa kan jedhaman haala bociinsa isii irraa gar-gar bayuun, hawaasaa fi jireenya guyyaa guyyaanii irraa fagaataa deemti. Ilaalcha aartistii ufjaalatu kan waa kalaqu' jedhu san lafa qabsiisuu keessatti gahee bu'uuraa taphata. Kun immoo ilaalcha Islaamummaan deeggaruu miti. Amantiin Islaamaa aartii fi aartistiis waan tokko qofarratti hin daangessu. Namni hunduu waan fedhe dalaguuf bilisa, itti gaafatamummaan nama hundaatuu amantii isaatiif, ummataa fi

Rabbii isaatiifi. Islaamummaa keessatti aartiin, waa hunda durayyuu waan jireenyaa fi Rabbiin gabbaruun wal-qabateedha.

Mallattoolee aartii Islaamummaa keessaa tokko waan gadhee irraa gara waan gati-qabeessaatti ol-guddachuudha. Kunis akka fakeenyaatti lubbuu ufii gara waan gaggaariitti ol-guddisuun Rabbii ofii beekuu fa'a qabata. Namni *Joon Bikuwis* jedhamu akka jedhutti "Islaamummaan warra DHihaa irratti kan jijjiirama fideen bareedumaan osoo hin taane, saayinsiini, miidhaginaan osoo hin taane ijaarsaani". Kana jechuun dhiibbaan Islaamummaan fide gama saayinsiitiini malee gama falaasamaatiinii miti jechuudha. Aartii ilaalchisee dhiibbaan Islaamummaan fide akkaataa fakkii itti kaasaniini malee tooftaalee ijaarsaatiinii miti. Barreessaan kun yaada isaa kan cimsuun, fakkeenyota muraasa kanneen seenaa irraa yeroo amantiin Islaamaa Awurooppaa keessatti ol'aantummaan bulchaa ture (keessattuu Kibba Ixaaliyaa, Andalusii fi hambaalee biroo kanneen biyyoota Awurooppaa gara garaa keessatti hafan) irraa fudhatamanitti gargaarsifachuuni.

Ilaalchi barreessaa kanaa kan madaala hin eegin fakkaachuu danda'a. Qabatamni lafarra jiru garuu dhugummaasaa agarsiisa. Sababni isaas falaasamni Awurooppaanotaa ilaalcha Islaamaa kan ijaarsaa fi aartiiwwan jireenya Awurooppaanotaa irratti calaqqisu Aurooppaanotarratti dhiibbaa fide jechuun waan hin malle. Maaliif yoo jenne, Awurooppaan yaada Ummata Islaamaa jedhu jalqabumarraayuu fudhachuu diddee ganda lolaa ta'uu waan filatteefi. Kana jechuun

jalqabumarraayuu ilmi namaa carraa ilaalcha lamaan keessaa tokko filachuu qaba waan ta'eefi. Ganda lolaa ta'uu isiitiif itti gaafatamaan matama isaaniiti malee waan Muslimoonni dirqamaan isaanirra kaayanii miti. Awurooppamatu fedhii isiitiin ganda Islaamaa ta'uu diddee, ganda Islaamaan lolu tahuu filattee, wal-waliin nagayaan jiraachuu ummataa fudhachuu didde.

Rakkinoota qorataa Islaamaa mudatan keessaa inni biraa, waliin jireenya namoota biraa ilaaalchisee, dhimmicha baay'ee salphaa godhee irra-gubbaatiin ilaaluu. Fakkeenyaaf: qorannoo halluun wal-qabate kan Dr. *Muhammad Kamaal Ja'afar* mata-duree: *'iddo bu'ummaa halluuwwan amantii Yahuudaa fi Islaamaa biratti qabu'* jedhuun gaggeesse irratti, qorannoon kun qorannoo wal-maddii qabiinsaa kan gahee halluun Yahuudota biratti qabu agarsiisuu fi ilaalcha Islaamummaan halluu akka uumaa Rabbiin uume keessaa isa tokkootti malee akka iddo-bu'ee zaata Rabbii ykn ibsoota Isaa ykn maqaa Isaa ka ibsuutti hin fudhanne tahuu isaa kan wal-dorgomsiisuudha. Qorannoon kun bifa dimshaashawaan waa goolabuu guddata, Yahuudota warra Kitaaba isaaniitti amananii fi warroota kaan addaan baasee hin ibsu.

Kun immoo rakkinoota qorannoolee Islaamaa mudatan keessaa isa ijoodha. Keessattuu dameelee gadaa ammayyaa keessa baay'inaan irratti hin hojjatamin kan akka qorannoo aartii fa'a keessatti baay'inaan mul'ata. Qorannooleen Islaamaa hedduun waan amantii waliin hidhata qabu hundaa, osoo keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisaati moo tafsiira (hiikkaa) namni dhuunfaa

isaaf kenne jedhee addaan hin baafne guutumatti faarsuu irratti fuulleffata. Akkasumas, waan Islaamummaa waliin hidhata hin qabne hundumaa tuffatuu heddummaata. Kun immoo Islaamummaa jechuun ergaalee kanaan dura Nabiyyoota biraa irratti bu'an guutuu jechuu dagatuudha. Guutuu jechuun immoo kanaan dura waan turetu jira; burqaa Rabbi ummata nu duraatiif dhangalaasetu jira, tola Rabbi uumama hundaaf ooletu jira jechuu agarsiisa.

Dhimmuma kanaan wal-fakkaatu ilaalchisee, qorannoo *Dr. Zeeynab Abdula'aziiz* mata-duree '*Islaamaa fi aartii bociinsaa*' jedhuun gaggeessite yoo fudhanne, qorannoon kun ilaalcha irra butamaa gadi bu'iinsaan hin gaggeeffamin kan beektota Islaama hammayyaa biratti fotoo kaasuun dhoorgamaa tahuu fi Yahuudotaa fi Awurooppaanota aadaa, afaanii fi duudhaa biyyoota Bahaa baratanii, warra Bahaa fakkaatanii shira xaxan jidduu hariiroon jiraachuu agarsiisa.

Qorattuun tun, Islaamummaa keessatti bu'uurri waan hundaa hayyamamaa (halaala) ilaalcha jedhu lafa qabsiisuuf yaalti. Itti aansitee, Yahuudota biratti dhoorgamaa tahuu raggaasisuun akkamitti akka isaan dhaamsa boca ykn fakkii kaasuun haraama (dhoorgamaadha) jedhu irraan akka tarkaanfatan, akkaataa isaan jaarraa 19ffaa fi 20ffaa keessa adeemsa finxaaleyyii kan dhuka aartii dhabamsiisu ummata keessa itti Rabsan ibsuuf yaalti. Qorannoo kana yoo ilaalle, ergaan isaa ilaalcha warra shira xaxuu kan qabatama lafarra amma jiruu fi ilaalcha beekkumsaatti daba. Fuulleffannaan guddaan kan kennameef, yaada qorannoo gaggeessuun duratti, bu'aan

qorannoo kanaa akkana nitaha jedhu sanitti gayuuf tattaafachuu agarsiisa.

Wanti nuti asitti ifa godhuu barbaanne, adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti Islaamummaa keessa yaaddan gara garaa heddu jiraachuu mirkaneessuufi namoonni gara yaada dhuunfaa isaaniitti dabuunis homa jiru jennee wal-amansiisuufi. Gara ilaalcha dur-mataa keenna keessa jiruutti dabuun homa jiru. Kanarratti Dr. Al-Museeyrii namni jedhamu akkana jedhe: "*Nuti shakkii tokko malee gara ilaalcha wayiitti dabna, yeroo hundaa waan yaada /Ilaalcha keenya deeggaru ka'umsa godhanna. Kana tahuun immoo geengoo Islaamummaa keessa ilaalchonni biraa kanneen yaada keenya sanitti dhiyaatan ykn irraa fagaatan jiraachuu kan waakkatuu miti*".

Gama dirree ijaarsaatti yoo deebine, qorannoo *Dr. Ismaa'il Raajii Al-Faaruuqiin* mata-duree '*Islaamaa fi aartii Ijaarsaa*" jedhuun gaggeesse yoo fudhanne; aartii ijaarsa Islaamaatiif bu'uurri ilaalchaa fakkeenyummaa (moodeela) tahuu argina. Kunis ijaarsa Islaamummaatiif fakkeenyi inni jalqabaa fi bu'uuraa Masjida waan taheefi. Masjidonni kunniin hunduu moodeela bociinsa isaanii kan argatan Masjida Ergamaa Rabbii *(Nagayaa fi tolli Rabbii Isaanirra haa jiraatu*) kan Madiinatti ijaaramerraayi.

Haaluma kanaan, *Sahiir Muhammad Hijaazii* tan jedhamtu qorannoo bareeda wayii gaggeessite. Qorannoon kunis akkaataa barnoota Islaamaa kan Qur'aanaa fi Hadiisarraa qabsiifameetiin bu'uurota manneen irratti ijaaramuu qaban

ibsa. Qorattuun tunis akkaataa Islaamummaan nama barsiisuun mana ijaaruuf wantoota bu'uura jedhaman tarreessite. Innis:

1- Waan dhuunfaa namaa, daangaa fi namummaa namaa kabajuu
2- Wantoota dhokfamuu qaban (kan akka qaama namaa fi iccitii hunda) haguuguu
3- Mana keessa jiraatan san jaalachuu (gammachuun keessa jiraachuu)
4- Ollummaa fi ollaa kabajuu
5- Qabeenya (waan hundayyuu keessatti) qisaasessuu dhabuu
6- Bareedumaa fi hojii miidhagsuu kabajuu irratti nama kakaasuu.

Murtiin (Hukmiin) amantiin Islaamaa aartiiwwan argaa kanaaf kennu maali gara yaada jedhuutti yoo ceene, beektonni hedduun yaadaa fi ijjannooleen gara garaa akka qaban arguun ni danda'ama. wanti guddaan garuu, ergaan ykn ilaalchi murtiilee kana duubaan isaan qaban hunduu tokkuma. Ergaan sunis boca bocamu ykn suuraa kaafamu san uumaa Rabbi uumetti fakkeessuuf yaaluudha. Kanaafuu wanti fakkeeffamuuf bocame ykn kaafame hunduu ifaan ifatti dhoorgamaa (haraama). Kana bu'uura godhachuun jechi *Al-Musawwir* (bocaa ykn suuraa kaasaa) jedhu mataan isaatuu maqaa Rabbii guddaa waan ta'eef, ergaan isaa kan bu'uraas waan san uumuu waan ta'eef, fakkeessuuf kaasuun ykn bocuun dhoorgamaadha.

Warroonni haraama jedhan ka’umsi isaanii qaawwa wanti sun uf duratti banuu danda’u cufuu fi wantoota dhoorgamaa fi hayyamamaa ta’uun isaa namatti wal-fakkaturraa dheessuufi. Kunis dursanii uf eeggachuu fi waan shakkisiisaa ta’erraa fagaachuuf yaadameeti. Hayyuun Dr. Naziir jedhamu gabaabsee ilaalcha dhimma kanarratti qabu yeroo ibsu akkana jedhe: “wanta gaaddidduu qabu hundaa bocuun ykn kaasuun haraama, waan uumaa Rabbi uumetti fakkeessuu ta’eef”. Yaada isaa kana guututti fudhachuu baannus, garuu tattaaffiin inni godhe bareeda ture.

Namni hojii kana keessatti fakkeessuu uf keessaa qaba jedhe, wanti sun dhoorgamaadha jechuu qaba. Kanaafuu tattaaffiin namoonni dhuunfaa wanti tokko uumatti fakkeessuu uf keessaa qaba moo hin qabu jechuu daangessuuf taasisan gama ilaalcha namoota biraatiin irratti walii galamuu dhiisuu danda’a. Kana jechuun yeroo hundaa seera namaan bocame kan tattaaffii ilma namaa ta’erratti wal-dhabuun homa jiru. Wal-dhabuun kunis gabaabbachuu seera namaan bocamee sanirraa kan ka’eedha. Seerri Rabbii garuu seera hundeef jiraatu kan hanqinni isa hin qunnamnee fi seera banaadha. Kana jechuun wanti seerri harka namaatiin bocame murteessu hiikni addaa itti kennamuu danda’a, namoonni carraaqqii mataa isaaniitiin hubachuu danda’u, kan murtii seera Rabbii garuu hiika biraa hin fudhatu, murtii jala sararamaadha.

Hariiroon wal-falmiinsaa kan hubannoo nuti keeyyata (Qur’aanaa /Hadiisaa) hubachuuf qabnuu fi beekkumsa keenya kan seenaa jidduu jirutu waan hayyamamaa fi dhoorgamaa

tahe addaan nuuf fooya. Keessattuu dhimmoota ifatti murtiin shari’aa jala sararee hin ibsin fa’a irratti. Kunis seera ‘Bu’uurri waan hundaatuu hayyamamaadha- hanga ifatti dhoorgamaa tahuu isaa wanti ibsu duubaan dhufutti’ jedhu irratti hundaayuuni. Kan nurraa eeggamu, akkuma Ergamaan Rabbii jedhan

Hadiisa sahaabaan *Nu’umaan bin Bashiir* jedhamu odeesse keessatti, Ergamaa Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu)* ka akkana jedhan dhagaye jedhe: “Wanti hayyamamaan (halaalli) ifa galaadha, wanti dhoorgamaanis (haraamni) ifa galaadha. Jidduu jara lamaanii wantoota namatti wal-fakkaatan kan namoonni hedduun hin beeynetu jira. Namni wantoota halaalummaa fi haraamummaan isaa namatti wal-fakkaatu sanirraa fagaate, amantii isaa fi dhageettii isaas nagaya baase. Namni waan namatti wal-fakkaatu kana keessa seene immoo akka tiiysee kaloo moggaa (bira) tiksituuti, Loowwan sunniin kaloo san irraa waa bututti dhiyaatu. “*Dhagayaa! Mootiin hunduu kaloo qaba. Dhagayaa! Kaloon Rabbii waan inni haraama taasise. Dhagayaa! Qaama namaa kana keessa kutaa fooniitu jira. yoo kutaan foonii sun tolte qaamni guutuun nagaya argata, yoo isiin bade qaama hundatu bada. Dhagayaa! Kutaan foonii sun qalbiidha*”.

Hadiisni kabajamaan kun halaalaa fi haraama irratti qooda beekkumsaa baay’ee barbaachisaa tahe uf keessaa qaba. Akkuma argine murtiin ifatti kan jala sararameedha; halaalli ifa galaa, haraamnis ifa galaadha. Hadiisni asitti hin dhaabanne, wantoota namatti wal-fakkaatan kan namoonni

hedduun dhoorgamaa ykn hayyamamaa tahuusaa hin beeynetu jira. Haga tokko yaaliin namaaf hayyamame jira. Ergamaan keenya dhimmoota waaniin isaanii hin beekamne sanirraa fagaachuu nuuf dhaamuun irraa uf eegaa nuun jedhan. Irraa uf eegaa jechuu fi haraamaa irraa goraa jechuun baay'ee garaa garummaa qaba. Fakkeenyi Ergamaan Rabbii *(nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu)* asitti nuuf kennan kun baay'ee cimaadha. Innis: namni waan namatti wal-fakkaatutti harka naqate akka tiksee kaloo moggaa tiksuuti, kaluu sanirraa waa bututti dhiyaata jedhan. Kana jechuun gochi kaloo sanirraa waa kutachuu hin argamne, garuu itti dhiyaata jechuudha.

Kaloo kana Ergamaan Rabbii (SAW) yeroo nuuf hiikan 'waan Rabbi iraa nama dhoorge (waan haraama tahe)' jedhanii hiikan. Kunis wantoonni halaalummaa fi haraamummaan isaanii wal-fakkaatan sun haraama keessatti kufutti nama geessuu dandeessi jechuudha. Kanaafuu waan akkasiirraa akka fagaannu ergamaan Rabbii yaamicha nuuf dhiyeessan. Hadiisni gubbatti dubbanne sun kutaan isaa kan dhumaa tattaaffii/carraaqqii namni taasisu irratti hiikkaa beekkumsaa bakka bu'a. innis carraaqqii namaa kana qalbiin walitti hidhuun yoo isiin tolte, qaamni hunduu tole jechuu agarsiisa. Kanaafuu halaalummaa waan tokkoo mirkaneessuuf tattaaffii taasisuun qulqullina qalbii, Rabbirratti irkachuu fi niyyaan (wanti keessa ufiitti yaadan) gaarii tahuu barbaada.

Qorannoo namni *Muhammad Alii Assaabuunii* jedhamu mata-duree 'suuraa kaasuu irratti murtii Islaamaa' jedhuun

gaggeesserratti, Hadiisota saddeet kanneen Bukhaarii fi Muslim odeessan dhiyeeffachuun fakkii/suuraa kaasuun haraama jechuun jala sararee dubbatee jira. Sababni fakkii kaasuun kun dhoorgameef waan Rabbi uume fakkeessuu ykn akkeessuudha jedha. Qorataan kun ilaalcha beektota fakkii kaasuun ni gaya jedhanii hunduma dide. Ammas irra deebi'uun barbaachisummaan qorannoo kanaa sababii fakkii/suuraa kaasuun dhoorgameef ifatti ibsuu isaatiif walii nu galcha. Garuu kan walii nu hin galchine, bu'aa dhumaa kan qorannoon kun irra gaye, kan maaliif akka bu'aa sanitti gayes beeynuudha. Bu'aan kunis qaawwa dhufuun malu cufuufi, waan namatti wal-fakkaataa irraa fagaachuufi kan jedhuudha. Kun immoo fiqhii keessatti damee baay'ee bal'aa ta'eedha.

Ilaalchi fakkii bocuun ykn suuraa kaasuun haraama jedhu yaada amantiin Islaamaa kabaja ilma namaa Rabbiin guddaan ufii uumee tiksuufi jedhurraa ka'eeti. Kanaafuu namni kamiyyuu uumaa Rabbii kana akka ufii fedhee fi akka isaaf tolutti kaasuu mirga hin qabu. Rabbi Qur'aana kabajamaa keessatti: "*Wanti akka Isaa (kan Isatti fakkaatu) kumiyyuu hin jiru*" ufiin jedhe. Jechuma *Laa Ilaaha Illaa Allaah* (*Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan hin jiru*) jedhu keessattiyyuu wanti maalummaan Rabbii akkana fakkaata jedhee calaqqisiisu kumuu hin jiru. Kanaafuu waan namni harkaan bocee fi uumaa Rabbi uume wanti wal-fakkeessu kumuu hin jiru jedha qorannoon mata-duree '*Al-Osaan wa Arrumuuz'* jedhuun gaggeeffame.

Gama biraatiin, qorannooleen fiqhii hedduun kanneen sababa suuraan sun kaafamee fi bu'aa isaa bu'uura godhachuun kaasuun ni gaha jedhan ni jiru. *Dr. Muhammad Umaaraa* namni jedhamu qorannoo mata-duree '*Miidhagina suuraa'* jedhuun gaggeesseen keeyyatoota Qur'aanaa, Hadiisaa fi murtiiwwan fiqhiidhaa kanneen suuraa kaasuun hayyamamaadha jedhan tarreessee ture. Qorannoon kun bu'aa suuraan sun argamsiisu dahoo godhachuun, wanti nama miidhuu fi kan fuulli Rabbii (mindaa toltuu irraa argachuun) itti hin barbaadamin bocuun/kaasuun garuu haraama jedha.

Namni *Dr. Abdulqaadir Huseen* jedhamu immoo haraamummaa suuraa jalaa kan baanu, boca/suuraa bocnu keessatti qaamolee garii itti guutuu irraa fagaachuun akka guututti uumaa Rabbii hin fakkaanne taasisuudhaani jedha. Kunis qabsoo gaariidha.

Kanarraa ka'uun haraamummaa ykn halaalummaa waan kanaa ilaalchisee Rabbi balbala heddu nuuf banuu irraa baranna. Bu'uurri ilaalcha keenyaa yaada '*fakkeessuun haraama'* jedhurratti kan bu'uureedha. Fakkeessuun kun utubaalee lama qaba jennee yaanna. Utubaan inni duraa, wanta bocamuu fi gocha raawwatamu-kunis suuraa kaafamu san, itti fayyadama isaa fi ilaalcha nuti isaaf qabnuudha. Utubaan lammataa immoo, kan nama waan san raawwate, akkaataa inni itti uf hubatuu fi maal oomisha yaada jedhuun kan wal-qabateedha. Aartistoonni warra Dhihaa ilaalcha Impeeriyaalizimii kan qabu fakkii fakkeessee bocuu kana yeroo hojjatu, ilaalcha 'Aartistiin nama waa uumuu fi nama kaan irraa adda' jedhurraa ka'a.

Aartistiin Muslimaa immoo fakkeessuuf hin hojjatu, wanti inni hojjatuuf jireenyaaf, gaheen isaas uumuu osoo hin taane homa jiru walitti qabuu/walitti qindeessuudha. Kanas yeroo godhu Rabbiin gabbaruu uf keessaa qaba. Dhugaa dubbii Rabbitu beeka.

## Aartiiwwan Argaa Dhageettii

Qorattoonni Muslimootaa hedduun Muslimoonni kanaan duraa dirree Diraamaa fa'a keessatti gahee qabu yaada jedhu raggaasisuuf tattaafii godhanii jiru. Jeneetikiin tiyaatira, sheekoo fi oduulee durii gaggabaaboo heddutu Arabootaa fi Muslimoota duriitiin shaakalamaa ture. Sheekoo fi aartiiwwan diraamaa Awurooppaanotaa irratti wal-dorgomsiisuu fi walitti fiduuf yaaluun heddumminaan mul'ata. Miilton diraamaa *Caffee dhabamte* jedhuu fi Daaniin komeedii hojjatan keessatti Abu Al-Alaa *xalayaa araaramaa* jedhu qopheesseen akkamitti akka hubamuu danda'an raggaasisuuf qorattoonni hedduun tattaaffii cimaa godhanii jiru.

Kuni hunduu kan yaalameef, Muslimoonni aartiiwwan kanneen keessattis ol'aanoo fi dureeyyii ta'uu isaanii raggaasisuufi. Garuu bakkeen rakkoon jirtu, namni urgaan marfame foolii urgaa hin beeku akka jedhan sani, namni duree tahe kun dursaa tahuun isaa itti hin dhagayamu, anatu dursaadha jedhee ufis hin himu. Rakkoon ka argamte, qaama injifatamaa nama injifataa ta'e boodaan dhufee kan akaakayyootaa fi abaabayyootaan uf-dhaadu, kan ammatti dorgommii kamiifuu gahumsa hin qabne, kan dandeettiin isaa dirree hundattuu nutu jalqabe jechuu malee hojiin hin

argisiifne, kan haga jilbaatti taatema abbootasaatiin qofa uf dhaaduun liqimfame bira rakkoon kan jiru.

Boqonnaa kana jalatti aartiiwwan argaa dhageettii Islaamaa kanneen akka aartiiwwan odeessuu fi sosochii fa'a bal'inaan ilaalla. Garuu sanitti seenuun duratti, jalqaba walumaan tahuun gosoota aartii kanneenii keessaa isa muraasa filanne kana haa ilaallu:

1) **Aartiiwwan oduu odeessuu (waliif daddabarsuu)**

a)- Oduuwwan beekkumsa namaaf kennan akka fakeenyaatti seenaalee Qur'aanni dubbate, seenaalee Qur'aanni dubbatu ilaalchisee jalqabni wanti qalbii namaa hatuu: akkuma kitaaba *Toowraat* keessattis jiru, seenaaleen kunniin bifa guutuu fi walitti fufiinsa yerootiin kan dubbatame ta'uu dhabuu isaati.

Fakeenyaaf: Suuraa Baqaraa, keeyyata 30-39 keessatti seenaa akkaataa nabi Aadam itti uumamee fi Sheyxaanni isaaf sujuuda bu'uu dhabuun jannata keessaa gara lafaatti gadi ari'amuu isaa dubbata. Boodarra keeyyata 49-75 keessatti oduulee nabi Muusaa kan akka: galaanni isaaf baqaquu, Fir'oownaa fi deeggartoonnisaa bishaaniin liqimfamuu, seenaa qotiyyoo warri Israa'iil gabbaraa turanii fi seenaa waa'ee Sa'a Rabbi qalaa jedhee irraa dubbata. Keeyyatoonni 124-135tti jiran immoo seenaa Nabi Ibraahim kan ijaarsa Beeytii/Ka'abaatiin wal-qabaturraa haga muraasa dubbata.

Kana booda keeyyanni 258 seenaa Numuruud kan nabi Ibraahimiin ani nama ajjeesee kaasuu ni danda'a jedheenii san

nutti hima. Saniin duratti keeyyatoonni 236-251tti jiran seenaa Xaaluutii fi ummata Israa'iil, akkasumas lola isaan Jaaluutii fi loltoota isaa waliin gaggeessan irraa nuuf dubbata. Saniin booda keeyyanni 259 seenaa namicha osoo imala deemu ganda onaatti dhufee Rabbi ganda du'e kana deebisee ni jiraachisaa jedhuu nutti himti. Aayaan 260 immoo seenaa jaalallee Rabbii kan tahe Nabi Ibraahiimiin irraa qachee kaasuun akkaataa inni Allaattii duute itti jiraachisee fi kkf irraa dubbatti.

Seenaaleen haala kanaan Qur'aana keessatti dubbataman kunniin fakkeenyota beekkumsaa kanneen gorsa irraa fudhannuudha. Kunis seenaa ykn taatee cal-jedhamee argame osoo hin taane, dhugaa itti fufaa hundeef jiraatu kan argamasaattis amannuudha. Dhimmi guddaan yeroon aayaan (keeyyanni) sun itti dubbatamte yoomii fi seenaa isii gadi bu'iinsaan hordofuu osoo hin taane, kaayyoon guddaan ergaan seenaa san duubaan jiru maal? Maaliif dubbatame kan jedhuudha. Rabbi *Suuratu Al-A'araafiin* keessatti akkana jedhe: "*Akka isaan xiinxallaniif seenaa itti seenessi*". Seenaaleen Quraana keessatti dubbataman hunduu xiinxaluu, addaan diddiiganii qotanii qoratanii gadi-buiinsaan qoratutti nama yaamti. Kanaafuu seenaaleen kunniin hojitti nama yaama, ergaa seenaan sun uf keessatti hammate jala deemuutti nama yaama. Kunis shakkii tokko malee ibaadaadha, ibaadaan Qur'aana dubbisuu fi hiika isaa gadi bu'anii hubachuun keessatti uf ilaaluu gaye hin jiru.

Suuraa Al-Baqaraa keessatti waa'ee nabi Ibraahimii fi Allaattii irraa Rabbi akkana jedhee dubbate:

وَإِذۡ قَالَ إِبۡرَٰهِـۧمُ رَبِّ أَرِنِي كَيۡفَ تُحۡيِ ٱلۡمَوۡتَىٰۖ قَالَ أَوَلَمۡ تُؤۡمِنۖ قَالَ بَلَىٰ وَلَٰكِن لِّيَطۡمَئِنَّ قَلۡبِيۖ قَالَ
فَخُذۡ أَرۡبَعَةٗ مِّنَ ٱلطَّيۡرِ فَصُرۡهُنَّ إِلَيۡكَ ثُمَّ ٱجۡعَلۡ عَلَىٰ كُلِّ جَبَلٖ مِّنۡهُنَّ جُزۡءٗا ثُمَّ ٱدۡعُهُنَّ يَأۡتِينَكَ سَعۡيٗاۚ
وَٱعۡلَمۡ أَنَّ ٱللَّهَ عَزِيزٌ حَكِيمٞ ﴿٢٦٠﴾ سورة البقرة 260

[Yeroo Ibraahim yaa Rabbi waan du'e akkamitti jiraachifta natti argisiisi jedhe (dubbadhu yaa Muhammad). Akka waan du'e jiraachisuu danda'utti hin amannee jennaa, amanee jira. garuu akkuma qalbiin kiyya tasgabbaayuufi jedheen. Allaattii afur fuudhii afranuu qabii gorra`ii, qaama ishii hunda gaara irra bibittinneessii itti lallabi (akkas godhee itti lallabee jennaan hundinuu lubbuun itti deebitee) fiigaa (balali'aa) itti dhufte. Rabbi danda'aa fi ogeessa ta'uu isaa beeki.].srratu Al baqaraa 260

Aayaan tun kan nu barsiiftu Rabbitti amanuu ilaalchisee fakkeenya guddaa nuuf himti. Sunis gama dhugoomsuu fi waan dhugoomsuun sun itti geessus qorachuutiini. Ibraahiim Rabbitti amanee jira; garuu keessi isaa akka tasgabbaayu barbaada. Kunis kan nu barsiisu waa shakkuu fi keessi namaa tasgabbii dhabuun amala ilma namaa tauu fi tolli Rabbii immoo bal'aa waa hunda qixxisu kan danda'aa fi ogeessa tahe ta'uu Isaati.

Kanaafuu seenaaleen Qur'aana keessatti dubbataman dhugaalee qabatamaan argaman tahee garuu kan seenaa qofa tahee miti, seenaa dabre qofa tahuun nu hin ilaalu. Rabbi akkana jedhe:

تِلْكَ أُمَّةٌ قَدْ خَلَتْ ۖ لَهَا مَا كَسَبَتْ وَلَكُم مَّا كَسَبْتُمْ ۖ وَلَا تُسْأَلُونَ عَمَّا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٤١﴾

*سورة البقرة 134, 141*

*[Suni ummata isin dura dabre, isaan homa ofii dalagan argatan. Isinis waan ufii dalagdan argattu, waan isaan hojjataa turanirraa hin gaafatamtan]. Suuratu Al baqara 134 fi 141 .*

Aayanni tun suuraa Al-Baqaraa keessatti keeyyata 134 fi 141 irratti si'a lama irra deddeebiin dubbatamte. Kunis kan ibsu Qur'aanni dirree seenaalee dabran itti qoratan ta'uu dhabuu fi seenaa sanis yeroo himu seenaa dabre tahuu isaa qofa gurraan gayuuf akka hin taane ibsa. Ummatoonni hunduu waan ufii dalagderraa gaafatamti malee, waan ummanni biraa dalagerraa kan hin gaafatamne tahuu nu barsiisa.

Kun immoo garaagarummaa guddaa kitaaba Toowraatii fi kakuu moofaa yeroo uumamni jalqaberraa kaasee hanga dhuma Nabiyyoota ilmaan Israa'iilitti jedhee turtii yeroolee wal-duraa duubaan lafa kaaye jidduu garaagarummaan cimaan jiraachuu agarsiisa. Jaarraalee lamaan dabran keessa manneen amantaa Kiristaanaa, beektota uumamni dachiidhaa waggoota baay'eedhaan argama Toowraat dursa jedhan waliin wal-dhabbii guddaa keessa galee ture. Manni amantii kunis hanga walakkeessa jaarraa dabreetti rakkoo kana jalaa bayuu hin dandeenye. Kunis eega saayinsiin qorannoo hambaalee fi qotiinsa adda addaa dhufeen booda. Yeroo kana manni Kiristaanaa tun yaada dura kennite san jijjiiruun, yeroon kitaaba Toowraat keessatti dubbatame sun yeroo isa qabatamaan namni beeku waliin wal-adda jechuun murteessite.

Qur’aanni kabajamaan duuba isaatiin wanti isa faallessu itti hin dhufne, fakkeenya beekkumsaa dhugaa irratti hundaa’e nuuf hima. Qur’aanni jecha Rabbii kan nabi Muhammad irratti buufameedha. Kanaafuu waan jijjiiramuun isaa malu kan beekkumsa ilma namaa fi sammuu namaa kan hubannaan isaa yeroo gara yerootti jijjiiramuun wal-qabatu, Qur’aana waliin wal-maddii qabuun gonkumaa hin danda’amu. Rakkinni seenaalee dabree oduu waan taateef soba ykn dhugaa tahuu danda’a waan taheef olii-gadi jijjiiramaadha. Namni beektotaa fi xiinxaltootarraa Qur’aana tasuma hin jijjiiramne keessa waan jijjiiramuu danda’u qoratu, boolla ilaalcha beekkumsa warra Dhihaa kan *‘waan sammuun itti amantu hundaa waan dhaabbataa hin jijjiiramne kan saniin ala jiru hunduu jijjiiramaadha’* jedhanii keessa seenee jira. ilaalchi akkasii immoo tasumallee Islaamummaa waliin hidhata hin qabu.

Gama biraatiin seenaalee Qur’aanni dubbatu irraa wanti hubannu, irra deddeebi’iinsa. Seenama tokko yeroo hedduuf deddeebi’ee kan dubbatamu argina. Fakkeenyaaf seenaan akkaataa uumamuu Nabi Aadamii fi Sheyxaanni isaaf sujuuda bu’uu diduun suuraa A’araaf keessatti jidduu keeyyata 11-25tti irra deddeebiin dubbatame. Kana keessatti isa duraa caalaa gadi fageenyaan ibsuu fi nama yaadachiisutu keessa jira. Irra deddeebiin kun immoo akka Muslimni keessatti uf ilaalee, ergaa isiitti dalaguufi. Deddeebi’iinsi qofti gara ergaa keeyyatoota sanii walitti qindeessuu, jireenya guyyaa guyyaanii ufii keessa galchuun Rabbiin ittiin gabbarutti nama geessa.

Seenaalee Qur'aana keessatti dubbataman irraa gamni biraa kan sadaffaa kan qalbii namaa fudhatu waan *Narratology* fi *voice of the Narrator* jedhamuudha. Kana jechuun Qur'aanni jecha Rabbiiti, waan isa keessa jiru hundatti amanuu qabna. Garuu hiikkaan (Tafsiirri) Qur'aanaa tattaaffii namoonni dhuunfaa godhan waan taheef, namni isa hiiku hunduu akka dandeettii beekkumsaatiin, akkaataa hubannaa isaatiin wal-dhaba. Hubannaan namni dhuunfaa kun qabu adeemsa yeroo fi dabaliinsa beekkumsa isaa waliin jijjiiramaa deema. Kanaafuu Qur'aanni kan hanqina kamiyyuu irraa qulqulluu ta'eedha; garuu namoonni isa hiikan carraaqqii taassisaniif jecha yoo sirrii hiikan si'a lama mindeeffamu; yoo hiikkaa keessatti dogongoran si'a tokko mindeeffamu.

Fakkeenyaaf: seenaa warroota goda (Kahfi) seenanii waggoota hedduuf turanii yoo ilaalle, baay'ina isaanii, maqoota isaanii, maqaa saree isaan waliin turee irratti walii galuu dhabutu jira. seenaan kunis suuraa Al-Kahfii keessatti akkana jechuun dubbatame:

سَيَقُولُونَ ثَلَٰثَةٞ رَّابِعُهُمۡ كَلۡبُهُمۡ وَيَقُولُونَ خَمۡسَةٞ سَادِسُهُمۡ كَلۡبُهُمۡ رَجۡمَۢا بِٱلۡغَيۡبِۖ وَيَقُولُونَ
سَبۡعَةٞ وَثَامِنُهُمۡ كَلۡبُهُمۡۚ قُل رَّبِّيٓ أَعۡلَمُ بِعِدَّتِهِم مَّا يَعۡلَمُهُمۡ إِلَّا قَلِيلٞۗ فَلَا تُمَارِ فِيهِمۡ إِلَّا مِرَآءٗ ظَٰهِرٗا وَلَا
تَسۡتَفۡتِ فِيهِم مِّنۡهُمۡ أَحَدٗا ﴿٢٢﴾ **الكهف: 22**

*[Jarri nama sadi afraffaan jaraa Sareedha jedha (gareen gariin); (Gareen inni biraa immoo) jarri nama Shani Jahaffaan isaanii Sareedha; (gareen boodaa) jarri nama Torba Saddeettaffaan isaanii Sareedha jedhu. (Yaa Muhammad) baay'ina isaanii Rabbii kiyyatu beeka, namoota*

*muraasa malee hundi hin beeku jedhiin. Irra dubbii malee keessa gadi buutee jara waliin wal-hin mormin, ammas isaan keessaa nama kamiyyuu (waa'ee baay'ina namootaa kana) ni beeytuu jettee hin gaafatin (jarri homaa dhugaa qabatamaa wayiituu harkaa hin qaban waan taheef)] (Al-Kahf:22).*

Namni *Kamaalu Addiin Addumeeyrii* jedhamu kitaabasaa '*Hayaatu Al-Hayawaan Al-Kubraa'* jedhamu keessatti warroonni gaggaariin asiin dura dabran kan akka beektota sahaabotaa, kanneen isaanitti aananii dhufanii fi hiiktonni Qur'aanaa hiikkaa keeyyata armaan olii sanirratti akkamitti akka wal-dhaban nuu ibsee jira. magaalaan jarri sun turan Afsuus moo Xarsuus moo magaalaa biraati, hagam takka achi keessa akka turan, maqaaan Saree isaanii maal akka tahee fi gaaffilee biroos ifa godhee jira. Ammas sagaleen nama waa himuu kan hiiktota (mufassiroota) hundaatuu kan wal-dhabuu fi namuu garuma waan dur sammuu isaa keessaa qabuu sanitti hiikutti akka dabus ifa godhee jira. Asitti ijoon dubbii, sagalee nama waa himuu ykn nama seenaalee Qur'aana keessatti dubbataman hiikuuti. Yeroo hundaa kan mul'atu, nama waan Qur'aanni jedhuu fi beekkumsa seenaa irraa beeku walitti laaqu argina.

Akka fakkeenyaatti: seenama gubbatti dubbatame kana ilaalchisee namni *Boorkas* jedhamu yeroo dubbatu, Farah namni jedhamu hiriyyaa isaa Abu Al-Qaasimiin magaalaan dallawa Iskandar (Zu Al-Qarneeyni) Ya'ajuujii fi Ma'ajuujitti goda cufuuf ijaare irraa hagam fagaatti jedhee gaafate jedha. Boorkas gaafii kana keessatti harka naqachuun Zul-Qarneeyni jechuun Iskandari jechuun hike. Boorkas wanti inni godhe,

seenaa irraa beekkumsa qabu fayyadamuun taatee argamte tan Qur’aana keessatti dubbatamteef hiika mataa isaa kenne. Kaatolikootaa fi Boorkasis rakkina hin qaban. Kan rakkina qabu nama Muslimaa kan ammas boolluma jarri itti kufanitti kufuu fi kan gahee nama waa himuu (nama Qur’aana hiikuu) dagachuun hiika namni sun keeyyata wayiitiif kenne akkuma Qur’aanaatti wal-qixa godhanii fudhachuudha. Fakkeenyonni seenaa kanaan wal-fakkaatan hedduudha. Namoonni hedduun Fir’oowna, Muusaan ykn Nabi Yuusuf, nabi Ibraahiim eennu jechaa qoratu? Gariin Nabi Suleeymaanii fi namoota seenaa keessatti beekkamoo tahan gariin walitti hidhuuf tattaaffii taasisa.

Yaanni sagalee nama waa himuu jennu kun sadarkaa lamaan waa heddu nuuf ibsa:

- Sadarkaan inni duraa- akkuma asiin olitti dubbanne waan Qur’aana keessatti dubbatamee fi yaada dur sammuu keessaa qabnu (kan itti amanne) walitti laaquu dhiisuudha.
- Sadarkaan inni lammataa, waan Qur’aanni jedhee fi waan seenaan odeessu walitti laaquu dhiisuudha. Fakkeenyaaf: akka kitaaba Toowraatii ykn kitaabota seenaa keessatti dubbatametti waa’ee mootii Israa’iil Suleeymaaniin irraa yeroo haasofnu, gahee nama waan san odeessee dagachuu hin qabnu. Kana jechuun waan keeyyanni Qur’aanaa jedhuu fi waan kitaaboleen biraa jedhan kan soba ykn dhugaa tahuu danda’an isa Qur’aanaa irraa addaan baasnee beekuun dirqama keenya.

Qabxiin dhumaa kan nuu hafe, sababa buufamiinsa keeyyata Qur'aanaati. Sababbiin bu'iinsa keeyyata wayii kan seenaan wal-qabateedha. Garuu seenaan wal-qabachuun isaa kun ergaa dhokataa keeyyanni sun uf keessaa qabu kan dhabamsiisuu miti. Akka fakkeenyaatti suuraa Abasaa keessatti, taatee ilma Ummi Maktuumii fi Ergamaa Rabbii ﷺ jiddutti tahe yoo fudhanne, ergaan guddaan taateen sun uf keessatti hammatee jiru akkuma dhuma irratti Qur'aanni ibse, yaadachiisuu fi keessatti uf ilaaluufi.

Keeyyatoonni Qur'aana kabajamaa kanneen seenaalee Qur'aana keessa jiru dubbatan kunniin fakkeenyota (moodeela) jalqabaa kanneen aartiin oduulee Islaamaa hundi irratti bocamee, isa bu'uura godhachuun akkaataan caaseffamaa, jireenyaan wal-simsiisuu fi gama gabbara Rabbiitiinis wal-qabsiisuu isaa ittiin bocameedha.

### b) Seenaa fi Fakkeenyummaa seenaalee keessa jiran

Seenaalee Ergamaa Rabbii mimmi'aayaa keessaa seenaa godaansa Ergamaan Rabbii ﷺ Makkarraa gara Madiinaatti godhan filannee jirra. Fakkeenyaaf seenaa baqatiinsaa kana kitaaba *Ibnu Kasiir (Al-Bidaayatu a Annihaayaa)* jedhu keessa osoo ilaallee, kitaaboleen seenaa, seenaalee mimmi'aayaa nama hawwatan hedduu akka uf keessaa qabanii fi kitaaba kitaaba seenaa hin ta'in keessatti seenaan akkamitti akka ibsamu argina.

Seenaan godaansa ergamaa Rabbii ﷺ fakkeenya waan guddaa nama barsiisuudha. Seenaan kun kan fakeenyummaan

guutameedha. Aliyyi wareegama guddaa kaffaluun iddoo Rasuulli ciisan isaan fakkaatee ciisuun, Rasuulli Abuu Bakriin imalaaf isa filachuun, sababni godaansi godhamee fi kkf hunduu ergaa guddaa uf keessaa qaba. Akkasumas gahee guddaa micayyoon Abuu Bakrii tan Asmaa`a jedhamtu taphatte, seenaan nama *Suraaqaa* jedhamuu, seenaan gaara isaan keessa turanii, seenaan Andarii, kan Daara-Baastuu fi tokkoon tokkoo taateewwan seenaa godaansaa san keessatti argamanii hunduu duudhaa fi mul’ata Islaamummaa guddaa uf keessaa qaba waan taheef, waa heddu nama barsiisu.

Wanti nuti asitti ibsuu barbaanne, akkaataa seenaan bareenni kun ittiin dhiyaateedha. *Ibnu Kasiir* seenaa kana yeroo himu; Abalu abalurraa, abalus abalurraa nuu odeesse… jechuun namoota seenaa san himan dhumarraa hanga jalqabaatti tarreessuun eegale. Kunis bifa kanaan, Abu Ishaaq akkana jedhe: Yahyaa bin Ubaad bin Abdullaah bin Zubeeyr, abbaan isaa Akkoo isaa Asmaa`a jedhamturraa odeesseefi…jechuun jalqabe. Abalu abalurraa odeesse jechuun kun seenaa ergamaa Rabbii dhugaa tahuu isaa raggaasisuu fi kijiba ykn shakkii dhabamsiisuufi. Kuni seenaas fakkeenyas taha. Gama oduu dabarsuutiin immoo oduu sobaa ykn dhugaati wanti jedhu hin jiru, sababa oduun kun haada namoota irra dhufee hunda dursee tarreesseef jecha. Kuni saayinsiilee biroo kanneen oduu himan irraa adda isa godha.

Sababni ijoon seenaa Ergamaa Rabbii ﷺ gara aartii oduu dhageettii fi argaatti akka daballu nu godhe, waan qorataan *Ibraahiim Al-Biyoomii* jedhamu aadaa waqfii jedhee

yaameedha. Sunis, seenaa Nabiyyii dubbisuuf jecha waqfii Ibnu Hishaamiin ykn namoota biraa irraa kennameedha. Sunis duudhaa waqfiidhaa cimsuun hambaaleen aadaa amantii Islaamaa bifa haaraan akka turan taasisuuf yaalii godhameedha. Kunis fuula Rabbii (mindaa Isaa) argachuuf jecha, aadaa guyyarraa seenaa kana dubbisuu cimsuufi.

**c) Asoosama- Akka fakkeenyaatti oduu Alfi Leeylaa wa Leeylaa jedhu:**

Asoosama *Alfi Leeylaa wa Leeylaa* jedhu kana keessatti wanti addaa, qopheessaan oduu kanaa beekamuu dhabuu isaati. Hojiin cimaan kun nama isa qopheesse hin qabu; yeroon inni itti qophaayes sirritti beekamuu kan danda'amuu miti. Qopheessitoota biyya hedduutiin qophaaye ka jedhus ni jira. Kana jechuun iddoo inni itti qophaaye beekuun hin mijatu jechuudha. Oduun cimaan hagana gayu kun, keessa isaattis oduu cimaa biraa uf keessaa qaba. Innis, hojiin kun guutuun arraba nama tokko qofaatiin odeeffame, innis moottittii *Shaharzaan* jedhamtuudha. Kana jechuun eenyummaa nama qopheessee wallaaluun wal-maddii kan jiru nama odeesse (odeessaa keessaa) beekuudha. Ol'aantummaan namoota dhiiraatiif ta'uun isaa shakkii qabaatuu dhabus, addunyaa keessaa keessatti garuu dubartii injifattee qormaata dubartoota ajjeesuu hunda jalaa qarummaa fi beekkumsa addaatiin jalaa baate agarsiisa.

Taateewwan lamaan wal-maddii deeman (wal-faallessan) kunniin shakkii tokko malee bu'aa sammuu gareeti. Mallattoolee hedduu hojiin kun uf keessatti hammate hunda

dubbachuun nu hin ilaalu. Akkasumas hiikkaalee isaa kanneen hiikkaa heddu qabaachuu danda'us hiikuun gahee keennaa miti. Kan nu ilaalchisu, ilaalcha bal'aa walii gala hojiiti. Hojiiwwan Awurooppaanotaa hedduun kan akka: *Diikaameeruun Bokshaayo*, sheekkoowwan *Kanterberi Lichwis* fa'a hojii cimaa adda tahe kanaan hubamuun isaanii shakkii tokkos hin qabu. Seenaa/sheekoo tokko keessa sheekoon biraa hedduun jiraachuun barreessitoota hedduu hawwatee jira. isaan keessaa Boorkas irra caalaa nama sheekoo Alfi Leeylaa wa Leeylaa irraa baratee waa heddu irraa fudhateedha.

Hog-barruu Arabootaa isa ammayyaa keessattis, *Najiib Mahfuuz, Toofiiq Al-Hakiim* fi *Xaahaan Huseen* fa'as irraa fayyadamanii jiru. Hojiin guddaan qopheessaan isaa hin beekamne kun haala jireenya irraa dubbanne san kan ibsuudha. Akkasumas ilaalcha Islaamummaan aartiif qabus agarsiisa. Akkamitti yoo jenne, hojiin ilma namaatiif bu'aa qabu; nama hojii san hojjate caalaa barbaachisaa fi bu'a-qabeessa tahuu agarsiisuuni. Amalli qindoominaa immoo sheekkoo Alfi *Leeylaa wa Leeylaa* keessatti amala isa lammataa irratti ifatti mul'ata. Sunis naannayiinsa, kana jechuun hojiin qindeeffamni isaa geengawaa (naannayaa)dha. Sheekkoon inni duraa sheekkoo biraa uf keessatti hammata, sheekoon lammataa sheekoo isa sadaffaa biraa uf keessaa qaba, haaluma kanaan itti fufuun boodarra gara sheekoo 2ffaatti, itti aansee gara isa 1ffaatti gadi bu'uun haala qindeeffama xaxaa nama dinqisiisuun xumuraa deema. Fakkeenyi kanaa, sheekoo Haasib Kariimuddiin fi Mootittii *Al-Hayaat* jedhamtuuti.

Mootiin tun nama kanatti seenaa *Bilooqiyaa* itti himti; seenaa kana keessa sheekkoo *Jaan Shaahtu* jira. Eega sheekkoo lammataa tana xumurte booda gara sheekkoo isa jalqabaatti deebi'uun xumurti. Kana qofaa miti kan nama dinqisiisu, keessa gadi bu'iinsaan yoo ilaalamu sheekkoo san keessa Jinniin, ilmi namaa, Bineensonni fi uumamni hundi bifa xaxaa fi qindeeffama baay'ee nama ajaa'ibuun akkamitti wal-dhiibaa akka waliin jiraatan ibsa.

Sheekoo Haasib Kariimuddiin kana ka filanneef cal-jenneetii miti. Afuurri Islaamummaa kan adda tahe waan isii keessaa ifuufi, ergaalee nabi Muhammad ﷺ ittiin nama gammachiisan waan uf keessaa qabduufi, dandeettii Rabbii ol'tahee waan namatti agarsiisuufi, namni sheekoo san dubbise iimaanni nama Suufii dhugumatti gadi lixaa tahuu waan irraa arguufi. Walumaa galatti, seenaa kun baay'ee dinqisiisaa fi amaloota artii Islaamummaa sadan jalqabarratti dubbanne kan jireenyaan wal-qabate, caaseffama wal-keessa seenaa fi gara gabbara Rabbiitti nama yaamuu uf keessaa qaba.

Amalla addaa ka lammataa kan sheekoo Alfi Leeylaa wa Leeylaa keessa jiru kan sheekoo Haasib Kariimuddiin keessattis ifatti mul'atu sadarkaalee hunda waliinuu wal-qunnamuu danda'uu keessatti cimina addaa qabaachuudha. Namni Suufii fi namni beekaan tokko sheekoo san keessatti osomaa beekkumsa guddaa sheekoo san keessatti yoo argu, dubbisaan walii galas akkaataan sheekoon itti dhiyaatee fi itti himamu sun addunyaa addaa keessa isa seensisee jiruu fi bu'aa

bayii isii hunda waan isa dagachiisuuf, sheekoo sanitti baay'ee gammadda.

### d) Geerarsa, Seenaalee Jireenyaa fi Akkaataa Qindeeffama Geerarsaa

Aadaalee fi qaroomina hedduu keessa geerarsi jiraatus, geerarsi Islaamummaa keessatti akkuma asii gaditti kaasuu jirru kanatti, geerarsa gosa biraa irraa adda. Waan ijoo adda isa godhu keessaa tokko qopheessaan isaa beekamuu dhabuudha. Garuu namni isa odeessu ykn namaaf himu kan dhalootatti akaakayyurraa abbatti, abbarraa ilmatti afaaniin walii himuun dabarsu ni jira. Geerarsi kun tooftaa dhaloonni ittiin wal-qunnaman waan taheef, walitti bu'iinsa dhaloota jiddutti ni uumama jedhamee eeggamu ni hir'isa ykn ni dhabamsiisa. Akkasumas tooftaa firummaa fi hiriyyummaa namaa cimsu ilmaanii fi firoottan barsiisa. Akkasumas walitti dhufeenya hawaasummaa cimsuu keessattis gahee guddaa taphata. Sunis maatiin alattis walitti dhufeenya bal'aa uumuun, hariiroon hawaasummaa jajjabni akka jiraatuuf gargaara.

Sheekkoo Alfi Leeylaa wa Leeylaa keessatti qopheessaan sheekoo jiraachuu dhabuu fi garuu kan oduu san himu/seenessaan lammataa jiraachuu akka amala addaa sheekoo saniitti fudhannee turre. Kana keessattis qopheessaan waan hin beekamneef, gaheen odeessaa/seenessaa lammataa akkaan dabalaa deema. Odeessaan gahee taatee dhugumaan sosochoosuu/miidhagsuu taphata waan taheef, eenyummaan isaa gar-malee ol-ka'ee, odeessa kana himuu keessatti barbaachisummaan sagaleesaa dabalaa dhufa. Iddoon

barbaachisummaan Sagaleen odeessaa lammataa kun ifatti itti beekamu haala lama ciccimoo keessatti. Haalli inni duraa, haala keessooti-innis haala jijjiiramuu danda'uu (flexibility) qabaachuuti. Haalli lammataa, haala waliigalaa hawaasummaati. Kunis odeessaan sheekoo kun namoota isa dhageeffataniin miirri isaa hatamuudha. Ykn barbaachisummaa sagalee nama seenessuu kana hubachurraa kan ka'e, gahee jajjaba gareen dhaggeeffatu sun taphatuudha.

Amala jijjiiramuu danda'uu jalqabarratti kaafne san ani ufii kiyyaa daaw'adhee jira. sunis namni Izzat Shoowqii jedhamu odeessaan gameessii fi beekamaa oduu *Al-Hilaaliyyaa* tahe kun, yeroo namoonni gara oppeeraa diraamaan itti dhiyaatuutti dhufan, maqaa isaanii seenessa san keessa galchuun bifa walalootiin irra deebi'ee weeddisa. Oduma kana fakkaatu, Nuuraa Bustaanii (Gabaastuun gaazexaa waashington Poost-kan Damaskas irraa dabarsitu), waa'ee odeessaa seenaa jireenya Antaraa yeroo nuuf himtu, odeessaan lammataa kun uf biraa walaloo Antaraatitti ka biraa daddabaluun daaw'attootaa fi dhaggeeffattoota isaa gurra hawwata jechuun nuuf himte.

Kanaafuu amalli keessoo (kan olii fi gadi jijjiiramuu danda'uu sheekoo) kun garee dhaggeeffattootaa waliin kan hidhata cimaa qabuudha. Fakkeenyaaf *Al-Hilaaliyyaa* keessatti gareen muraasni Abuu *Zeeydiin* yeroo gargaartu, gareen inni kunn immoo *Diyaab* gargaarti. Haala kanaan gareen lameenuu seenessaa kanarraa ijjannoolee gaggaarii nama ufii deeggaranii fi fashala nama hin deeggarree san akka inni itti seenessu gaafatu. Wal-morkiin kun cimuun haga gareen lamaan harkaan

walitti deemuutti gaya. Yeroo kana odeessaan lammataa kun waan garee kana qabbaneessu uf biraa itti dabaluun keessa isaanii tasgabbeessa.

Kana jechuun osoo sheekkoon ykn seenessi sun kan jijjiirama ufitti fudhachuu hin dandeenne fi kan namni tokko qofti qopheesse tahee, silaa seenessaan lammataa kun harka keessa galfatee tasgabbii buusuu hin danda'u ture, silaa seenaalee hedduu dhaloonni nuu daddabarsan kanniin keessaa itti daballiiwan gaggaarii hedduu dhabna ture. Akkasumas amala hordoftoota si'eessuu kanneen gareelee seenessa san dhageeffataniis ni dhabna ture.

Amallan lamaan olitti tarreeffaman kunniin amala addaa cimeessa tahe tokkorraa burqu. Innis, amala jireenyummaati. Kana jechuun seenessi himamu kun waan jireenyaan sirritti wal-qabatee fi jijijjiiramuu kan danda'u, kan nama jijjiiruu fi kan ufiifis jijjiiramu tahuu isaati. Amallan lamaan kun amala walitti qindeeffama jedhutti nu geessu. Kana jechuun jijjiiramuu danda'uun seenaa jireenyaa fi daaw'attoonni si'aa'ina qabaachuun gahee qindoominaa waliin taphachuun, waan seenessa san gabbisu itti dabaluun dhuka seenessa sanii keessatti iddoo cimaa qabu. Kunis amala addaa biraa kan irra deddeebi'iinsa jedhutti geessa.

Akka fakeenyaatti irra deddeebi'iinsa kana kan arginu, geerarsa *Seeyf bin Zii Yazin* nama jedhamuu keessatti-akkaataa lola Islaamotaa fi Kaafirtoota jiddutti adeemsifamee yeroo geerarsu ifatti argina. Lolli/geerarsi kunis kan eegalu namoonni lama gamaa gamanaan walii bayuuni. Lolaan garee

Islaamotaa tokko as baya. Seenessaan haala nama sanii bifa irra deddeebi'iinsa qabuun yeroo himu: 'Kan sibiila keessa lixe….' Jedhaan. Booda dandeettii loluu isaa yeroo ibsu: 'seeyfii fi arrabaan taphatee sammuu warra goota ta'aniis hawwate' jedha. Saniin booda namni achi baye sun akkana jechuun uf ibsa jedha 'namni na beeke waa tole, kan na wallaale ani isa hin sodaadhu' jedha. Haaluma kanaan walaloo gaarii kan eenyummaa isaa ittiin ibsu ufiif geeraraa, gama Kaafiraa irraallee namni tokko as bayuun boodarra injifannoo Muslimootaatiin lolli goolabama' jechuun seenessa.

Haalli akkanaa kan taatee kutaa wayii keessatti argame gadi bu'iinsaan ibsu kun bifa irra deddeebi'iinsa qabuun mul'ata. Taateewwan sun hunduu walitti dhufuun taatee waraana loltoota Kaafiraa irratti gaggeeffame mul'isa, tokkoon tokkoo taateewwan lola san keessaa walitti dhufuun haala wal-waraanuu garee lamaan san jiddutti gaggeeffamee agarsiisa. Bifuma wal-fakkaatuun, lolli namoota falfala (Sihrii) dalaganii fi moototaas akkasuma. Fakkeenyaaf lola namoota falfala dalaganii keessatti meeshaaleen ittiin wal-waraanan seeyfii fi xiyyaan darbachurraa gara meeshaalee sihrii kan **akka qalqalloo midhaanii, qarbataafi** waraqaatti jijjiirama. Gosoota meeshaalee lolaa kanas seenessaan bifa gadi bu'iinsa qabuun irraa haasaya. Yoo goonni sosochoosaan (Actor) taatee Sanaa nama nama abdachiisu tahe, lolli sun guutumatti dhumatee, saniin booda amantii Islaamaa fudhachuu isaa agarsiisa. Kanaafuu bu'aan taatee sanii osoma dhuma isaa beeynuu, garuu ni jijjiirama. Kanaafuu taateen akkasii sun kan dhumni isii beekamu tahee, garuu kan jijjiiramuun maluudha.

Amalli waa faallessuu ykn goonni faallessaan jiraachuun seenaalee hawaasa tokkoo ibsuu keessatti amala addaati. Yeroo hundaa waa'een goota faallaan kun jalqaba seenaa irraa hanga dhumaatti dubbatama, dhumni isaa maal akka ta'us ni beeyna. Garuu amalli irra deddeebi'iinsaa akka goonni sun yeroo hundaa rakkinootaaf saaxilamu isa taasisa. Goota bifa waaraadhaan faallessaa ta'eef fakkeenyi inni jalqabaa, Ibliisi (Sheyxaana). Sheyxaanni dhugaa (haqa) osoo beeku boonee fudhachuu dide. Seenaalee hunda keessattuu, amalli goototа waa faallessanii kana fakkaata.

Amalli kun haala Qur'aanni Ibliisa itti ibserratti kan ijaarameedha. Kunis meetoolojii warra Dhihaa keessatti dhara (shira) akka amala bu'uura sheyxaanaa goonee lafa qabsiisuuf osoo hin taane, osoo dhugaa Rabbi hime beeku fi osoo Rabbitti amanu; boonuu fi dhugatti dugda galuu isaa hundeen ibsuufi. Badii fi yakki sheyxaanaa haqa fixirsuu (fudhachuu diduu) fi tole jechuu dhabuudha. Kanaafuu yaaliin bu'uuraa inni ittiin beekkamu karaa dhugaa irraa nama jallisuudha. Taateewwan fafakkeeffaman kana hunda keessatti Rabbi akka homa kamittuu hin fakkeeffamne argina. Kunis amala Rabbi tokkicha homittuu hin fakkaanne tahuu agarsiisa. Lolli kan uumamu toltuu ykn ilma namaa kan toltuu dalaganii fi dhara ykn ilma namaa kan sheyxaanni jallisee hiriyyoota ufii godhate jiddutti. Kanaafuu, seenaaleen himaman qulquulina Rabbi guddaa agarsiisu, taateewwan himaman kana keessatti Rabbiin bocanii irraa himuun hin argamu. Kunis homa Qur'aanni barsiisuu fi itti ajajuudha.

## e) Namoota Deddeebi'iinsaan Oduu Durii Keessatti Dubbataman

Aartiilee oduu kan dhageettii fi argaa keessaa kan oduu seenessuun itti barbaaduu fi kan bifa adda taheen dhiyeeffamu, aartii sheekoolee gaggabaabduu waa'ee nama murtaa'ee irratti fuulleffatuudha. Yeroo baay'ee seenaan kun bifa oduu nama hawwatu/nama dinqisiisuutiin dhiyaata. Seenaan nama Juhaa jedhamuu beekamaa fi hog-barruu keessatti gahee guddaa qaba. Namni *Ustaaz Faaruuq Khoorshiid* jedhamu, Juhaa kana hundeen isaa sirritti beekamaadha jedha; akkasumas inni maraataa sammuu qabu jechuun waama. Juhaan kun nama Dariisha (nama hiyyeessa qabeenya duniyaatiif caccaba hin qabne) fakkaata. Jireenya addunyaatiif futuna kan hin qabne, qananii jireenyaa irraa kan uf qusatee, ibaadaaf (Rabbiin gabbaruuf jecha) jireenya iftuu aadunyaa nama dagdu tanarraa kan fagaate tahutu mala.

Oduu Juhaa fi Uffataa keessatti, Juhaan sababa uffata ciccitaa uffateef jecha sagantaa irratti hirmaachurraa ari'amee, booda uffata jijjiiratee deebinaan affeeramee nyaanni dhiyaateef. Booda nyaataa fi dhugaatii isaa dhiyaate san uffatasaa bareeda sanirratti naquun kan affeerame uffata kana malee ana mataa kiyyaa miti jedhe. Aduu moo Ji'a (addeessatu) irra fayyada jedhamee gaafatamnaan, addeessa jedhe, sababnis aduun guyyaa yeroo lafti iftu baati namuu itti hin hajamu jechuun deebise. Namni akka isaa kun nama dhugaa wal-faallessu dubbatu jechuun beekama. *Salfaatoo Areetii* namni jedhamu,

nama akkasii kun dhugaa battalaa (dhugaa lafarra jiru) waan abjuu fakkaatuun walitti maka jechuun ibse.

Amallan ciccimoo Juhaa ibsan keessaa inni ijoon, seenaan isaa biyyoota hedduu keessa babal'achuu isaati. Igiptii fi biyyoota Shaamii (Falasxiin, Siiriyaa) keessatti *Naasiruddiin Khoojaa* jedhamuun beekama. Turkii, Iiraanii fi biyyoota Jiddu-gala Eeshiyaatti Naasiruddiin Afandii jedhama. Chaaynaa, saba Muslimaa Alyaajoor jedhamu kan naannoo *Siinkiyaanj* jedhamu jiraatan biratti immoo Naasiruddiin Afaantii jechuun beekama. Waa'een nama kanaa biyyoota heddu keessa faffaca'uu fi yeroo tokkotti waan gaggaarii fi waan maraatumaa dubbachuun isaa, yeroo hedduu nama miidhamaaf tumsuun isaa, walaloo Ibni Aruus tan asii gadii tana raggaasisuun isaa, afuurri ummata tokko ta'anii waliin jiraachuu Muslimoota addunyaa hunda keessa jiraatan jiddutti babal'achuu agarsiisa. Akkasumas iddoon jiraatanii fi afaan dubbatan gar-gar ta'us, miirri isaanii tokko ta'uu mul'isa.

- Guyyaan mirgi miidhamtootaa eeggamu dhufuun hin hafu
- Miidhamaa maraaf mararfataa fi kanneen nama miidhanirratti leenca.

**2) Aartiiwwan Sosochii**

Akkuma kanaan dura dabarsine, aartiiwwan sosochii aartiiwwan heddu kan akka: aartii shubbisa Suufiyyootaa, aartii seeyfiin shubbisuu, aartii Faradoon shubbisuu fi geengoo uumanii taa'uun gareedhaan Rabbiin faarsuu fa'a uf keessatti hammata. Aartiiwwan kunniin hundinuu sosochii qaamaa fi

narvii namaatiin kan hidhata qabuu fi Zikrii fi shubbisni Suufiyyootaa Rabbii guddaa faarsuuf kan taasifame yoo tahu, Faradoo fi Gaala waliin shubbisuun immoo hariiroon jajjabni ilma namaa fi Bineensota jidduu jiraachuu agarsiisuufi. Seeyfii fi uleen shubbisuun immoo gootummaa fi waa ugguu ilma namaa agarsiisuufi.

Kana jechuun aartiiwwan olitti tarreessine hunduu gatii aadaan walitti qindeeffamaan tahe qabu guddaa ta'uu agarsiisuufi. Sunis gama ilma namaa kan hawaa kana keessatti ol'aanaa ta'ee fi wantoota uumama kana keessa jiran kan ilma namaa kana tajaajiluuf uumaman kan akka bineensotaa ykn wantoota jajjaboo (lubbu-dhabeeyyii) walitti hidhuuni. Kuni hunduu sosochii hawwataa namaan ykn bineensaan bifa wal-simataa ta'een gaggeeffamuuni.

I) **Shubbisa Suufiyyaa-** Darwiishota (namoota qananii addunyaa jibbanii Rabbiin gabbaruuf jecha hiyyummaa filatan) biratti shubbisni tooftaalee Rabbitti ittiin dhiyaatan keessaa akka tooftaa isa jajjabaatti fudhatama. Kanaafuu inni amala gabbartii keessaa akka amaloota aartii Islaamaatti ilaalama. Shubbisa Suufiyyootaa beekamaa tahe kan '*Assamaa'* jedhamu *Moowlaanaa Jalaaluddiijn Arruumii* nama jedhamu, walaleessaa Suufiyyootaa beekkamaa kan tahetu eegale. Muusiqaa fi dibbii rukutuun dhimma itti bayama yoo tahu, tokkoon tokkoo sosochii shubbisa isaanii hiikaa fi iddo-bu'ee qindeeffamaa tahe qaba.

II) Beeyladoota waliin shubbisuu fi Shubbisa Ulee fi Seeyfiin Shubbisu- Beeyladoota akka Faradoo fi Gaalaa waliin shubbisuun hariiroo jaalalaa cimaa ilma namaa kana uumama biraa Rabbi isaaf laaffiseen walitti hiitu agarsiisa. Kunis akka ilmi namaa uumama sanitti mukuu bayuufi. Biyyoota warra Dhihaa keessatti gosti tapha kanaa wal-dorgommii madaqsuu jedhamuun beekama. Akka aartii sosochiitti seeyfii fi uleen shubbisuun immoo gootummaa fi waa ugguu agarsiisa. Akkasumas shubbisaan sun meeshaalee lolaa sanniin fayyadamuu waliin osoo miidhaa tokko namarraan hin geenne hawaasa garaachatti taphachuu danda'uu isaas mul'isa.

## Aartiiwwan Afaanii (Qooqaa)

Gaaffiin bu'uuraa dursee sammuu namaa keessa yaa'u, aartiiwan afaanii maaliif bifa adda ta'een aartiiwwan biraa irraa kophaa baafna? Isa jedhuudha. Aartiin afaanii kun maaliif qoqqoodiinsa keenya kan aartiiwwan akkaataa taatee isaan miira irratti taasisaniin qoonne san jala maaf hin galle? Bifa biraatiin, bifa gadi bu'iinsa qabuun ibsuuf, aartiiwwan afaanii miira irratti taatee uumuu irraa kan adda isa godhu maali? Afaan Arabiffaa amala kanaan maaliif kophaa ta'e? Waan Arabiffa ta'uu isaatiin wal-qabatetu jira moo?

Haasaya hiriyyoota garii jiddutti gaggeeffame kan ijaarama afaan Arabbiffaa fi caaseffamni isaa hagam jajjaba, keessattuu osoo Islaamummaan hin dhufin dura yaada jedhurratti kan godhame ni yaadadha. Gaaffiin ijoon marii sanirratti kaafame, jiraattonni baadiyaa kanneen gar-gar faffaca'anii jiraatan

sunniin akkamitti afaan Arabiffaa kanaaf akkamitti gumaacha guddaa gumaachuu danda'an kan jedhuudha. Afaan Arabaa afaan baay'ee turaa fi seera eeggateedha; afaan jaarraalee hedduuf tureedha. Garuu afaannan baay'een waggoota hedduuf addunyaa moo'an kan akka *Laatinii* fi *Sinsikereetiyaa* badanii jiru. Kennaa addaa afaan Arabiffaa qabu kana hubachuuf, mee kalaqa Araboota Islaamummaan duraa kan bifa walalootiin qindaa'e kana haa ilaallu:

**من يسأل الناس يحرموه          وسائل الله لا يخيب**

Nama nama kadhate ni hoongessu, kan Allaah (Rabbiin) kadhate hin hoongayu

Walaleessaan walaloo kanaa *Ubeeyd bin Al-Abras Al-Asadii* jedhama. Walaloon tun tan yeroo Jaahiliyyaa jaahiliyyaa ykn wallaalummaa (dhufiinsa Islaamaatiin duraati). Walalooon tun hiika guddaa uf keessaa qabdi; innis haala nama namatti hajamuu fi haala nama harka gara Rabbii isaatti olfuudhuu wal-maddii qabuun agarsiifti. Manni walaloo kanaa bifa salphaa ta'etti kan addaan qoodameedha. Mormitoonni gariin walaloon kun mana hin dhayu jedhu.

Mana dhayuu dhabuun walaloo kun, walaloon Araboota biratti turee kan eegale tahuu agarsiisa, kan gadaa jaahiliyyaa ykn wallaalummaa tahuusaas raggaasisa; yaada namoota abbaan walaloo kanaa kan nama biraa fudhatee kiyya ufiin jedhe jedhaniis hundaan dhaya. Akkamitti namni kan nama biraa fudhatee mana dhayuu walaloo saniis taatu osoo addaan hin baafanne dhiisa?

Kitaabonni seenaalee hedduun walaleessitoonni gadaa Jaahiliyyaa (gadaa Islaamummaan duraa) baay'inni isaanii danuu ta'uu ibsu. Gosti hunduu, inumaayyuu balballi gosa hundaatuu adda addaan walaleessitoota ciccimoo gahee hawaasummaa jajjaba taphatan qabu. Isaan kunniin gahee jireenyaa guddaa tahe bayatu; innis, gosa biraatti uf dhaaduu (boonuu); yaada isaanii irratti walaloon deebii kennuu, arrabsuu fi waan gosti isaa qabdu gaggaarii walaleessuu fa'a. Gabaabumatti gahee yeroo ammaa sabaa himtoonni hawaasaa taphatan kana taphatu jechuudha.

Namoonni kunniin eessa akka deemanii fi walaloon Arabaa hedduun garam akka bade beekuuf, waan *Umar bin Al-Khaxxaab* jedhe kana haa ilaallu mee: "Walaloon saayinsii jedheeti (kan afaaniin odeeffamu) ture. Araba biratti beekkumsi walaloo caalaa sirrii tahe hin jiru. Amantiin Islaamaa dhufee jennaan Araboonni walaloo kanarraa waan biraatiin kan akka: Jihaadaa, Faarisootaa fi Roomaanota loluutiin dagaman. Eega namni Islaamummaa seene baay'atee, biyyoonni hedduun Islaamummaa fudhatanii, Araboonni tasgabbii argataniin booda gara walaloo isaanii irra deebi'anii too'achuutti deebi'an. Si'a kana wanti galmaayee lafa jiru ykn kitaabni qophaaye wayiituu hin turre. Eega namni du'e du'ee kan ajjeefame ajjeefameen booda haguma beekan walitti qabanii, walaloon baay'een jalaa bade haguma xinnoo irraa sammutti qabatan".

**Qabxii jalqabaa-** akkuma walaloo irraa arginu kana, afaan Arabiffaa irraa bu'aan isaa kan jalqaba argine akka ibsutti,

afaan seera isaa eeggatee fi afaan guddateedha. **Qabxiin lammataa** immoo hog-barruun gadaa Jaahiliyyaadhaa hundinuu afaan Arabiffaa tokkichaan dhiyaatuu isaati. Namoonni nuti Araba ufiin jedhan kan Kaabaa fi Kibbaas, kan hundeen isaa *Qahxaanii* fi kan *Adnaanis* afaan tokkicha kanarratti waliif galan. Kana jechuun, amantiin Islaamaa dhufuun duratti hog-barruun afaan uf danda'e irratti gadi dhaabatuu isaati. Afaan sunis naannoo adda ta'e ibsa, mallattooleen naannoo saniis keessaa mul'ata. Kanuma waliinuu afaan sun beekkumsa walii galaa kan Araboota hunda biratti lafa qabate irraa dubbata. Kana hubachuuf, mee walaloo *A'ashaa Qeeys Al-Bakrii* tana haa ilaallu:

*Akka waan deemsi isiin mana ollaa irraa deemtu*

*Akka deemsa duumessaa kan ariitii fi rincicni keessa hin jirre*

Walaloon kun, dubartii furdoo deemtu ibsa; deemsa isiis duumessatti fakkeesse. Duumessatti fakkeessuun kunis hiika dhokataa uf-keessaa qaba. Innis, nama baadiyaa biratti roobaa fi toltuu hunda baatee akka dhufuuf jecha duumessa eeguu agarsiisa. Duumessatti fakkeessuun kun ibsa suutaa fi rincicaa uf keessatti hammata. Akkasumas keessoo isaatti haala qilleensa baadiyaa gammoojjiis hammata. Afaan hog-barruu kun, walaleessitoota hunda birattuu ergaa gahaa dabarsa. Ergaa isaanii sanirraa akkaataa isaan hawaa kana itti hubatan bifa irra deddeebii qabuun argina. Kana irratti *Xarfatu bin Al-Abdi* walaleessaan jedhamu akkana jedhe:

*Halkan hundaa jireenyi qabeenya guddaa tahuu arga*

*Guyyootaa fi waggoonni hedduunis dabran qabeenyi sun hin dhumatu*

*Waan ati ammatti wallaalte guyyoonni dhufan siif ibsuuf jiran*

*Nama ati oduu bira hin kaayatintu oduun sitti dhufa.*

Ilaalcha Araboonni durii osoo Islaamummaan hin dhufin hawaaf qaban, kan haala qilleensa isaanii kan gammoojjii ittiin ibsatan, kan uumama Rabbii ittiin xiinxallan kan armaan olitti walaloo isaanii irraa argine kana ilaalcha Rabbitti amanuuti jennee yaamna. Ilaalchi iimaanaa kun, walaleessitoota gosa heddurraa dhufaniif, wabii (refrence) tahaaf. Kanaafuu bu'uurri isaa tokkicha. Loqonni afaan Arabaa gargar tahus, inumaayyuu odoola Arabaa keessatti afaanonni hedduun jiraatanis, garuu afaan hog-barruu (Arabiffi) loqodoota jiranii fi afaanota biraas injifatee argame. Kunis gama sadarkaalee afaanii hundaanuu isaan hafan caalee waan argameefi. Addummaan afaan kanaa tariitii hiika dhokataa gubbatti dabarsine qabaachuu isaatiin wal-qabachutu mala ykn hiikuma ifa jiruun kan wal-qabatu tahee garuu akkaataan qindeeffama jechoota isaa fi akkaataan itti sagaleeffamuu fi itti dubbatamu adda tahuu isaatiif ta'uun ni mala. Addummaa kanatu akka afaan kun loqodoota hunda injifatee argamu isa taasise.

Afaan tokko gahumsa cimaa qabaachuu keessaa amalli tokko seera isaa bifa eeggateen haala jiru waliin wal-simuu danda'uu isaati. Afaan Arabiffaa baay'ee cimaa ta'uu isaa kan agarsiisu, seera hima/jecha dursuu fi boodatti hambisuu qabaachuu isaati.

Kana jechuun seer-luga osoo hin eegne, akkaataa boca himaa jijjiiruu jechuudha. Inumaayyuu seer-lugni isaa kun duraaf duuba himichaa jijjiiruu waliinuu, gama hundee sagalee seer-lugatti nama akeektuu tiksuutiin cimina afaaniitiin kan wal-fudhatuudha. Yaada kana sirritti hubachuuf, haasaya wayii si'a tokkotti al-tokko wal-bira dubbachuun akka hin danda'amne beekamaadha. Kanaafuu furmaanni gariif dursi kennamee kuun itti aaneeti kan dubbiin guutuu ta'u. Jechi tokko akka jechaatti isa kaan dursee, inni kuun duubatti harkifatuu qaba wanti jedhu hin jiru, akka jechaatti hundinuu jechoota waan ta'aniif. Garuu kan tokko dursee isa kaan duubatti akka harkifatu godhu dhiibbaa wayiiti. Dhiibbaan sun yookii hiika kennuuf yaadame saniif taha yookii cimina afaanii kan ergaan sun bifa sammuu ergaan sun itti geeffamtuu biratti cimee akka mul'atuuf tahutu mala.

Suuraa Attoowbaa keessatti Rabbi akkana jedhe:

ٱتَّخَذُوٓاْ أَحْبَارَهُمْ وَرُهْبَـٰنَهُمْ أَرْبَابًا مِّن دُونِ ٱللَّهِ وَٱلْمَسِيحَ ٱبْنَ مَرْيَمَ وَمَآ
أُمِرُوٓاْ إِلَّا لِيَعْبُدُوٓاْ إِلَـٰهًا وَٰحِدًا ۖ لَّآ إِلَـٰهَ إِلَّا هُوَ ۚ سُبْحَـٰنَهُۥ عَمَّا يُشْرِكُونَ

﴿٣١﴾ **التوبة: *31***

*[Manakusootaa fi Qeeysota isaanii Rabbii gaditti Rabbiin godhatan, Masiih (Iisaa) ilma Maryamis (Rabbi jedhuun). Kan isaan itti ajajaman Rabbii tokkicha qofa gabbaruudha. Dhugaan gabbaramaan Isa malee hin jiru. Inni waan isaan Isatti dabalan sanirraa qulqullaayaadha] (Attoowbaa: 31).*

Keeyyata kana keessatti, Manakusoota, Qeeysotaa fi Iisaa Rabbiin godhatan jedhee walitti aansee hin finne. Kunis cimina

afaan Arabiffaa fi miidhagina isaa ibsa. Sababni walitti aansuu dhabeef, Manakusoonni fi Qeeysonni akka namoonni isaan gabbaran waan fedhaniif, nabi Iisaan immoo waan isaan isatti irkisan kanarraa qulqulluu waan ta'eef jecha addaan baasuufi. Kanaaf eega warra gabbaramuu jaalate dubbate booda. Iisaa ilma Maryamis Rabbi jedhaniin jechuun boodarra aanse. Himoonni bifa kanaan duraaf duuba eeggatanii caaseffamuun isaanii, seer-luga afaanichaa sirritti eeguu waliinis, himichis hiika haaraya dabalataa akka qabaatu taasise. Kana jechuun ijaaramni irra keessoo (sorgoon) jechootaa, ijaarama keessoo (hiika dhokataa ykn sookoo) himichaa irrattis dhiibbaa ifa galaa ta'e akka qaqqabsiisu godha. Amalli kun immoo amala addaa afaan Arabiffaa malee afaanonni biro hin qabneedha.

**Qabxiin Sadaffaan-** afaan Arabiffaa afaan qindeeffamni isaa sirritti cimaa ta'eedha. Ciminni qindeeffama isaa kunis sagalee, boca isaa kan adda ta'e fi haala wal-guutiinsa ijaarama moofrolojii (bocaa fi akkaataa itti barreeffamu), sagalee, akeekaa fi haala galumsaa keessatti ifatti mul'ata. Haala kanaan, yeroo hundaa haasaya Arabaa keessatti hidda walitti dhufeenyaa argina. Hundee hidda kanaa walaloo gadaa Jaahiliyyaa (gadaa Islaamummaan duraa) ykn kan eega Islaamni dhufee keessatti ykn Hadiisa keessatti ifatti argina. Mee walaloo *Al-Hasrii* tana haa xiinxallinu:

صنم للفتنة منتصب　　　　أهواه ولا أتعبده

Taabota balaaf dhaabbate , qalbiin kajeelus garuu isa hin gabbaru.

Kan *Shoowqii* kanas haa ilaallu mee

**ويقول تكاد تجن به فأقول وأوشك اعبده**

Ittiin maraatutti dhiyaatte jennaan, Isa gabbarutti dhiyaadhe jedheen

Kanarraa wanti hubannu, walaloo lameenuu keessatti taabota gabbaruun dhoorgamaa ta'uudha. Kan duraa keessatti *Al-Hasriin* taabota ni hawwa; garuu hin gabbaru. Kan lammataa keessatti *Shoowqiin* gabbaruuf taha; garuu hin godhu. Kanaafuu gaaffiin keenna qabxiilee sadan kanarraa ka'a. Bu'uurri Arabiffaa maali (kan Arabiffa isa godhu maali)? Kan Islaamawaa isa godhu hoo? Maaliif aartiiwwan afaan Arabaa irraa burqan hunduu aartii Islaamaaa jedhamu?

*Mahmuud Shaakir* namni jedhamu kitaabasaa (*Risaalatu fi Axxariiqi Ilaa Saqaafatinaa-Ergaa karaa beekkumsa keenyaa keessatti*) jedhamu keessatti akkana jedhe: "Mataan (fiixxeen) aadaa hundaatuu akka hiika walii galaatti amantiidha. Innis uumama namni irratti uumameedha. Abaabayyoonni keenyaa fi nuti Araboonni fi Muslimoonnis bu'uura kanaaf itti dhimmama guddaa ummatoonni biraa waan isaaniitiif hin kennin kennineefii jirra".

Bu'uura kana hubachuuf mee walaloo Ibnu *Zeeyduun* kan inni yeroo jaalallee isaa irraa yoo fagaatu jedhu kana haa ilaallu.

ودع الصبر محب ودعك ذائع من سره ما استودعك

يقرع السن على ان لم يكن زاد في تلك الخطا إذا شيعك

يا أخا البدر سناء وسني        حفظ الله زمانا اطلعك

ان يطل بعدك ليلي فلكم        بت اشكو قصر الليل معك

Walaloo kana irraa kan arginu, walaleessaan kan gochi irratti raawate (innis obsa), gocha raawwataa (jaalataa) dura dursee kaaye. Kunis baay'ee nama san yaaduu isaa agrsiisuuf qofa osoo hin taane, raawwataan gochaa kan hin ibsamin/kan hin beekamne waan ta'eefi. Haga tokko keessoo keessatti jechi wal-faallessaadha; akkaataan inni itti fayyadame sunis namni jaalatame sun hagam takkaa jaalatamaa fi jaalattoota hundaaf iddo bu'ee rakkoo akka ta'e agarsiisa.

Keessi isaa gubachuu fi gaddi itti dhagayamuu waliinuu, garuu iimaanni jaalalaa keessa seenee, namni jaalataan sun nama jaalatu kan goobana addeessaatti isa fakkeesse san akka Rabbi isaa fi bara inni keessa dhalates tiksu kadhataaf. Walaleessaan kun sababa jaalalleen isaa gara iddoo biraatti jijjiiramuu irratti gubata keessa isaa jiru yeroo ibsu, jaalallee isaa san akka qaama hawaatti fudhachuun, inni goobana addeessaati, halkan isa waliin yoo turan namatti gabaabbata, gaafa inni hin jirre halkan dheeratee sila hin bariituu nama jechisiisa. Walaloon gubata hiriyyaan nama biraa deemuu ibsitu tun, akkuma walaloodhan gadaa wallaalummaa keessatti arginee san hundee waliinii qabdi. Hundeen kunis, Toowhiida (Tokkichummaa Rabbiiti).

Bu'uurri Arabiffaa tokkichummaa Rabbiitii fi Isatti amanuudha. Akka yaada keenyaatti –dhugaa jirtu Rabbitu beekaa- hundeen bu'uura waliinii kun sadarkaa adda adda

ta’een afaan Oormaa -Saam kan hundeen afaan Arabiffaa itti deebi’u san keessatti ni argama. Warraaqsa *Iktaanoon* kan yeroo jalqabaatiif addunyaa hundaaf Rabbiin jiru tokkicha qofa jedhee lallabe irraa kaafnee amantiiwwan tokkichummaa Rabbiitti yaaman osoo ilaallee, afaan warraaqsa kan ibse *Heeroogiloofii* ammayyaa kan barreeffama qofa osoo hin taane afaan uf danda’e ta’ee argame kana. Heroogiloofiin kunis hundeen isaa afaanuma Ormaa kan afaanota *Saam* sanitti deebi’a. Bifuma kana fakkaatuun, amantiin Yahuudotaa fi Kiristaanotaas afaan *Ibrii* fi *Araamiyaa* kan bu’uurra jara lameeniituu *Saam* ta’een ergaa dabarfatu.

Ummanni Gibxii fi Araboonni biraas afaan Arabiffaa akka afaan isaanii kan bu’uuraatti fudhatanii, afaan isaanii kan jalqabaa dhiisuun isaanii sun afaan Arabiffaa fi afaanonni Saam kan biroo hunduu ormatti kan deebi’an ta’uu ragaa ifatti agarsiisuudha. Kanaafuu ummatoonni kunniin Arabiffa ufitti fudhatanii jiru. Hundeen kun immoo ifatti kan mul’atuu fi afaanota ormaa birootiin yoo wal-maddii qabamu, guddachuu fi seeronni isaa jajjabaachaa dhufuun ifa galaadha.

Qur’aanni kabajamaan afaan Arabiffaatiin buufame. Kana jechuun Qur’aana qayyabachuun, jechootaa fi akkaataa qindeeffama afaan Arabiffaa beekuun waliin hidhata guddaa qaba. Kanaafuu ergaa Qur’aanaa hubannu homa fedhe yoo tahes, hiika jechi sun afaan keessatti qaburraa fagaachuun waan hin malle. Sababa kanaaf jecha, qayyabannaa hiikkaa Qur’aana keenyaa cimsachuuf jecha asoosama Araboota gadaa wallaalummaa baranna. Akka *Sheek Muhammad Al-Gazaaliin*

ibsutti, qayyabannaan hiika afaaniitiin wal-faallessu hunduu kan fudhatama hin qabneedha.

Qur'aanni jecha Rabbii kan Rabbi biraa bu'e ta'uu fi tokkichummaa Rabbii barsiisuu bifa baay'ee hubatamaa fi ibsa ifa galaa ta'een kan kaaye ta'uun isaa shakkii tokkos hin qabu. Kanaafuu, akkuma gubbatti ibsine, Qur'aanni aartiiwwan Arabaa hundaafuu fakkeenya isa bu'uuraati. Keessattuu aartiiwwan afaanii bocuu keessatti, Qur'aanni fakkeenyummaa isa bu'uuraati.

Kana jechuun, aartiiwwan afaan Arabiffaa irratti irkatanii jiran, kanneen gama afaan kanaatiin ala mul'achuu hin dandeenye, kanneen humna isaanii fi qalbii namaa hawwachuu danda'u afaan kanarraa argatan. Bu'uurri isaanii afaan kana waan ta'eef, aartiiwwan amaloota/gosa akkanaa qaban kanniin afaantu isa daangessa waan ta'eef, kanaafuu gosa qooda uf danda'ee ta'uu ni danda'a. Kanaafi gosoota aartii akkasii san wanti aartiiwwan afaanii jennee moggaafneef.

Akka qoodiinsa keenyaatti, aartiiwwan afaanii kun gosa lamatti addaan qoodamu. Innis, aartiiwwan jechaa kan akka walaloo, seenaa nama tokkoo guututti irraa barreessuu fi kkf. Aartiiwwan kunniin yeroo garii aartii dubbifamuu fi kan gurraan dhageeffatamuudha. Aartiin lammataa aartiiwan kobbeen barraayan. Meeshaan aartii kana galmeessuuf oolu shoora guddaa qaba; meeshaan kunis kobbee (qalama). Meeshaa kana Rabbi maqaa Isaatiin kakatee, si'a lama Qur'aana keessatti waa'een isaa dubbatame, inumaayyuu suuraan tokko maqaa isaatiin yaamame. Araboonni qalama

kanatti fayyadamuun aartii amala addaa qabu kalaqan. Aartiin kunis aartii barreeffama Arabiffaati.

*Lityootoos Borkaas* namni jedhamu, qorannoo mata duree '*Afaan Aartii Islaamawaa Waaltawaa'* jedhuun gaggeesse keessatti, bu'uurri Araboonni ummatoota *Saamii* kanneen amantii Islaamaa qabatan hunda waliin ittiin walii galuu danda'an afaanii fi amantiidha jedha. Qorataan kun, barbaachisummaa cimina afaan Arabiffaa, ol'aantummaa inni afaanota biraa irratti qabu, amaloota aartiin Arabiffaa adda ittiin ta'an kan akka deddeebi'iinsaa fi sagaleef tooniin walsimachuu fi amaloonni kunniin walaloo keessatti akkamitti ifatti akka mul'atanii fi cufuma haala jireenya Islaamaa fi Arabaa irratti jijjiirraa/dhiibbaa akkamii akka fiduu danda'an dubbatee jira. *Boorkaat* cimsee kan dubbate 'Muslimoonni ummatootaa fi biyyoota gurguddoo qaroominaan isaan caalan hunda cabsanii qabachuu kan danda'aniin afaan kanaani' jedha. Qarummaan/jajjabinni afaanii kan jiru afaan kun afaan kabajamaa, afaan Qur'aanaa fi wahyii (ergaa hafuuraa) ta'uu isaatiini jedha.

*Boorkaat* qorannoo biraa mata duree '*Barreeffama Arabiffaa'* jedhu keessatti, seera sagalee kan barreeffamni Arabiffaa irratti ijaarame, akkamitti barreeffamni afaan Arabiffaa bareeduma bociinsa qubee fi tooniin wal-gituu akka danda'e, dandeettii addaa kan inni qabu maal akka ta'e, gahumsi addaa kan inni boca qubeelee fi hiikkaa jechaa walitti qabuuf qabu maal akka ta'e dubbatee jira. hundeen barreeffama Arabiffaa qubeelee Beenxii fi Seryaan irraa fudhatame jedha.

Namni *Antonii Welson* jedhamu akkana jedhe: “Barreeffamni sarara ijoo aartiiwwan Islaamaati, akkuma fakkiin Iisaa Kiristaanotaaf iddo-bu’ee, barreeffamni Arabiffaas iddo-bu’ee aqiidaa Islaamaati”. Qorataan kun barreeffamni Arabiffaa kun Siryaanii fi Beenxirraa akka fudhatamee guddataa dhufee fi meeshaalee barreessaaf itti fayyadamamaa turanis dubbatee jira. akkasumas barreessitoota ciccimoo kan akka: Ibnu Maqlaa, Hilaal fi Yaaquut fa’as tarreessee jira. Akkasumas cufuma biyyoota Islaamaa hunda keessatti gosoota barreeffama Arabiffaa jiranii fi fakkeenyota isiis dubbatee jira.

*Ibnu Kulduun* afaan Arabaa bakka lamatti qoodama jedha. Innis: walaloo fi hololoodha jedha. Walaloon kan mana dhayu yoo tahu, hololoon immoo haasaya gaggaarii ergaa bareeda qabdu kan mana dhayuu fi dhiisuun dirqama irratti hin ta’ini. Qur’aanni immoo qoodiinsa kanaan ala, inni keeyyatoota waan hunda addaan babaaftee hiiktuudha jedha. Tooftaalee addaa kan dubbii gaggaarii ittiin dubbatan, haasofni gaariin kennaa Rabbii kan tahee fi leenjii akka barbaachisu, kan irratti leenji’amuu qabus jechoota malee hiikkaa isaanii akka hin taane dubbatee jira. Sababni isaas, hiikkaan waan keessoo (dhokataadha), garuu jechoonni barumsaa fi leenjii barbaada.

*Al-Gazaaliin*, walaloon gaariin isaa gaariidha, fokkisaan isaas fokkataadha jedhe. Namni tokko hojii isaa walaloma qofa godhachuun xiqqeenya jedhe. Kanarratti ragaa hadiisota Ergamaa Rabbii ﷺ fi ijjannoolee taabi’ootaa (warroota gadaa Rasuulaatti aananii dhufan) fidate. Garuu akka Ergamaan Rabbii ﷺ walaloo dhageeffatan raggaasisee jira. Ragaa isaan

dhageeffachuu irratti jecha isaanii “*Inna Min Ashi’ir la hikmah*” – walaloon gariin ergaa gaarii qabdi” jedhu dhiyeeffate. *Al-Gazaaliin* walaloon rakkoodha jedhee fudhata; garuu isa keessa gaariinis jira; fokkisaanis ni jira; kan dhoorgamaa ta’es kan jaalatamaa ta’es ni jira jedha.

Walaleessaa biyya *Andalus* kan baay’ee beekamaa tahe *Jaaduk Al-Geeysi* kan jedhamu, afuura Andalusiin qanani’uu isaa, ilillii isiitiin moo’atamuu isaa, qaroomina biyyattii kan garmalee babal’ate keessa jiraachuu isaa, isaa fi namoonni akka isaa qananii cimtuu keessa akka jiraataa jiran irraa yeroo dubbatu akkana jechuun walaleesse:

**تبصر الورد غيور برما  يكتسي من غيظه يكتسى**

**وترى الآس لبيبا فهما   يسرق الدمع بأذني فرس**

Walaleessaan kun, ilillii isaan marsitee jirtu akka qaama isaan hordofu wayiitti ibse. Halluun rooziin yoo xiinxalline dallansuu ibsa malee qaanfii ykn barbadaa ibiddaa hin ibsu jedha. Walaloon tun nama mataa ufii qofa jaalatu, kan kophaasaa qanani’u, kan ufii fi hiriyyaa isaa malee homaa hin argine ta’uu isaa ibsiti.

Garuu walaleessaan biraa kan baay’ee bareedaa fi gara-laafaa ta’e, akka armaan gadii kanatti wanti Qur’aanni jedhe isa quuquu ibsata.

ما لقلبي كلما هبت صبا        عاده عيد من الشوق جديد

كان في اللوح له مكتبا        قوله إن عذابي لشديد

Qur’aana keessatti Rabbi ‘azaabni kiyya laalessaadha’ jedhee dubbate, walaleessaan kunis, sodaa kana ibsate.

Ammas aartiiwwan addaa afaan Arabiffaa kophatti qabu keessaa inni biraa, aartii namoota bebeekkamoo fi hooggantoota Muslimaatiif seenaa jireenya isaanii (biography) barreessuudha. Seenaa jireenyaa kanaaf haalli boca isaa, bara dhalootaa fi du’a nama sanii dubbachuu, amallanii fi naamusa gaarii namni sun ittiin beekkamu, seenaalee isaa, kitaabota, barreeffamootaa fi walaloodhan inni qopheesse, hojiiwwan inni hojjate fa’a tarreessuu. Aartiin seenaa jireenyaa kun aartii hundeen isaa kan Arabaa ta’ee fi gama gabaabinaa fi ijaarama/caaseffama isaatiin kan isatti fakkaatu afaanota biraa keessa hin jiru. Seenaaleen jireenyaa kunniin seenaa Ergamaa Rabbii ﷺ fi seenaalee Qur’aana keessatti dubbataman akka fakkeenya bu’uuraatti fudhachuun kan qophaayuudha. Yeroo baay’ee amallanii fi naamusa gaarii nama seenaan barraayuufi san ibsuuf, Hadiisota Ergamaa Rabbii ﷺ ykn keeyyatoota Qur’aanaatti gargaarsifatama.

# Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaa IIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaataniif barreeffameedha. Kitaabni xiqqoon tun qorannoowwan ilaalcha fi hubannoo islaamummaa irratti hundaa'uun kaa'amteedha. Asitti ilaalcha fi hubannoo haarawa kanaan dura turan hundaa fi hanga ammaatti turan kan dhimma halaalaa fi haraamaa qofarratti hirkatan osoo hin taane qorannoo bu'uuraa bareedinaa kan tahe, qoqqoodama haarawa ilaalcha aartiiwwanii fi hiika haarawa aartii jijjiiru danda'u arganna

Qorannoon tun safartuu kamiinuu warraaqsa beekumsa yookiin hiikkaa kan gaafiiwwan duraan turaan kallattiiwwan haarawaan adda itti baafamaniidha. Kan kanarra barbaachisaa tahe immoo, gaafiiwwanii fi rakkoolee yaadama (theory) haarawaa kanaan dura hin gaafatamin kaasti. Kunis walitti hidhamiinsa beekumsa aartii, jireenyaa fi aadaa dhala namaati. Hubannoo bareedinaa/miidhaginaa fi gaarummaa keessaan beekumsa/hubannaa diinii barbaaddi jechuudha

Qorannoon tun duraa qabee bu'uura adeemsa qo'annaa yeroo dheertuu fi bakkaa irratti kan ijaaramtee beekumsa warroota darban gaggarii irraa argattee irra deebiin mirkaneessite. Beekumsa kanas odeessitoota fi miidhagina walii gala isii uummata muslimaa obaasaa turtee, osoo bakka sanatti hin dhaabanne har'allee tan hin daangeffamneedha.

Qorannoon tun ilaalcha hubannoo/beekumsa islaamaa kan aartii dhageettii, argiinsaa fi afaanii moodeelii xiinxalaa gosoota aartii kanaa dhiheessitee jirti. Dubbisaan kabajamaan qorannoo hubannoo ilaalcha walabaa tanaa dhimma itti haa bahu.